



Barnoota Afaan Oromoo

Kitaaba Barataa



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-283-8

Gatiin: Qar. 24.00

Kutaa 12

Barnoota Afaan Oromo


Kitaaba Barataa

Ministeera Barumsaa Bara 2005



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Kutaa **12**



KITAABA KANAAF KUNUUNSA CIMAA TAASISI

Kitaabni barataa kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf gonfi.
2. Kitaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uun mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqood huma hanga barreeffama fulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

SEENSA

Afaan meeshaa wal-qunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jirenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaassaa bu'uureffata. Jiruufi jirenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiisa, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uun isaa dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, kitaabni barataa armaan dura bu'uura buusuurratti shoora ol aanaa kan taphate ta'ullee, hanqina tokko tokko akka qabu hubatameera. Kitaabni kun ammoo, amma danda'ametti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jirenya guyuu barattoota giddu-galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barataa waan ta'eef, atis haala qabatamaa naannoo keetiitiin waliin qabsiisuun ga'ee sirra eegamu taphachuun mirgaafi diqama keeti.



Barnoota Afaan Oromoo

Kitaaba Barataa

Kutaa 12

Qopheessitoonni:

Addunyaa Barkeessaa (MA)
Alaamirroo Kaasaahun (MA)
Tashoomaa Egeree (MA)
Taarreqeny Mokonnnon (MA)

Gulaaltonni:

Salamoon Gadaa (MA)
Tasfaayee Jimaa (MA)
Tashoomaa Taaffasaa (MA)

Madaaltonni:

Guutaa Fayyisaa (MA)
Hasan Waaqayyoo (BA)
Nagaasaa Hundee (MA)
Nuuriyaa Ibraahim (MA)



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa Bara 2005

Setting a New Trend in Book Publishing



Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaab-biilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kenna-manirratti hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaatalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareew-waniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwanifi fakkiiwanii, dokumentootaafi meeshaalee kan-neen biroo odeeaffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK

L.S.P. 12385 Kaampaalaa

L.bil. +256 414-269150

Toora intarneetii www.mkpublisher.com

Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-283-8

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa ken-namuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabani raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaarii-ta Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Wagga 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996(July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinayaadamin bira darbamaniif ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuuf qophaa'oodha.

BAAFATA

Fuula

Seensa	iv
Boqonnaa 1: Maalummaafi Amaloota Afaanii.....	1
Boqonnaa 2: Godaansa Uummataa	19
Boqonnaa 3: Beekumsa	27
Boqonnaa 4: Qaama Qaamaan Bakka Buusuu	39
Boqonnaa 5: Aadaa Fuudhaafi Heeruma Oromoo Gujii.....	49
Boqonnaa 6: Kufaatii Dinagdee Addunyaa	57
Boqonnaa 7: Harka Qullaa Kaatu Moo...?	71
Boqonnaa 8: Gabateerraad Odeeffannoo Dubbisuu	79
Boqonnaa 9: Og- Walaloo.....	89
Boqonnaa 10: Babal'ina Barnoota Olaanaa.....	97
Boqonnaa 11: Asoosama.....	105
Boqonnaa 12: Diraamaafi Asoosama	117
Boqonnaa 13: Tumaa	121
Boqonnaa 14: Seera Makoo Bil'ii	129
Boqonnaa 15: Haroo Wancii	143
Boqonnaa 16: Gumaan	153
Boqonnaa 17: Mootummaan Maalii?.....	159
Boqonnaa 18: Waaltina	165

Boqonnaa 1: Maalummaafi Amaloota Afaanii

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- maalummaafi amaloota afaanii addaan baafatta.
- jechoota fallaafi moggoo (hiika walfakkaataa qaban) galumsarratti hundaa'uun hiikta.
- bakkaafi akkaataa uumamsa dhamsagoota Afaan Oromoo ibsita.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

- A. Gaaffiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaatii dareedhaaf afaaniin gabaasaa.
1. Wal-qunnamtii dhala namaatiif gahee guddaa kan taphatu maali?
 2. Ameessi waatiitti mar'achuufi Caaltuun mucaa ishii waamuu maaltu adda taasisa?
 3. Namni haasa'ee osoo walii hingalu ta'ee maaltu ta'a jetta?
- B. Hiika jechoota kanaan gadii tilmaamaa.
- | | |
|-------------------|-----------------|
| 1. dachaa | 4. tasummaa |
| 2. bineelda | 5. aadaa faanuu |
| 3. gargarba'ummaa | |

**Gilgaala 2:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

- A. Keeyyata seensaafi goolabaa barreffama kanaan gadii ariitiin dubbisuun gaaffiiwaan itti aanan deebisi.
1. Afaan maali?
 2. Amaloonni afaanii kam fa'i?
 3. Afaaniifi hawaasni hidhata akkamii waliin qabu?

Maalummaafi Amaloota Afaanii

Hayyoonni garee adda addaa yeroo garagaraa keessatti afaaniif hiika kennanii jiru __ kennaas jiru. Afaan jirenya dhala namaa keessatti iddo guddaa waan qabuuf, waa'een isaa daangaa hubannoo namaatiin ol ta'u mala. Hayyoonni xinqooqaa (linguists) sagalee dubbiirratti xiyyeffachuun, afaan kan dhalli namaa sagalee dubbii walitti qindeessuun ittiin waliigalu waan ta'eef, meeshaa walta'iiti jedhu. Hayyoonni xinqooqa hawaasaa (sociolinguists) ammoo, afaan mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti jedhu. Kanneen walitti dhufeenna afaaniifi xiinqooqa aadawaa qoratanis (anthropological linguists) gama isaaniitiin afaan baattuu aadaa jedhanii hiikuu yaalu (Lyons 1981).

Akkuma dhala namaa, afaan isaa dhalachuun, guddachuufi du'u danda'a. Dhalachuun afaanii afaan duraan ture tokkorraa argamuu isaa yoo bu'uureffatu, ogbarruu garagaraa horachuun hawaasa biratti beekamuun ammoo, guddachuun isaatiin wal-qabata. Yoo namni afaanichaan afaan hiikkatu hinjirre ammoo, du'e jechuu dandeenya. Akka afaanii waan darbe tokko isa ammaatiin wal-qabsiisee isa dhufuuf qopheessuu kan danda'u meeshaan biroo hinjiru. Kanaafuu,

maalummaan afaanii daangaa, bakkaafi yeroo ce'ee deema jechuudha. Haata'u malee, aadaa hawaasa itti fayyadamuu afaanii afaanitti adda addummaa agarsiisa. Akkaataan inni itti hawaasa tokko keessatti tajaajilu isa afaaniifi hawaasa biraaraa adda. Adda addummaan kun gama uunkaafi gama hiikaatiin ta'u mala. Lamaanuu garuu caasaa qabu. Caasaan kun ammoo, seera ittiin bulu qaba. Caasaan afaanii seera dhabes hinjiru.

Afaan tokko keessatti caasaaleen of danda'anii dhaabbatan walitti dhufuu caasaa isaanirra guddaa tokko ijaarratu. Caasaleen kunneen ammoo, sadarkaa dhamsagaatii hanga sadarkaa himaatti jiraachuu danda'u. Kanaafuu, akka sagaloota lubbu-qabeeyyii biroo kan itti fufiinsa qabaniifi addaan citiinsa hinqabnee miti. Gama biraatiin, caasaaleen kunneen afaan tokko keessatii lakkofsaan murtaaawaa ta'anis dachaan tajaajiluun barreeffamoota hedduu ta'u. Caasaaleen kun ammoo seera ittiin to'ataman qabu. Kanarratti wanti addaan ba'uu qabu tokko afaan uumama isaarratti akka-feetee ta'e tokko itti fayyadamarratti seeraan buluu isaati.

Afaan tokko baruuf bakki guddinaa murteessaadha. Kana jechuun, daa'imni tokko bakka feetettuu haadhalattuu iddoo ishiin itti guddatte sun afaan baruurratti gahee guddaa qaba jechuudha. Kunis, aadaa keessatti guddatte san faana bu'uun kan geggeeffamu akka ta'e keeyyata olii keessatti ibsamee jira. Yaanni kun afaan hunduu kan barumsaan argamu ta'uua isaafi barumsichis karaa idileefi alidileen akka argamu nu hubachiisa. Afaan tokko akkuma baratamuu danda'u, jijiiramuus danda'a. Jijiiramni afaanii ammoo, jijiirama hawaasa kanneen akka siyaasaa, dinagdee, amantii, aadaafi wkf hordofa.

Hawaasni tokko afaan isaatiin naannoofi aadaa isa akka garaa isaatti ibsachuu danda'a. Afaan hawaasa kamiiyyuu dhimma hawaasummaa kanaaf ooluurratti hir'ina hinqabu. Kanarraan kan ka'e, afaan hunduu wal-qixa jechuu dandeenyaa. Kana jechuun ammoo, afaan tokko sagaloota, jechootaafi gaaleewwanii wkf qabaachuun isa biraan hincaalu jechuu miti. Walirraa ergifachuun kan jirus sababa kanaanidha. Ergifannaan amala afaan hundaati. Sababni ergifannaas, walitti dhufeenya hawaasaati. Biyyi namni tokko qofaan keessa jiraatuufi biyyi afaan tokko qofaan keessaatti dubbatamu hinjiru. Kun ammoo, akkuma walitti-dhufeenyi hawaasa jiru walitti-dhufeenyi afaanotaas jira jechuudha.

Walumaagalatti, afaan meeshaa wal-qunnamtii ta'ee kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti ba'udha. Kanarraan kan ka'e, amaloota garagaraa qaba. Amaloonni kunniinis dachummaa, baramuu danda'uu, ergifanna, uumamuu danda'uu, gargar ba'ummaa, jijiiramummaa, tasummaa, aadaa faanuufi wkf ta'u.

- B. Dubbisa kanaan oliirratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii yaada haqa hintaaneen "soba", kan haqa ta'een "dhugaa" jechuun deebisi.
1. Biyyi nam-tokko qofaan keessa jiraatu akkuma hinjirre, biyyi afaan tokko qofaan keessatti dubbatamu hinjiru.
 2. Afaan seeraan bula jechaa, tasa uumame jechuun wal-faallessu.
 3. Jijiiramni afaanii jijirama hawaasaa kan gama aadaa, amantii, dinagdeefi, siyaasaa bu'uureffata.
 4. Afaan hawaasa tokko naannoofi aadaa hawaasa abbaa afaan sanaa ibsurratti mudaan hinqabu.
 5. Akka amaloota afaaniitti, Afaan Arabaafi Afaan Oromoo wal-qixa .

C. Gaaffiiwan dubbisicha keessaa ba'an kanaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Akka hayyooni xinqooqaa jedhanitti afaan maali?
2. Hayyooni xinmaddaa(Anthropology) afaaniif hiika akkamii kennani?
3. Amalooni afaanii keeyyata 2ffaaa keessatti ibsaman kam fa'i?
4. Yaanni ijoo keeyyata 3ffaa maali?

D. Jechoota ykn gaaleewan 'A' jalatti dhiyaatan kanneen 'B' jalaa keessaa filachuun walitti firoomsi. Tokko ol walitti firoomsuun nidanda'ama

A

1. dhalachuu afaanii
2. guddachuu afaanii
3. du'uu afaanii
4. yoomessaan ala
5. aadaa faanuu afaanii
6. jijjiiramuu afaanii

B

- | | |
|---|--|
| A.namni afaanichaan afaan hiikkate dhabamuu | |
| B. ogbaruu garagaraa ofitti fudhachuun dagaaguu | |
| C. afaan dura hinjirre tokkorraa argamuu | |
| D. isa darbe kan ammaatiin waliin-qabsiisee isa dhufuuf kan qopheessu | |
| E. Oromoont 'dheeduu', Amaaraan ammoo, 'magaax' jedha. | |
| F. jijjiirama siyaasaa | |
| G. amala nam-tokkee qabaachuu | |
| H. Afaan Gaafaat | |
| I. ragada | |

- E. Gaafiiwwan kanaan gadiitiif hundarra deebii ta'a kan jettu filadhu.
1. Jecha amanamummaa jedhu keessatti dhamsagni /a/n si'a sadii irraa deddeebi'amtee galte. Kun amala afaanii keessaa isa kam bakka bu'a?

A. Dachummaa	B. Tasummaa
C. Tokkummaa	D. Jijiiramummaa
 2. Kanneen keessaa amala afaanii kan hintaane isa kami?

A. Amanamummaa	B. Ergifannaa
C. Uumamuu danda'uu	D. Baramuu danda'uu
 3. Afaan hunduu wal-qixa yoo jennu, maal jechuudha?

A. Guddinaan sadarkaa tokorra jiru jechuudha
B. Naannoo hawaasichaa ibsuurratti wal-qixa jechuudha
C. Meeshaa wal-quunnamtiiti jechuudha.
D. Hunda
 4. Seerri caasaa afaan saba tokkoo,

A. Labsiidhaan ba'a
B. Hayyoottatu baasa
C. Akkaataa hawaasichi itti dubbaturraa madda
D. Akka feeteedha
 5. Afaan Oromoo keessatti gochimni yoo dhumarra dhufu, Afaan Ingilizii keessatti garuu gidduu gala. Kun amala afaanii isa kam bakka bu'a?

A. Afaan seera qabaachuu isaa
B. Afaan baramuu danda'uu isaa
C. Afaan guddachuu isaa

- D. Afaan akkafeetee ta'uu isaa
- 6.** Afaan tokko baruuf murteessaan
- A. Bakka guddinaa
 - B. Bakka dhalootaa
 - C. Baay'ina uummataa
 - D. Hunda
- 7.** Akka afaanii waan darbe tokko isa ammaatiin walitti hidhee boriif ka-roorsuu kan danda'u hinjiru. Kun amala afaanii isa kam bakka bu'uu danda'a?
- A. Gargarba'ummaa
 - B. Baramuu danda'uu
 - C. Guutuu ta'uu
 - D. Yoomessan ala ta'uu
- 8.** Kanneen keessaa kamtu sirriidha?
- A. Seerri afaanota guddatanii kan warra guddachaa jiranii caala.
 - B. Afaan barumsaan argama jechuun bakka dhalootaatu murteessa jechuudha.
 - C. Afaaniifi hawaasni wal-malee jiraachuu hindanda'an.
 - D. Hunda
- 9.** Dubbisa olii keessatti naannoofi aadaa hawaasaa ibsuurratti afaan tokko guutuu ta'uufi ergifachuun amala afaanotaa keessaa isa tokko ta'uu isaa keeyyanni ibsu isa kami
- A. 2ffaa
 - B. 3ffaa
 - C. 6ffaa
 - D. 5ffaa
- 10.** 'Afaan baattuu aadaati,' kan jedhan
- A. Hayyoota xiinqooqaa
 - B. Hayyoota xiinmaddaa
 - C. Hayyoota xiinhawaasaa
 - D. Hayyoota xiinnaannoo

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

- A. Gaaffiiwan armaan gadii hubannoo barreeffama olitti dubbisterraad argatteefi beekumsa waliigalaa keerratti hundaa'uun deebisi.
1. Afaan meeshaa wal-qunnamtiiti yoo jennu meeshaan wal-qunnamtiit hundi garuu afaan ta'uun danda'a? Maaliif?
 2. Afaanoni sadarkaa guddinaatiin wal-caalu. Afaan hunduu wal-qixa kan jedhu ammoo seera afaaniiti. Isa kana akkamitti ilaalta?
 3. Afaan seera qaba; akkafeeteedhas. Yaadoleen kunneen lamaan wal-faallessuu? Maaliif?
 4. Namni tokko biyya Oromootti dhalatee Gondoritti yoo guddate Afaanota biyya keenya keessaa isa kamiin bara jettee yaadda?
- B. Afaan Oromoo jechoota kanaan gadii afaanota inni irraa ergifate jalatti ramadi.

chaappaa	shiinii	firii	kitaaba
shamizii	kootii	macaafa	teelevijjiinii

Afaan Amaaraa	Afaan Ingilizii	Afaan Arabaa	Afaan Xaaliyaanii	Afaan Faransaayii

Sababa ergifannaa jechoota kanaas, bakka duwwaa kanaan gadiirratti barreessi.

- (a) _____
- (b) _____
- (c) _____

Barannoo 2: Jechoota



Gilgaala 4

Shaakala Hiika Jechootaa

- A. Keeyata kanaan gadii keessatti jechoota gurraacha'anii dhiyaataniiif hiika galumsaa addaaan baasi

Jiruufi jirenya dhala namaa keessatti **golli** afaan keessa hinseenne waan hinjirreef, **hinkoon** inni qabu guddaadha. Bu'uuruma kanaan, afaan amaloota garagaraa qabaachuu danda'a. Amaloonni kunneen **mataa mataatti** kan of danda'an jechuun **sakatta'uun dhibaa** ta'ullee, wal-hidhiinsa qabaachuu isaanii agarsiisuun **danqaa** hinta'u. Amalli afaanii amala hawaasaa faana bu'uun jirenya guyyuu **milkeessa; labata** haaraa **qara**; hojii **dharaatti** ammoo, **gufuu** ta'aa deema. Kanaafuu, afaan hawaasa; hawaasnus afaan isaati jedhama.

1. gola _____
2. hinkoo _____
3. mataa mataa _____
4. **sakatta'uu** _____

5. dhibaa _____
6. wal-hidhiinsa _____
7. danqaa _____
8. faana bu'uu _____
9. milkeessa _____
10. labata _____
11. qara _____
12. dhara _____
13. gufuu _____

B. Jechoota kanaan gadiitiif faallaa isaanii barreessi.

- | | | |
|-------------|-----|----------|
| 1. gale | 2 | dur |
| 3. dheeraa | 4. | iijaare |
| 5. aijeeese | 6. | irra |
| 7. doomaa | 8. | haphii |
| 9. fayyaa | 10. | balashee |

C. Jechoota armaan gaditti tarreeffamaniif fakkeenya dhiyaterratti hundaa'uun moggoo (hiika wal-fakkeenyaa) isaanii barreessi.

Fkn. eegale = jalqabe

deggere = utube, tumse

1. kute _____
2. hiraarse _____
3. hongee _____

4. calala _____
5. waadaa _____
6. diddaa _____
7. rakkina _____
8. mankaraare _____


Barannoo 3: Sagaleefi Dhamsaga



Gilgaala 5

Shaakala Sagalee Dubbifamaafi Qaamolee Dubbii

Fakkii qo'achuu



A. Qaamolee fakkii oliirratti xiyyaan agarsiifaman bakka duwwaa kanaan gadiirratti tarreessi.

1. a_____

2. b_____

3. c_____

4. d_____

5. e_____

6. f_____

7. g_____

8. h_____

9. i_____

10. j_____

11. k_____

12. l_____

13. m_____

B. Qaamolee (A) jalatti tarreessite kan a'oo olaanuifi a'oo gadaanuu keessatti argaman addaan baasi.

Qaamolee a'oo Olaanuu

Qaamolee a'oo Gadaanuu

1. _____

2. _____

3. _____

4. _____

5. _____

6. _____

7. _____

C. Fakkicharratti hundaa'uun kutaalee arrabaa bakka duwwaa kanaan gadiirratti barreessi.

1. _____

2. _____

3. _____

4. _____

D. Dhamsagoota kanaan gadii dhuunfaan sagalee ol fuudhuun erga dubbisanii booda eessatti akka uumaman bakka duwwaa kennamerratti barreessi.

1. /b, m, w/ _____

2. /d ,n, t, s, z, r, l, x/ _____

3. /j, c, y, ch, sh, ny _____
4. /g, k, q/ _____
5. /h, ?/ _____

E. Amala dhamsagoota dubbifamaa kanaan gadii ibsi. Akkaataan ati itti ibsitu siif jalqabamee jira.

/b/ hidhlamee, cufaa, xiixaa, gara diidaa

/c/ laagee, rigduu, dhootuu, mixxiixaa, gara diidaa

/d/ _____

/f/ _____

/g/ _____

/h/ _____

/j/ _____

/k/ _____

/l/ _____

/m/ _____

/n/ _____

/q/ _____

/r/ _____


/s/ _____

/t/ _____

/w/ _____

**Gilgaala 6:****Shaakala Sagalee Dubbachiisaafi Qaamolee Dubbii****Fakkii qo'achuu****A.**

fuulduura			walakkaa		duuba	
ol	i	ii			uu	u
giddu	e	ee			oo	o
gadi			a aa			

B.

- A. Gabatee dubbachiisaa armaan oliirratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aanan deebisi.
1. Sagalee dubbachiisaa jechuun maal jechuudha?
 2. Maaliif dubbachiisaa jedhamani?
 3. Dubbachiiistota kamfaa beektu?
 4. Dubbachiiistonni Afaan Oromoo maaliin dubbifamaarraa adda ta'u?
- B. Dubbachiiistota kanaan gaditti dhiyaatan amala isaanii sochii arrabaarratti hundaa'uun addaan baasi.
1. /a/fi /o/
 2. /u/fi /e/
 3. /a/fi/e/
 4. /a/, /o/fi /u/
- C. Fakki (B) jalaarratti hundaa'uun amala dubbachiiistota Afaan Oromo kanaan gadii addaan baasi. Deebii kee Mallatoo (x) kanaan agarsiisi.

Roga hidhii

dubbachiisaa	amartee	diriiraa (mit-amartee)
a		
e		
i		
o		
u		

- D. Amala dubbachiiistota olitti addaan baasterratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii deebisi.
1. /a/fi /e/n maaliin adda ta'u? Maaliin wal-fakkaatu?
 2. Amalli /o/fi/u/ tokko taasisu maali?
 3. Dhamsagoonni /a, e, i/fi /o, u/n maaliin tokko ta'u?

E. Fakkeenyaafi shaakala hanga ammaatti dhamsagoota Afaan

Oromoorratti taasisterra ka'uun gaaffiiwwan hubannoo kanaan gadii deebisi.

1. Garaagarummaafi tokkummaan dhamsagoota dubbifamaafi dubbachiiisa maali?
2. Dubbachiiisan sagalee mataa isaa qaba; dubbifamaas nisagaloomsa. Jechoota yaadolee kana lamaan walitti qaban fakkeenya fudhachuu ibsi.
3. Afaan Oromoo dubbachiistota hinqabu osoo ta'ee maaltu ta'a jetta?



Gilgaala 7

Shaakala Dhamsagootaa

- A. Gaaffiiwwan kanaan gadii ulaagaa dhamsagaarratti hundaa'uun deebisi. fakkeenya kennames hordofi.**

Fkn /Sh/

/n/		<u>bishaan</u>	nama
		<u>Shan</u>	maña

Fakkeenya kana keessatti /n/fi /sh/n jalqabaafi gidduu jechaarratti galanii jiru. /sh/n garuu dhuma jechaarratti hinargamu. kun ammoo, ulaagaa faca'iinsaa keessaa isa tokkoo. Faca'iinsi ammoo wal-didaa (contrastive), wal-deggeraa (complementary) ykn walaba (free variation) ta'uu mala.

/f/	/b/ ,
/k/ ,	/t/ ,
/r/ ,	/g/
/w/ ,	
/q/ ,	

- B. Jechoota kanaan gadii keessatti dhamsagooni akka iddo tokko ga-luun jijiirraa hiikaa argamsiisuu isaanii bu'uureffachuu gaaffiiwwan itti aanan hojjedhu.**

Fkn. Mala /l/
 Mana /n/
 Mara /r/

- | | | | |
|----|---------------|----|--------------|
| 1. | _____ /m: k/ | 2. | _____ /l: f/ |
| 3. | _____ /b: d/ | 4. | _____ /w:y/ |
| 5. | _____ /a: aa/ | 6. | _____ /o:oo/ |
| 7. | _____ /a:ee/ | | |

Ulaagaa faca'iinsaa wal-didaa, dhamsagoonni guutan tokko iddo tokko galuun jijiirraa hiikaa fiduu qabu.

Fkn	1.	arge	/e/ , /a/
		erge	
	2.	fure	
		mure	/f/, /m/, /t/
			ture

Akkuma fakkeenya kanarraa hubannu, dhamsagoonni tokkoo ol iddo tokko galuun hiika jechoota sanaa jijiiranii jiru. Ulaagaa kana warri hinguunne firsaga ta'uu danda'u. Firsagni ammoo, fira dhamsaga tokkooti malee ofii isaaniitii dhamsaga miti. Fakkeenyaaf, firsagni /n/ warra kanaan gadii ta'uu malu.



Dhamsagni /n/n bakka garaagaraa galuun bifa garaagaraa argate. Jechoonni gadii bakka firsagoota kanaa agarsiisu.

[nama]
 [bishaan]
 [mana]
 [gaanggee]

Barannoo 4: Barreessuufi Dubbisuu



Gilgaala 8

Shaakala Keeyyata Barreessuu

- A. Jechoota kennamaniin keeyyata itti aanu guutuu taasisuun barreessi.

wal-qunnamtii

wal-fakkaatu

hawaasummaa

tasummaa

gama biraatiin

dachaadhaan

guddachuu

Afaan hunduu meeshaa _____ waan ta'eef, amloota
_____ qabu. Isaan keessaa tokko _____ ta'a.

Yaanni kun moggaasarratti wanta mul'atuufi jecha wanticha bakka bu'e
gidduu firoommiin hinjiru jechuudha.

_____, afaan seera qabaachuun isaa _____ irratti
waan ta'eef, taasummaa isaa hinfaallessu. Amalli afaanii inni biraa
dachummaa yoo ta'u sagaloota jechootaafi himoota _____
itti fayyadamuu agarsiisa.

Afaan amala _____ qabaachuun isaas kan baramuufi
_____ faana guddachaa deemu ta'a.

- B. Jechoota 120-150 hincaalleen amaloota dhuunfaa Afaan Oromoo
barreessi.

Boqonnaa 2: Godaansa Uummataa

Kaayyoo:Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ergaa wanta dhaggeeffattee hubatta.
- odeeffannoo dhaggeeffachuurraa argatteen bakka duwwaa guutta.
- sababaafi bu'aa addaan baasta.
- maqaafi gosoota isaa balballoomsita.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuifi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Fakkii qo'achuu



A. Gaaffiiwan kanaan gadii fakkii olitti dhiyaaterratti gareen mari'achuun deebisaa.

1. Fakkii kanarraa maal hubatte?
2. Namoonni fakkicharratti mul'atan maal hojjechaa jiru?
3. Ati magaalaa moo baadiyyaa jiraatta?
4. Fakkicharraa akka hubattutti namoonni baay'inaan garamitti deemu?
5. Walaloon sirbaa kanaan gadii ergaa akkamii qaba?

Baadiyyaa biyya koo,

Biyya dhaloota koo,

Carraa hojiitiinii,

Sirraa fagaadhullee,

Sin dagadhu anii.

B. Hiika jechoota kanaan gadii gareen ta'uun tilmaamaa.

1. godaanuu,
2. mijaa'e
3. qaali
4. dhiibbaa

**Gilgaala 2****Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

- A. Amma barreeffama mata duree, 'Godaansa Uummataa,' jedhu jalatti dhiyaate, kan barsiisaan keessan isiniif dubbisu, dhaggeeffachuu jirtu. Innis si'a sadiiif isiniif dubbifama.
- Si'a duraa callisaan dhaggeeffadhaa.
 - Si'a lammataa gabatee armaan gadii guutaa dhaggeeffadhaa.
 - Si'a sadaffaa, sirriitti guutuu keessan mirkaneeffachaa dhaggeef-fadhaa.

Godaansa Uummataa		
Gosa Godaansaa	Sababa Godaansaa	Dhiibbaa Godaansaa
A. Gosa godaansaa gurguddoo lamaan 1. _____ 2. _____	A. Sababa biyyaa biyyatti godaanuu 1. _____ 2. _____	A Dhiibbaa biyyaa biyyatti godaanuu 1. _____ 2. _____
B. Godaansa biyya keessaa 1. _____ 2. _____ 3. _____ 4. _____	B. Sababa godaansa biyya keessaa (A) _____ (B) _____ (C) _____ (D) _____	B. Dhiibbaa godaansa biyya keessaa 1. _____ 2. _____ 3. _____ 4. _____
Godaantota		
A. Biyyaa biyyatti kan gudaanan 1. _____ 2. _____	B. Biyya keessatti kan godaanan 1. _____ 2. _____	

**Gilgaala 3****Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

- A. Gaaffiiwwan kanaan gadiirratti gareen mari'achuun karaa bakka bu'aa keessanii dareedhaaf gabaasaa.
1. Godaansa naannoo keetti beektu wanta dhaggeeffatteen wal-qabsii-suun ibsi.
 2. Godaansi uummataa barbaachisaadha moo miti jetta? Maaliif?
 3. Haalli godaansa uummataa Itoophiyaa keessaatti maal fakkaata? Eenyufaatu caalaatti godaanaa? Maaliif?
 4. Godaansa baadiyaadhaa gara magaalaatti taasifamu keessatti warri dargaggeeyyiin hunda caalaa kan godaanan maaliif sitti fakkaata?

Barannoo 2: Caasluga**Gilgaala 4****Shaakala Maqaafi Gosoota Isaa**

- A. Fakkeenya kanaan gadiirratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aanan keessaa maqaa addaan baasi.

Fkn.

1. Tufaan manneen lama ijaarrate.
2. Oromiyaan guddina misoomaatiin daran tarkaanfachaa jirti.

Himoota kana keessatti maqaaleen '**Tufaa, manneen, guddina fakkeenya, misooma, gaaffiiwwan, Oromiyaa** warra jedhan ta'u. Sababni isaa jechoonni kun akkaataa fufiilee fudhataniifi bakka galma isaaniitiin maqaa jala waan galaaniifi. **Oromiyaafi Tufaa** jechoonni jedhan bakka matimaatti matim-mul'istuu {-n} fufachuun mul'atan. **Guddina** kan jedhus {-ina} fufatee jira.

1. Utubaan manaa abbaa warraafi haadha warraati.
 2. Mootiin kabaja biyyaati.
 3. Godaansi uummataa baay'inaan gara magaalaatti
 4. Lafti magaalaa akka baadiyyaa bal'ina hinqabu.
 5. Qe'ee abbaa ofii dhiisanii gara biyya ambaatti godaanuun ga-dhummaadha.
- B. **Himoota kanaan gadii keessaa gosa maqaalee jala muramanii fakkeenya siif kenname faana bu'uun addaan baasii agarsiisi. Sababa kees ibsi.**

Fkn.

Namni gowwummaa qabu biyya isaa dhiisee godaana

Hima kana keessatti kanneen jala muraman maqaaleedha. Maqaalee kana keessaa namaafi biyya kan jedhan maqaalee durumaanuu afaanicha keessa jiran yoo ta'an, gowwummaa kan jedhu garuu adeemsaa yaasaatiin kan argamedha. Jechi 'gowwummaa' jedhu maqibsa gowwaa jedhuufi fufii {-ummaa} jedhurraa uumame.

Fufin kun ammoo, maqeessituudha. Kanaafuu, maqaalee uumamteefi maqaalee haadhoo jechuun gosoota isaanii addaan baasuu dandeenyaa jechuudha.

1. Hawaasni jabaatee hojjetu, baadiyyaa misoomsuun hiyyummaa hambisuu danda'a.
2. Dargaggummaan ijaarsa biyya ofiitiif hintaane gatii hinqabu.
3. Baadiyaatti xaafiin, qamadiiniifi garbuun callaa baay'ee barbaachisanidha.
4. Sireen teephaafi uffannii aadaaakkuma sreefi uffata ammayyaa qaroomina keessatti guddina agarsiisuu danda'u.
5. Guddina fageenyatti ilaalanirra abdii harka geesse wayya.

C. Jechoota kanaan gadii maqaa haadhoofi maqaa uumamtee jechuun gabatee kenname keessatti guuti.

mataa	addeenya	salphina
firooma		
saree	gamnummaa	arjummaa
ifa		
namooma	gargaarsa	gurmuu
godoo		
lafa	lola	ibsa
ilma		

Jechoota	maqaa haadhoo	maqaa uumamtee

Barannoo 3: Barreessuu



Gilgaala 5

Shaakala Sababaafi Bu'aa

Himooni kanaan gadii walitti dhufeenya sababaafi bu'aatiin ijaaraman qabu.

Fakkeenya siif kennameerratti hundaa'uun addaan baasii agarsiisi.

Fkn.

- Tolaan hojii barbaacha maatii isaa dhiisee magaalaatti gale.

Sababa: hojii barbaaduu

Bu'aa: maatii dhiisuu

Magaalaa galuu

2. Tolaan hojii barbaacha magaalaa Baddelleetti galee osoo mana na-maatii daadhii gurguruu, hiriyootaan walolee mana hidhaa seene.

Sababa: { hojii barbaaduu
Waan hojjetu dhabuu
Hiriyootaan walloluu

Bu'aa: { magaalaa Baddelleetti galuu
Daadhii namaan gurguruu
Mana hidhaa seenuu

3. Humni callaa oomishu dhabamnaan midhaan nyaataatiin of dadhabuutu dhufa.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

4. Namoonni magaalaatti baay'anaan jireenyi magaalaa qaala'uun man-dhee hattootaafi saamtota ta'a.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

5. Godaansi baadiyyaadhaa gara magaalaatti taasifamu humna callaa oomishu yoo hir'isu, kun ammoo beelaaf sababa ta'uun guddina boo-datti harkisa.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

6. Gulummaan maatii isaatiin wal-dhabee gara magaalaa Naqamtee

miillaan deemaa osoo jiruu gufatee kufuun miilli isaa cabee deemuu dadhabee muka jala bule.

Sababa: _____

7. Yoo namoonni baay'inaan gara magaalaatti godaanan baay'inni uum-mata baadiyyaa xiqlaachuu misoomni baadiyyaa kufa.

Sababa: _____

8. Jabaatanii hojjennaan magaalaattis ta'ee baadiyyaatti jirenya ofii fooyeffachuu wantoota magaalaa jiran hundumaa baadiyyaadhaa qabaachuun nidanda'ama.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

9. Baadiyyaan misoomnaan magaalaan misoomuu waan dandeessuuf, mootummaan dursa baadiyaadhaaf xiyyeffannoo kennee jira.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

10. Quufan malee hinutaalan; utaalan malee hincaban.

Sababa: _____

Bu'aa: _____

Boqonnaa 3: Beekumsa

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo dubbisichaa addaan baasta.
- jechoota walitti fiduun diigala ijaarta.
- dabreenaa, tarsiqaafi raawwima dabreenaa himoota keessatti fayyaamta.
- hiika jechootaa akka galumsaatti tilmaamta.
- gaaleefi miseensotaa gaalee balballoomsita.
- ergaa mammaaksaa qaaccessita.

Barannoo 1: Dubbachuuifi Dubbisuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

- A. Muuxannoo keerraa ka'uun gaaffiwwan kanaan gadii gabaabsii deebisi.
1. Nama naannoo keetti 'beekaa' jedhamu agartee ykn dhageessee beektaa? Yoo beekte maaliin beekaa jedhame?
 2. Bonniifi ganni, birraafi arfaasaan wal-jijiiranii dhufuu isaanii maaliin beekta?
- B. Hiika jechoota kanaan gadii tilmaami.
1. bitaa galuu
 2. xurree
 3. yaaxxina

**Gilgaala 2:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

- A. Ariitiidhaan keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa dubbisuun gaaffiwwan lamaan kanaan gadii deebisi.
1. Namoonni beekumsa akkamitti ilaalu?
 2. Kal-hedduummaan beekumsaa maaliini?

Beekumsa

Beekumsi karaa adda addaatiin ilaalama. Kaan akka waan hubatamee itti jiraatamu maraatti fudhata. Gariin ammoo, adeemsa saayinsawaan wal-qabsiisa. Namoonni bu'uura ogummaati jedhanis jiru. Marti isaaniyyuu tajaajila isaarratti xiyyeffatan. Hiikni kennamu hamma fedhe baay'atulle, kal-heddee (multidimensional) ta'uufi jirenya hawaasaatiif gumaachuun isaa hubatamuu qaba. Maddi beekumsa kanaa maali? gaaffiin jedhu garuu deebii barbaada.

Maddi beekumsaa hedduudha. Karaalee kana keessaa muraasni rakkina, dubbisa, muuxannoo, umriifi shaakala ta'uudanda'u. Eenyuyyuu rakkaachuu kan hinbarbaanneefi rakkina kan jibbu ta'ullee, rakkinni madda beekumsaa ta'uun isaa gama gaarummaa isaati. Namni tokko hammuma rakkatee sammuun dhiphachaa deemu, jirenyis bitaa itti galu, keessa ba'uuf bu'ee baha; kufees ka'a. Wal'aansoofi falmii akkasii keessaan xurree ifa isa agarsiisuu argata. Haalli kun nama rakkate hundaaf ta'uudaa batullee, kan hisachuun falmateef, buusee-baasee ifaajeef karaa injifannoo, kan dhunni isaa mirgaafi gammaachuun irraan ga'u waan ta'eef, abbicha beekumsa horachiise jechuudha.

Achii –as- dhufa ilma nammaa yoo ilaalle, falmii taasifametu ifa agarsiise. Ifa kanatu dukkana mo'atee gufuu jirenyaafi xurree beekumsaa itti mul'ise.

Haala kanaan, barri dukkanaa darbee barri haaromaa dhufe. Jiruufi jirenyaa gufuun hadheesses dhandhama gaarii horachiise. Kun ammoo, muuxannoo ta'ee, isa keessa darbeef beekumsa, isa argee dhaga'uuf ammoo dhugaa baateefi fakkeenyaa gaarii ta'e.

Muuxannoo kanarraa baruun ga'ee dhaloota haaraa waan ta'eef, fudhatee akka madda beekumsaatti itti gargaarama. Of cinaa waan argateefis, hojiirra oolmaan isaa battalummaa qaba. Akka isa yaaxxinaan jiruufi saayinsawaa ta'ee gorsaafi dadammaqsa addaa hinbarbaadu. Inni kun akkaakuu muuxannoo isa wanta agarru, dhageenyuufi shaakalluurraa argamudha.

Umriis ta'ee dubbisni muuxannoo namaa nuun ga'a. Jaarsoliin waan muuxataniifi kuufatanirraa hamma beekan, yaadatan nuuf qicu. Isa kaleessa jiraatan irraa kan har'aatiin wal-qabsiisanii gorsu; abboomuu; qajeelchuu akkasumas, komatu. Barreessaanis muuxannoofi hubannoo isaa barreffamaan dhiyeessa. Bakka inni dhaabate dhaabachuun dubbistoonni akka ilaalan taasisa. Kanaafuu, jaras ta'ee barreessaan waan hubatanirraa nuuf quodu. Dhalooni haaraan ammoo muuxannoo isaanii kana alanfachaa, bitaafi mirgaan ilaaluun maqaa itti baasaa, mormaa, deggeraa ka'umsa taasifachuun beekumsa cunqaa'aa (eclectic) horata.

Beekumsi humna–humna hiixatee qabu; isa fiigee qaqqabudha. Kun ammoo, dhala namaa hundaaf oolee shiboo bishaaniifi abidda baatu wal-simsiisuun ifa isa kan uumamaatiin morkatu tolchee dukkana mo'e. Allaattii samiirraa bu'uureffachuun xiyyaara tolchee balali'e; battalatti halaala ga'uu danda'e. Akkaataa sammuin dhala namaa itti hojjetu qo'achuun kompiitera kan hoji isaa saffisiisuuf argate. Kanaanis, dhamaatee (dadhabbi) humnaafi sammuu xiqeesse. Daangaa doofummaan jaares cabsee darbe.

Gabaabumaatti, kal-hedduummaan beekumsaa tajaajila, maddaafi gosa isaatiin ta'uu danda'a. Tajaajila isaatiin dhala namaa yeroodhhaa yerootti achi-

as-dhufa isaa hubachiisaa jirenyaa guyyaa mo'achuun bayaanataa akka deemu taasise. Maddi isaas rakkina, qareeyyii muuxannoofi wkf irraa akka ta'e hubate. Beekumsi dhimma tokkoof oolu isa biraarraa adda akka ta'es addaan baafachaa har'a ga'e. Haata'u malee, wal-malee akka hintolles hubate.

B. Gaaffiiwan dubbisa keessaa ba'an armaan gadii akkaataa gaafatamtetti deebisi.

1. Beekumsi eessaa argama?
2. Rakkinni attamitti madda beekumsaa ta'a?
3. Beekumsi 'Humna' kan jechisiise maali?
4. Beekumsi kal-heddeedha,' yoo jedhu maal jechuu isaatii?
5. Akka dhalli namaa xiyyaraafi kompitara hojjetu ka'umsa kan ta'e maali ?
6. Dhalli namaa hammuma jirenyaan wal'aansoo qabee falmatu, ifa argaa deema' jechuun maal jechuudha?
7. Ifni xurree beekumsaa mul'isa jedhame isa kami?
8. Isa keessa darbeef beekumsa, isaa argee-dhaga'eef ammoo dhugaa baatee kan ta'e maali?
9. Daangaa doofummaa jaaree cabsuuf dhalli namaa maal godhe?

C. Jechoonni armaan gadii dubbisicha keessaa ba'an. Akkaataa dubbisi-chaatti hiika isaani kenni.

- | | |
|--------------------|---------------------|
| 1. xurree _____ | 2. injifannoo _____ |
| 3. daangaa _____ | 4. jaare _____ |
| 5. muuxannoo _____ | 6. saffisiise _____ |
| 7. cinaa _____ | 8. qice _____ |
| 9. alanfate _____ | |

D. Gaaleewan armaan gadii bakka duwwaa himoota itti aananii dhufan keessatti guutuun hiika isaanii hubadhu.

waan falmateef	jaaruun
hiixatee qaba	nuuf qican
fiigee qaqqaba	dammaqsa addaa hinbarbaadu
dukkana mo'an	bu'ee baha
seexaa	kufees, ka'a
waa cobsan	guddina
ifa argan	

1. Beektonni muuxannoo isaanirraa _____.
2. Waan agarru, dhageenyuufi shaakallurraa muuxannoон argamu _____.
3. Dhalli namaa _____ ifa arge.
4. Beekumsi humna _____ ; _____
5. Qareeyyiin ifa tolchuun _____.
6. Namni tokko hammuma rakkatee sammuun isaa dhiphachaa deemu, keessaa ba'uuf _____.
7. Dhaloonni _____ qabu lammiiif bu'aa, biyyaafis _____.
8. Waa cabsan _____.
9. Ifaajan _____.
10. Beekumsa _____ bu'aa hunda caaluudha.

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Ergaa dubbisichaarraa argattan muuxannoo keessaniin waliin qabsiisuun gareen irratti mari'adha.

1. Beekumsi nama dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf maal fayyada?
2. Ilmi nama osoo carraaquu baatee beekumsa hinargatu ture. Bu'aa beekumsa ilma namaati kan jettan tarreessuun adda addummaa isaanii ibsaa.
3. Barumsi bu'aa falmii dhala nama keessaa isa tokko. Attamitti?
4. Ofii keessanii beekumsa akkamii qabdu? Beekumsi keessan kun namootaa biraatiif bu'aa akkamii qaba?
5. Wantoota beektuufi itti fayyadamaa jirtu keessaa kan bu'aa beekumsaa hintaane isa kamfa'i?

Baranoo 2: Caasluga**Gilgaala 4:****Shaakala Diigalaa**

- A. Fakkeenya araan gaditti kenname hordofuun gaaffiwwan itti aananii dhiyaatan hojjedhu.

Fkn:

<u>jechoota walitti dhufan</u>	<u>jecha uumame</u>	<u>hiika</u>
dura + ta'aa	dura-taa'aa	hogganaa
adda + duree	adda-duree	geggeessaa
haran + kosii	haran-kosii	gadhee
<u>Jechoota walitti dhufan</u>	<u>jechoota uumaman</u>	<u>hiika isaanii</u>
1. amala + qabeessa	_____	_____
2. ofiin + gala	_____	_____
3. du 'ee + ka'e	_____	_____
4. duubaan + gala	_____	_____
5. ofiin + du'ii	_____	_____

B. Gareen ta'uun jechoota diigalaan uumaman shan barreessaatii barsiisaa keessanitti agarsiisa.

1. _____
2. _____
3. _____
4. _____
5. _____



Gilgaala 5:

Shaakala Hennaa

Fakkeenyaaifi ibsa gabaabaa kenname faana bu'uun gaaffiwwan dhiyaatan deebisi.

1. Kaleessa mana barumsaa deeme.
2. Bor Finfinneen dhaqa.

Himoota kana lamaan keessatti gochaa raawwatameefi hinraawwatamne agarra. Lamaanuu haala raawwii nutti himu. Gochaan raawwatame (perfective aspect)fi kan hinraawwatin (imperfective aspect) garaagara. Kan raawwatame tokko yeroo itti raawwatame qaba. Yeroon kun hennaa ta'a. Kanaafuu, inni fakkeenyaa (1)n bakka bu'e hennaa darbe keessa, kan (2)n bakka bu'e ammoo, hennaa dhufu (ammaafi egeree) keessa kan raawwatuufi raawwachuuif jirudha. As keessatti gochimoota jala sararamanirraa {-e} n kan raawwatame, {-a} n ammoo kan hinraawwatamne agarsiisu.

- | | |
|------------------------------------|---------------------------------|
| 1. Bara darbe qotaan ture. | 2. Inni kitaaba dubbisaa jira. |
| 3. Isheen qoraan cabsaa oolte. | 4. Tufaan barsiisaa oole. |
| 5. Gulummaan mana ijaare. | 6. Yagguu ani dhaqe rafaa ture. |
| 7. Bor mana ijaaraa oolla. | 8. Kaleessa buna bu'aa oolle. |
| 9. Gaariin ganama, ganama nideema. | 10. Guutaan wayyaa hodhaa jira. |

**Gilgaala 6:****Shaakala Gaalee**

- A. Wal-haammanna jechootaa armaan gaditti dhiyaatan keessaa ulaagaal gaalee kan guutan addaan baasi.
1. Sangaa guddaa sana
 2. Sangaa adii guddaa sana argachuun
 3. Sangaa argatte adii guddaa sana
 4. Sangaa foonii adii guuddaa argatte sana
 5. Sangaa argatte sana.

- B. Gaaleewan kanaan gadii keessaa mataa, miiltoofi murteessituu addaan baasi.

- Fkn 1. mana guddaa sana
2. mana kitaabaa deeme

<u>mataa</u>	<u>miiltoo</u>	<u>murteessituu</u>
mana	guddaa	sana
deeme	mana kitaabaa	-

1. Gaangeedhaaf okaa haame
2. Si'a lama mukarraa kufe
3. Intala qalloo bareedduu kaleessaa sana
4. Konkolaataa fe'umsaa adicha
5. Deeme
6. Mucaa
7. Diimaa tokko
8. Irra
9. Kaleessa
10. Suuta

C. Gaaleewan(B)jalattidhiyaatankeessaaakkaakuumiiltoowwaniifimurteessitoota addaan baasi. Gaaffiwwan (1fi 2) akka fakkeenyatti siif hoijetamanii jiru.

1. [Gaangeedhaaf ocaa] haame

Miiltoo= gaangeedhaafi ocaa= miiltoo sadarkaa tokkoffaa.

2. [Si'a lama] [mukarraa] kufe

Miiltoo = mukarraa

Murteessituu = si'a lama

3. _____

4. _____

5. _____

6. _____

7. _____

8. _____

9. _____

10. _____

D. Gaaleewan armaan gadii keessaa akaakuu murteessituu addaan baasi.

1. Gamoo keenya sana

2. Saricha koo

3. Boqqolloo mataa sadii

4. Daakuu konyee tokko

5. Namoota hedduu kana

E. Himoota armaan gadii keessaa akaakuu gaalee Afaan Oromoo addaan baasi

1. Loltuu cimaan kaleessa badhaafame sun dhufe.

2. Garasuun akka abbaa isaa goota.

3. Mucaa magaala qalloo qaba.

4. Barataa cimaan abdii hinkutu.

5. Haadhaaf hoolaa bite.

Barannoo 3: Afoola



Gilgaala 7:

Shaakala Mammaaksaa

- A. Fakkeenyaa kanaan gadii hordofuun ergaa mammaaksota dhiyaatanii addaan baasi.

Fkn Waa cabsan waa cobsan- seexessuu/onnechiisuu
Qunceen wal-qabattee arba hiiti – tokkummaa

1. Dinnichi bakka gobattetti hordaa miiti.
2. Garaa nyaanni seene yaanni hinseenu.
3. Ganna darbeef mana hinijaaran.
4. Eeboo darbatanii, jinfuu hinqabatan.
5. Reeffa firaat torba garagalchu.
6. Akka akka keen beekaa, irra keessan si dubbisa.
7. Kan lafatti jibban siree namatti korti.
8. Dhaadachuun marqaa hamma abiddarra jirtutti.
9. “Waan Waaqaa hinbeekanii haadha Waaqo naan jedhaa,“ jette jaartiin.
10. Harka cabsuu dadhabde dhungadhu.

- B. Mammaaksa armaan olii mammaaksaan hiiki . Inni duraa siif hojjetamee jira.

Dinnichi bakka gobattetti hordaa cabsiti.

- Mixiin wal-qabattee laga ceeti.
- Qunceen wal-gargaartee arba hiiti
- Walii galaan alaa galan.

- C. Cimdiin ta'uun mammaaksota lama lama barreessaatii ergaa isaaniis adaan baasa; mammaaksaanis hiikaa.

Mammaaksa

ergaa

1. _____

2. _____

Mammaaksa mammaaksaan hiikuu

1. _____

2. _____

Barannoo 4: Barreessuu



Gilgaala 8:

Shaakala Keeyyata Barreessuu

Gareen ta'uun himoota ijoo armaan gaditti dhiyaatan fayyadamuun bakka duwwaa kennamerratti keeyyata ijaara.

1. Beekumsi qabeenyaadha.

2. Beekumsi karaa adda addaa argama.

3. Bu'aan beekumsaa gama lamaan ilaalamuu danda'a: beekumsa natoofi beekumsa saayinsawaadha.

4. Namni mo'u abdii hinkutu; namni abdii kutu hinmo'u.

5. Akaakuun manaa hedduudha.

Boqonnaa 4: Qaama Qaamaan Bakka Buusuu

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaadolee ijoo keeyyatoota dubbisa dhiyaatee keessaa addaan baasta.
- jechoota waliin deeman tarreessita.
- hiika jechootaa akkaataa dubbisa dhiyaatetti tilmaamta.
- maqibsaafi akaakuu isaa addaan baafatta.
- hiika hibboowwanii himta.
- raawwii fuula duratti ta'uun isaanii hinoolleefi mamsiisaa ta'an xiinxalta.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa



A. Gaaffiiwan kanaan gadii faktii oliirratti hundaa'uun deebisi.

1. Fakkiin armaan olii akka walii galaatti waa'ee maalii ibsa?
2. Namni kan garaa baqaffatuuf maaliif? Dhukkubootaa akkamiitu garaa baqaffannaaf sababa ta'u?
3. Qaamni nama tokkoo nama biraatiif ooluu danda'a jettee yaad-daa?

B. Hiika jechoota kanaan gadii tilmaamaa.

- | | |
|--------------|--------------------|
| 1. fala | 2. kalaa'uu |
| 3. bubbullee | 4. qarqara boollaa |



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwan armaan gadii lamaan keeyyatoota seensaafi goolabaa dubbisuun deebisi.

1. Namni tokko yoo kaleen ykn tiruun isaa dhukkubsate yaalii at-tamiitu taasifamaafi?
2. Qaamni fayyaan kan dhukkubsataa bakka bu'u tokko eessaa argama?

Qaama Qaamaan Bakka Buusuu

Saayinsiifi teeknooloojiin guddachaafi babal'achaa deemuurraan kan ka'e, namoonni ogummaafi beekumsa dabalachaa har'a ga'an. Ogummaaw-waniifi beekumsa kana keessaa inni tokko kan fayyaati. Ogummaan fayyaa dhibee fayyaa kan duraan turaniifi yeroodhaa yerootti babal'achaa dee-maniif kallattii adda addaatiin fala barbaada. Dhukkuboota fayyaa namaa to'achuuf falli ogeessonni bira ga'an inni tokko qaama dhukkubsate jijiiruun isa fayyaa ta'e bakka buusuudha.

Qaama dhukkubsate tokko baasanii kan birootiin bakka buusuun kan danda'amu karaa lamaan akka ta'u ogeeyyiin fayyaa ni'ibsu. Isaaniis qaama namaa namaaf oolchuufi qaama bineensaa namaaf oolchuudha. Qaama namoota sababa garagaraatiin du'anii baasuun kan warra qaamni isaanii dhukkubsachuun du'atti kalaa'aniitiin jijiiruun du'arraa oolchuun erga eegale bubbulee jira. Wal'aansa kanaan biyyoota baay'ee keessatti dhukkubsattooni hedduun waggaa, waggaatti afaan du'aatii bu'u. Fakkeenyaaaf, biyyoota Amarikaafi Ingiliizii keessatti dukkubsattoota kumaatamaan lakcaa'amantu wal'aansa garaa baqaffannaa taasifatee fayya. Bara 1978 keessa kutaa-lee biyyoota kanaa keessaa dhukkubsattooni 1274 kalee jijiirrachuuf galmaa'anii 765 guutummaan guutuutti jijiirsifatanii fayyuu danda'anii jiru. Itti fufuun bara 1994 ammoo, baay'inni dhukkubsattoota galmaa'anii 5000 yoo ga'u, kanneen keessaa wal'aanamuun kan adda godhatan dhukkubsattoota 1744 turan. Amarikaa keessatti qofa si'a tokko wal'aansa kanaaf kan gaaf-fii dhiyeeffatan dhukkubsattoota 100,000 turan. Kun ammoo, qaama nama fayyaa tokko kan isa dhukkubsatee baasanii jijiiruuf baay'ee kan beekame ta'uu nutti mul'isa.

Qaama namaa isa dhukkubsate tokko jijiiruun kan danda'amu inni biraan qaama bineensotaatiin fayyadamuun ta'a. Qaama bineensotaa namaaf oolchuun akka isa qaama namaa namaaf oolchuu umrii dheeraa hinqabu-dhiyeenya kana jalqabe jechuudha. Kunis 'seentotiraansipilaanteeshiin' kan jedhamu yoo ta'u, kan eegale biyya Amarikaatti akka ta'e bara 1996 keessa ibsamee ture. Baay'inni namoota qaama isaanii isa dhukkubsate jijiirrachuuf iyyatanii dabalaa deemuun maaliifi? Gaaffii kanaaf deebii garagaraatu jiru. Tokkoffaa, namoota qaama jijiirsifatan keessaa harki 70 qarqara boolaarraa deebi'anii waggoota 5-20 jiraachuu danda'uu isaaniiti. Lammafan, ogeeyyiin fayyaa qorannoo saayinsawaa guyyuutti taasisaniin qaamni a- lagaafi qaamni dhukkubsataa, akka wal-hindidne taasisuufi gatii layyoon gabaaf dhiyeessuu isaaniiti. Sadaffaan ammoo, dhukkubsattooni namoota wal'aanamanii fayyaan arguun fayyuuf waan abdii horataniif. Inni afraffaan, namoota qaamolee akka tiruu, onnee, rajijiifi kalee dhukkubsatan dawwa laachuun wal'aanuurra qaa

molee dhukkubsatootaa baasanii isa fayyaa bakka buusuun salphaa ta'uunisaati- Fakkeenyaaaf, biyya Ingiliziitti, kalee tokko jijiirsifachuuf, Paawundii 10,000 yoo gaafatu, qaamni alagaa akka wal-hindidnne taasisuuf qorichi bitamu ammoo, paawundii 3,000 ta'u. Walitti paawundii 13,000 yoo ta'u; dhukub-sataa kalee tokko wal'aanuu garuu, baasiin waggaatti ba'u paawundii 18,000 ta'a. Kanaafuu, isa akka jirutti yaalamuufi isa jijiiramu gidduu garaagarum-maa guddaatu jira. Jijiirsifachuu wayya jechuudha.

Haata'u malee, qaamolee namaas ta'ee bineensotaa jijiirsifachuuunis rakkoo mataa isaa qaba. Kana keessaa inni tokko qaama fayyaa argachuun rakkisaa ta'uunisaati. Qaama fayyaa ta'e argachuun rakkisaa ta'uuf sababni hedduun nijiru. Inni tokko, namoonni qaamolee barbaadaman kana nagaadhaan du'an muraasa ta'uunisaaniiti. Fakkeenyaaaf, namoonni balaa konkolaataatiin du'an, du'a battalaa waan ta'eef, qaamoleen barbaadaman sun fayyaa ta'aniyyuu, lakkofsi isaanii muraasa. Sababni isaa, malli balaa tiraafikaa ittisu baballachuufi ogummaa kanaaf barbaachisu gama konkolaachisaafi namootaatiin dabalaad deemuu isaaati. Kana malees, firoonni namoota balaa adda addaatiin du'anii qaamolee isaanii namoota dhukkubsataniiif oolchuuf fedhii dhabuu isaaniiti. Qaamolee namoota dhukkubsatanii ykn dulloomanii du'anii nama biraatiif oolchuun ammoo rakkisaadha. Kunneen marti wal-ga'anii qaama jijiirsifachuu ulfaataa taasisu.

Rakkoo qaama jijiirsifachuu ilaalchisanii mudatan kana furuuf, karaa garagaraan carraaqqiin taasifamaa turee jira. Isaan keessaa seera tumuun isaa tokko. Fakkeenyaaaf biyyoota Beeljigiifi Singapor keessatti seerri tumame akka ibsutti, qaamni isaa nama birootiif akka hinoolle yoo mallatteesse malee, qaamoleen nama du'ee abbaa barbaadeef kennama. Namoonni seera kanaan morman waan jiraniif hojirra oolmaafi carraaqqii kanatti gufuu ta'uunisaanii hinoolu. Qaama bineensotaa namaaf oolchuun ammoo, fala beek-tonni gufuwwan mudataniiif argatan isa biraati. Qaama bineensotaa namaaf oolchuun rakkoo karaa namaatiin dhufuuf fala ta'ullee, dhibee biraafiduu danda'a. Dhibeen kunis, carraaqqii dhukkuba tokko fayyisuuf taasifamuun

dhukkubni bineensotaa nama qaamni jijiirameef, qabuu danda'uu isaarraa madda. Fakkeenyaaf, ADSliin duraan jaldeessarratti mul'ate jedhama. Amma garuu gara namaattis darbee addunyaarratti dhibee yaaddessaa ta'ee jira. Kanaafuu, rakkoon kun akka wal-qabatee hindeemneef, qaama bineensotaa osoo namaaf hinoolchin dura qorannoo bal'aa geggeessuun barbaachisaa-dha.

Walumaa galatti, qaamolee akka kalee, rajiijji, tiruufi onnee dhukkubsataa tokkoo kan namoota biroo ykn kan bineensotaa bakka buusuun lubbuu baraaruun nidanda'ama. Haata'u malee, qaamolee fayyaa ta'an argachuuf qaamolee bineensotaa namaaf oolchuuf sodaan jiru ammoo, gufuu guddaa ta'ee mul'ata. Kanaafuu, qorannoonaan bal'aan geggeeffamuun gufuuwwan sanaa fala eeruurratti akka xiyyeefatu beektonni nigorsu.

B. **Gaaffiiwwan armaan gadii akkaataa dubbisichaatti deebisi.**

1. Qaama bineensotaa namaaf oolchuun biyya Amarikaatti kan ibsame yoomi?
2. Qaama namootaa isa fayyaa kan warra dhukkubsattootaa bakka buusuun du'arraa oolchuuf gufuu kan ta'an:
 - a) _____
 - b) _____
 - c) _____
3. Qaama bineensotaa namaaf oolchuun maaliif rakkisaa ta'a?
4. Akka dubbisa kanaatti qaamolee namoota dhukkubsatanii baasuun kan birootiin bakka buusuun kan danda'amu karaa lamaani. Isaanis,
 - a) _____
 - b) _____
5. Rakkoo qaama nama biroo isa dhukkubsateef oolchuurratti mudatan furuuf carraaqqii taasifammaa turan lama barreessi.

a. _____

b. _____

6. Akka namoonni qaama jijiirsifachuuf gaaffii dhiyeeffatan dabalaa deeman sababoонни taasisan maal fa'i ?

- C. Himoонни kanaan gaditti dhiyaatan sirrii yoo ta'an "dhugaa", dogoggora yoo ta'an "soba", jechuun deebisi.

1. Hammam guddatullee saayinsiin qaama bineensotaafi namaa wal-simsisu hindandeenye.
2. Qaama bineensotaa namaaf oolchuu keessatti yaaddoon jiru ogummaan isaa dhibuudha.
3. Kalee jijiirsifachuurra isuma dhukkubsataa wal'aanuutu salphaadha.
4. Qaama namaa namaaf oolchuun akkuma kan bineensotaa umrii dheeraa qaba.

- D. Bamqaaleen armaan gadii dubbisicha keessatti maal akka bakka bu'an ibsi.

1. Isaanis (keeyyata 2) _____
2. Kun ammoo (keeyyata 3) _____
3. Inni kun (keeyyata 4) _____
4. Isaan (keeyyata 6) _____
5. Wal'aansa kana (keeyyata 3) _____

- E. Akkataa dubbisichaatti filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii simiidha jettu filadhu.

1. Kanneen keessaa qaama bineensotaa namaaf oolchuutti gufuu kan ta'e isa kami?
 - A. Fedhii dhabuu namootaa
 - B. Wal-diddaa qaamolee
 - C. Hanqina ogummaa yaaluu
 - D. Dhukkuba daddarbaa
2. Kalee fayyaa argachuun rakkisaa kan ta'e maaliifi?
 - A. Baay'een namaa dhukkubsateefi dulloomee waan du'uuf

- B. Firoonni warra du'anii qaamolee isaanii kenuuf fedhii waan dha-baniif

C. Duuti namoota kalee fayyaa hir'achaa waan deemeef

D. Ogummaa konkolaachisuufi ittisni balaa tiraafikaa waan dabaleef

E. Hunda

3. Qaamolee namoota balaa adda addaatiin du'anii isa dhukkubsateef oolchuurratti rakkoo uumameef dubbisicha keessatti falli dhiyaate,

A. Seera tumuun akka kaleen isa du'ee hinbaane taasisuu .

B. Maatii warra namni jalaa du'e amansiisuu

C. Qaama bineensotaatti fayyadamuu

D. 'B' malee hunduu deebiidha.

4. Yeroo jalqabaatiif qaama bineensotaa namaaf oolchuun akka danda'amu kan ibsame,

A. Amarikaatti bara 1996 B. Singaapooritti 1978

C. Beeljigitti 1964 D. Deebiin hinkennamne

5. Yaanni ijoon keeyyata lammaffaa kanneen keessaa isa kami?

A. Qaama dhukkubsate tokko bakka buusuun karaalee ittiin danda'amu.

B. Rakkoo qaama dhukkubsate tokko bakka buusuun keessatti mul'atu kan ittiin ittifamu.

C. Ogummaan qaama jijiiruu karaa ittiin gabbatu.

D. Deebii hinqabu.

F Hiika jechoota ykn gaaleewan kanaan gaditti dhiyaatanii dubbisicharratti hundaa'uun deebisi.

1. Du'atti kalaa'uu 2. Qarqara boollaa

3. Akka wal-hindinne 4. Carraaqpii taasisuu

5. Dhibee yaaddessaa

G Fakkeenya kennefa faana bu'uun jechoota waliin deeman barbaadi.

Ekn Jechoota waliin deeman hijka isaanii

Seera + tumuu	seera baasuu
Gadoo + ba'uu	haaloo bahuu
Daga + qaxxaamuruu	fagaachuu

1. Lafee _____
2. Maqaa _____
3. Garaa _____
4. Malkaa _____

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

1. Namoota naannoo keessanitti dhukkuba kaleetiin rakkachaa jiran barbaaduun jijiirsifachuun akka danda'amu itti himuun yaada isaan qaban barreffamaan dareedhaaf gabaasi.
2. Qaama bineensotaa namaaf oolchuun hammam dhugaadha jettee amanta?
3. Akka keetti qaama bineensotaas ta'ee namaa isa fayyaa warra dhukkub sataniif oolchuun barbaachisaadha jettaa?

Barannoo 2: Caasluga**Gilgaala 4:****Shaakala Maqibsootaa**

A Ibsootaafi fakkeenya armaan gadiirratti hundaa'uun gaaffiiwwan itti aanan deebisi.

Fkn 1. 1) Sangaa dheeraa bite. 2.) Inni barataa colleedha.

Maqibsi (a) jalatti jala sararame kutaa gaalee maqaa keessa waan jiruuf, maalomsaa, inni (b) jalaa daangaa gaalee gochimaa keessa waan jiruuf kutilmoomsaadha.

Fkn 2. 1) Kitaaba kam bitte? 2) Biyyi kun keenya.

Fakkeenya kana keessatti ammoo jechi 'Kam' jedhu maqibsa gaaffii yoo ta'u, 'kun' kan jedhu maqibsa akeektuuti. Maqibsi qabeenya agarsiisu ammoo 'keenya' kan jedhu ta'a jechuudha.

1. Laga guutuu bidiruu moofaan ce'uun rakkisaadha.
 2. Gamoo dhedheeroon foddaa dhidhiphoo qaban sun kan kooti.
 3. Obbo Waaqee, jaarsa araaraa dheeraa rifeensa adii, namni waa'ee isaa gurraa qabu hinwallaalu.
 4. Obbo Tolaan waan qarshii baay'ee qabuuf, si'a tokko konkolaataa fe'umsaa adii tokkoofi kan manaa cuqliisa tokko bitate.
- B. Keeyyata armaan gadii qalbifannoon dubbisuun maqibsoota achii keessatti argaman addaan baasi. Akaakuu isaanii jalattis ramadi.**

Laggeen gurguddoon biyyi keenya qabdu osoo jallisamanii misoomaaf oolanii, guddina barbaachisaa hawwii namoota hundaa ta'e bira yeroo gabaabaa keessatti ga'uun nidanda'ama. Jallisiin kun ammoo, hirmaannaa lammii gaafata. Namoonni marti humna, qabeenyaafi beekumsa isaanii osoo hinwaakkatin hirmaannaa boonsaa yoo taasisan, fooyya'inni kam yeroo kam dhufuu akka danda'u salphaatti addaan baafachuun nidanda'ama. Hawaasni naamusa gaarii, kutannoo cimaafi seexaa guutuun ka'e hawwii misoomaaf qabu laggeen kana jallisuun galmaan niga'ata.

Barannoo 3 : Afoola



Gilgaala 5:

Shaakala Hibboo

- A. Gaaffiiwan kanaan gadii akkaataa gaafatamtetti deebisi.**
1. Hibboon maali?
 2. Akkaataa hibboon naannoo keessanitti itti hibbifatamu gareen ta'uun irratti mari'adhaatii dareedhaaf gabaasaa.
- B. Hibboowwan armaan gadiitiif deebii isaanii kenni.**
1. Amma majii geessi,
Ganda waliin geessi.

2. Wajjin nyaannaa,
Maaf huqqatta?
 3. Ija isaa hinyaatani,
Muka isaa hiyyaabani.
 4. Dukkana gumbii guute.
 5. Karaan shaggar,
Naannoo, naannoo.
 6. Gurbaan diimaan tokko
Laga gama ijaajjee lallaba.
 7. Haadha keessaa baatee,
Haadha dhiitti.
 8. Haati niteessi,
Intalli nifiigdi
 9. Jooraa ooltee,
Hanxaxiin kara cufatti.
 10. Irri dibi jalli dibi!
Gidduun dibaan diboo!
- C. Hibboo naannoo keessanitti taphatamu shan shan fiduun akkaataa itti taphatamuufi hiika isaarratti gareen mari'adhaatii dareedhaaf gabaasa.a
- D. Faayidaa hibboon dhimmoota kanaan gadii ilaachisee qabu bal'inaan ibsi.
- | | |
|------------------|----------------------------|
| 1. Hawaasomsuu | 2. Barsiisuu |
| 3. Miliquu | 4. Gadi fageessanii yaaduu |
| 5. Aadaa cimsuu. | |

Boqonnaa 5: Aadaa Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Gujii

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- aadaa fuudhaafi heerumaa naannoo keetii kan Gujii waliin walbira qabdee ibsita.
- jechoota hiika isaanii waliin walitti firoomsita.
- fufiifi gosoota isaa addaan baasta.
- sirna tuqaalee bakka barbaachisaa ta'etti galchuun keeyyata barreessita.
- tajaajila dhamjechoota addaa addaa ibsita
- sirba fuudhaafi heerumaa qaaccessita.

Baranwoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mar'achuun deebisaa.

1. Naannoo keetii nama dhiyootti fuudhe yookiin heerume beektaa?
2. Fuutiifi heerumni naannoo keetti geggeeffamu adeemsa akkaamii keessa darba?
3. Oromoont Gujii gosa fuudhaafi heerumaa akkamii qaba jettee yaadda?

B. Hiika jechootaafi gaaleewwan armaan gadii tilmaami.

1. naqii
2. addibaana
3. butii
4. kaayyoon kennite



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffilee armaan gadii "dhugaa" yookiin "soba" jechuun deebisi.

1. Aadaan fudhaafi heeruma Oromoont Gujii bakka afuritti qoodama.
2. Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoont Gujii keessaatti ga'een dubartootaa daran gad aanaadha.
3. Kaadhimmachuu keessaatti gurbaatu intala bifti itti tolte filata.

4. Gabbarri butiifi gosoota fuudhaafi heerumaa warra kaaniif gaafatamu tokkoo miti.
5. Hawwiin fuudhuu keessaatti murteessaan abbaa gurbaati.
6. Kaadhimmatanii fuuchuu keessatti murtoo warra wal-fuudhanii dursuun barbaachisaadha.

Aadaa Fuudhaafi Heerumaa Oromoo Gujii

Uummanni tokko karaalee ittiin duudhaa hawaasaa dhalootatti dabarsuufi firooma uumu keessaa inni tokko gaa'ela. Oromoon akkuma baay'ina uummaata isaafi bal'ina lafa isaatti aadaan fuudhaafi heerumaa isaallee hedduudha. Aadaa fuudhaafi heerumaa jiran keessaa xiyyeffannoон dubbisa kanaa kan Oromo Gujiirratti. Oromo Gujii biratti fuudhaafi heerumni akaakuu afur qaba. Isaanis kadhaa, hawwii, addibaanaafi butii jedhamu. Hundinuu haala raawwii isaaniitiin garaagara.

Kadhaan seera fuudhaafi heerumaa Oromo Gujii keessaa isa tokko ta'ee, kan abbaan gurbaa bifaaifi qalbii intalaafi haala jirenya warra ishii jaallatee maatii intalaa kadhatee ilma isaa fuusisudha. Dura abbaan gurbaa akka aadaa Gujiitti tamboofi buna xiqqaa qabatee gara mana abbaa intalaa dhaqee intalli nama biraatiin kadhatamuufi dhiisuu ishii gaafata. Yoo hinkadhatamne ta'e, intala isaanii ilma isaatiif akka jaallateefi akka kaayoo ilaalaniiif gaafata. Akka kanaatti abbaan intalaa akka aadaa Gujiitti kaayoo ilaallatee yoo kaayoon kenniteef, akka kaayoon kenniteef beeksisuun akka kadhatu hayyamaaf. Yoo kaayoon gaarii hinta'iin garuu akka kaayoon kennuufi didde beeksisuun akka kan biroo barbaaddatu itti hima.

Kaayoon kenniteefii kan fuudhu yoo ta'e, kadhaadhaan waggaa tokkoo hanga waggaa sadiitti turuu nidanda'a. Itti aansee kan dhufu gabbara gaafachuudha. Gabbaraaf abbaan intalaa goromsa lamaafi jibicha tokko (horii sadii) gaafata. Horiin erga kennamee booda, abbaan intalaa jila qopheessatee firaafi ollaa waammatee intala isaa jaallatee kennuu isaa beeksisa. Yeroo kennus

si'a sadii "Intala koo jaaladhee ilma keessaniif kenneera," jedha. Itti fufee akka ija hinjaamsine, ilkaan hincabsine, harka hincabsine, miila hincabsineefi akka mataa hindabsine erga dhaamee booda, akka horaniifi nagaan jiraataniif eeb-bisa. Kanaan warri gurbaa sirbaa intala fudhatee gala. Intalli heerumte yoo bantii dhabde goromsa warra isheetiif ergan gurra muranii ergu. Kanaan ala homtuu intalarra hingahu.

Inni lammaffaan hawwaadii yoo ta'u, kana keessatti warri qooda hinfudhat-an. Sirna fuudhaa kana keessatti gurbaatu intala ofii jaallatetti nama ergatee haasa'ata. Isheen gama isheen eenyummaa gurbaafi kan warra isaa qoratti. Qorattee duubni maatii isaa kan warra ishii hinsaalfachiifne yoo ta'eefi yoo garan ishee itti nahera ta'e, 'Tole,' jettee gara isaa dhaqxi. Yoo jibbite garuu nididdi. Erga intalli baatee guyyaa lama bulte booda abbaan gurbaa gara warra intalaatti jaarsa ergata. Jaarsis akkas jedha "Namni keessan badee ana bira jira, manaa hinbahinaa, malkaa hinbu'iinaa, hinbarbaadiina, manatti na eega anatu dhufa" jedhee dhaama. Abbaan intalaa kana dhageenyaan guyyaa isaan itti deebi'an beellamee manatti eega. Guyyaa beellamaa abbaan gurbaa jaarsa fudhatee dhaqee ol seenee taa'a. Kana booda abbaan gurbaa abbaa intalaatiin "Abbaa ebeluu!" jedhee waama. Abbaan intalaas "Yaa" jedhee owwaata. Abbaan gurbaa yeroo afur irra deebi'ee "Jabbiin tee jabbii kiyya faana galteetti," jedha. Erga kan jedheen booda jaarsolii fudhatee dhufeen ""Narraa araarsaa, kontoma Daarimuu, narraa qabaa," jedhee gaafata. Jaarsolinis abbaan gurbaa goromsa bantii yookiin jabbii tokkoofi jibicha lama akka kenu murteessu. Kanaan booda manguddoонни araarsanii soddaa waliif ta'uun firummaa jabeeffatu.

Sadaffaan addibaana. Addibaanni akaakuu fuudhaafi heerumaa hanga tokko faallaa hawwaadiiti. Innis, maatiin gurbaas ta'e gurbaan osoo quba hinqabaa-tiin intalli gurbaa jaallatti. Sana booda fedhii ishiitiin siinqee qabattee barii gara mana warra gurbaa dhaqxi. Yeroo achi geessu ala dhaabattee warra manaa waamtee nagaa erga gaafatteen booda ol seenti. Kana boda "Adda jabaadhaa, addibaana fakkaadhaa, taqueen abaluu eessaa?" jettee bakka ciisicha gurbaa

gaafatti. Erga itti agarsiisanii booda ol dabartee teessi. Gurbaan garaan isaa yoo intalatti addibaana dhufte kanatti hinnaane ta'e diduu danda'a. Garuu yeroo hedduu walii galu. Sababni isaa intalli addibaana dhaqu kan mudaa qabdu, tan nama fuudhu dhabde, haftuu yookaan jibbamtuu taatee osoo hintaane, jaalala gurbaa qofa waan ta'eefi. Gurbaan intalli addibaana itti dhaqxes akkuma warra kaanii jaarsa warra ishiitti ergee araarfatee daraaraa yookiin goromsaafi jibicha kenna. Kanumaan soddaa walii ta'u.

Inni arfaffaan butiidha. Butiin yeroo intalli qoraan, bishaan yookiin loonii galtu fedhii ishii malee humnaan fudhatanii galuudha. Gosni intalaa isheedhaa butamaa jirtu bira geenyaan waraana guddaatu ka'a. Wal-waraanu wal-darbatu wal buruksu. Erga butee fudhatee galeen booda, innis akkuma hawwaadii warra intalaatti jaarsa ergata. Araarri butii garuu kaanirra nijabaata. Abbaan intala butamtee warra buterraajabbii torba fudhata. Kanumaan walitti araaramanii soddoomu. Gosni fuudhaafi heerumaa kun rakkina walxaxaa ta'e warra walfuu-dhanirraan geessisa. Sababni kanaa bu'uurri isaa jaalala waan hintaaneefi. Jarri wal fuudhan yeroo mara afaan isaanii walitti hinmi'aa'u. Fedhiidhaanis wal-hinunatan. Kun ammoo gara wal-reebuu, dhiiga dhangalaasuu, ija waljaamsuufi qaama cabsuutti deemuu danda'a- rakkoon fayyaa akka maatii sanarra gahu taasisuu jechuudha. Irra caalaa ammoo, fedhii malee fuudhuun mirga namaa sarbuudha. Kanaafuu, butiin aadaa fuudhaafi heerumaa osoo hinta'in barsiifata gadhee miidhaa geessisan keessa isa tokkodha. Barsiifanni kun yeroo amma kan balaalleffatamuufi hafuu qabuudha.

Walumaa galatti, aadaan fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii afran olitti tarrees sine keesaa kadhaan-fedhii maatiitiin, butiin-fedhii gurbaatiin geggeeffama. Isaan kana keessatti fedhiin intalaa hineegamne. Hawaadiifi addibaanaa keessatti garuu gurbaafi intalli ga'ee guddaa qabu. Kanaafuu ijaarsi bultii fedhii gurbaafi intalaarratti hundaa'a jechuudha. Jirenya jaraatiifis ta'ee guddina naanno isaaniitiif iddo ol aanaa qaba.

B. Jechoota “A” jala jiraniif hiika isaanii “B” jalaa filiitii walitti firoomsi.

- | A | B |
|------------|--------------------------------|
| 1. kaayoo | a. sirna |
| 2. ganna | b. ulee dubarri/beerri qabatan |
| 3. bantii | c. milkii |
| 4. taqeent | d. durbummaa |
| 5. siinqee | e. firooma fuudhaafi heerumaa |
| 6. jila | f. diinqa |
| 7. soddaa | g. waggaan |



Gilgaala 3:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii jirenya keetiin wal-qabsiisuun deebisi.

1. Garaagarummaafi tokkummaan aadaa fuudhaafi heerumaa naannoo keetti geggeeffamuufi Oromo Gujii geggeessan maali?
2. Ati aadaa fuudhaafi heerumaa isa kamiin deggerta? Maalif?
3. Aadaan fuudhaafi heerumaa fedhii misirroota lamaaniitiin ala taasifamu itti fufuu moo hafuu qaba jetta? Akkamitti?

Barannoo 2: Dubbachuu



Gilgaala 4:

Shaakala Falmii

Qabxiilee armaa gadiirratti garee gareetti qoodamuun falmii geggeessaa.

1. Maatiin intaalaa gabbara hedduu maatii gurbaa waan gaafataniif, gurbaan sababa qabeenyaan intala jaallatu tokko osoo hinfuudhiin hafa. Butiin rakkolee akkasiif furmaata waan ta'eef hafuu hinqabu.
2. Dubartoonni muuxannoonaanisaan hawaasa keessatti qaban waanuma mana keessaa dalagamu qofa waan ta'eef, maatii egere ijaaramu karaa qabsiisuun isaan hanqata. Kanaafuu, murtoofi hirmaannaan isaan fuu dhaafi heeruma ijoollee isaanirratti godhan hagas mara faayidaa hinqabu.

Baarannoo 3: Caasluga



Gilgaala 5:

Shaakala Dhamjechootaa

A. Gaaffiiwan armaan gadii gareen irratti mariyachuun deebisaa.

1. Dhamjechi maali?
2. Garaagarummaan dhamjechaafi jechaa maal sitti fakkaata?

B. Jechoota armaan gadii keessaa dhamjechootaa foo'i.

- | | |
|------------|----------------|
| 1. sun | 6. lole |
| 2. nama | 7. gara |
| 3. keessa | 8. fira |
| 4. manneen | 9. amanamummaa |
| 5. qale | 10. harka |

C. Jechoota armaan gadii dhamjechatti addaan quodi.

- | | |
|--------------|--------------|
| 1. firoome | 7. gurraacha |
| 2. faradoo | 8. godaane |
| 3. kirkire | 9. muudame |
| 4. hojjetame | 10. hormaata |
| 5. namummaa | |
| 6. hiyyeessi | |

D. Dhamjechoota 'B' fi 'C' jalatti addaan baafte akaakuu dhamjechaa armaan ga-ditti siif dhiyaate jalatti ramadi.

Dhamjecha			
Hirkataa	Walaba	Hundee	Fufii

E. Jechoota kanaan gadiirraa fufii addaan baasi.

- | | |
|----------------|-----------|
| a) hinyaadne | b) qabame |
| c) yaadeemu | d) qalii |
| e) fudhatullee | |

F. Jechoota armaan gadiirraa fufii addaan baasuun akaakuu isaanii jalatti ramadi.

jechootaa	fufii		
	duree	duubee	naannee
hindeemu			
agarre			
namooman			
filmaata			
altokko			
fardoo			
hinnyaannee			

Barannoo 4: Barreessuu



Gilgaala 6:

Shaakala Sirna Tuqaalee

Afaan waa hunda: kan itti jiraatan; jirenya. Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jirenyaaati. Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta'u, yaaduun garuu bakka ad-daatti afaan ittiin yaadaniin hojjechuun ammoo, walitti dhufeenyaa yaada, aadaafi hawaasaa cimsa (Addunyaa 2010:1, 2011).

- A. Tuqaaleen keeyyata armaan olii keessatti dhiyaatan tajaajila isaanii bakka duwwaa armaan gadiirratti barreessi,

1. (-) _____
2. (;) _____
3. (.) _____
4. (,) _____
5. (;) _____

- B. Keeyyata armaan gadii keessa sirna tuqaalee bakka barbaachisu galchuun guutuu taasisi barreessi

Saayinsiin uumamaa dameewwan garagaraa qaba Baayoolooji Keemistiriifi fiiziksiin warra muraasa Baayooloojiin damee saayinsii uumamaa ta'ee waa'ee lubbuu-qabeeyyii kan qo'atudha Lubbuu-qabeeyyiin kunis biqiltootaafi bineeldotatti addaan qoodamuu danda'u Keemistiriiniis damee saayinsii uumamaa ta'ee ijaarsa, amala, caasaafi darbiinsa wantootaa kan qo'atu. Fiiziksiin ammoo haala dhengala'oo jajjaboofi gaasii qo'achuun damee saayinsii uumamaa ta'a Gabaabumatti saayinsiin uumamaa haala lubbu qabeeyyii amala ijaarsaafi darbiinsa wantootaa waa'ee dhengala'oo jajjaboofi gaasii qo'achuun saayinsii hawaasaarraa adda ta'a.

Boqonnaa 6: Kufaatii Dinagdee Addunyaa Jaarraa Digdamii Tokkoffaa

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dubbisa keessaa yaada ijoo baasta.
- hiika jechootaa haala galumsaan tilmaamta.
- durduubeefi gosoota isaa addaan baafatta.
- wal-simannaa mathima, antimaafi gochima himta.
- maalummaa fufii horteeifi tajaajila isaa ibsita.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

- A. Dubbisa dhiyatetti seenuun dura gaaffiiwwan armaan gadiirratti cimdiin mari'adhaa.
1. Jiruufi jirenya hawaasa tokkoo keessatti kufatiin gama kam fa'iin ta'u danda'a? Gama dinagdee? Gama siyaasaa? Moo gama kamiin?
 2. Dinagdeen hawaasa tokkoo akka kufu kan taasisan maal fa'i?
- B. Hiika jechoota armaan gadii dubbisicha keessaa ba'an. Yeroo dubbistan gu-fuu akka isnitti hintaaneef, hiika jechoota armaan gadiirratti barsiisaa keessan waliin irratti mariyadha.
1. dhiibbaa
 2. ol kaa'uu



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dhiyaterratti hundaa'uun deebisi.
1. Kufaatii dinagdee addunyaatiif sababa kan ta'an maal fa'i?.
 2. Dhiibbaawwan kufatii dinagdee addunyaatiin dhufan gabaabsii ibsi.

Kufaatii Dinagdee Addunyaa Jaarrraa Digdaamii Tokkoffaa

Jaarrraa digdamii tokkoffaa keessatti rakkowwan addunyaa qunnaman keessaa kufatiin dinagdee isa ijoodha. Kufatii dinagdee addunyaa hubachuuf sababiwwan uumaa isaafi dhiibbaawwan inni fide gadi fageenyaan ilaaluun murteessaadha. Sababiwwan kufatii dinagdee addunyaa saffisaan keessaa liqin ga'ee guddaa taphatee jira. Kana jechuun, dhaabbileefi namoonni invastimantii jaraa balinaan gaggeessuuf liqii hedduu dhaabbilee daldalaan kan akka baankiirraa liqeefachuu qabu. Liqin kun ammoo, hojjirra oolee bu'aa fiduu qaba. Yemmuu deebi'us dhala waliin herregamuu qaba. Jaarrraa kana keessatti dhaabbileen hedduun qarshii liqeefatan haalaan fayyadamuu dadhabuurraan kan ka'e warra irraa liqeefataniif deebisuu hindandeenye. Baankiwwan liqii kana liqeessanis of danda'anii hojjechuu hindandeenye. Hedduun isaanii cufamaniiru, yookiin gargaarsa mootummaawwan isaaniitiin kufatiirraa baraaramanii jiru. Fakkeenyaaaf, baankiwwan hedduun Amarikaa keessatti namoota hedduuf qarshii manneen ittiin ijarratan liqeessan waan qarshii kana deebisanii argachuu hindandeenyeef, manneen jirenyaa isaanii irraa fudhachuun haraaja baasuuf dirqamanii jiru. Ogeeyiin dinagdee hedduun rakkoon kun kufatii dinagdee addunyaa keessatti ka'umsa ijoo ta'uu isaa walii galu.

Sababni biraa garaagarummaa qarshii dhaabbileen daldaalaafi namoonni dhuunfaa baankii keessa kaa'aniifi hanga qarshii jarri baankiidhaa baasanii dha. Biyyoota dinagdeen guddatan keessatti namoonni dhuunfaafi dhaabileen daldalaan qarshii baankii baasanii waan fayyadmaniif, wal-simanna dhabiinsi qarshii baankii kaa'ameefi ba'u gidduu jiru hanqina qarshiif saaxilee jira. Akka fakkeenyatti, lammiiwwan Amarikaa keessatti argaman hedduun qarshii baankiirraa baasanii waan fayyadmaniif, baankiwwan biyattii hedduun hanqina qarshiift saaxilamanii jiru. Ummannis qarshii fudhate deebisee kafaluu hindandeenye. Asirratti gaaffiin ijoon tokko ka'uu mala: qarshiin hedduun dinagdee biyya tokko keessatti socho'aa ture eessa dhaqe?

Deebiin isaa salphaadha; namoota muraasa harka. Ragaan amma jiru akka agarsiisuutti qabeenyi hedduun namoota muraasaan dhuunfatamee jira. Kun ammoo, garaagarummaan galii warra sooreessaafi warra hiyyeessa gidduu jiru garmalee akka bal'atu godheera. Ragaan dhiyeenya kana argame akka mul'isutti, lammiiwan Amarikaa galii gidddu-gala qabaniifi warra galii guddaa qaban giddu garaagarummaan jiru nama rifachiisa. Warri galii guddaa qaban warra galii giddu-gala qaban irra harka afurtamii torbaaan caalu. Warri galii giddu-galeessa irratti argaman hedduun dargaggoota dhiyeenya yuunvarsitii irraa eebbisamuun jirenya isaanii fooyeffachuuf carraaqqii godhaa jiranidha. Jarri kun manneen keessa jiraatan, konkoolaatawwan itti fayyadamanifi dhim-moota kaaniif qarshii isaanii hojiirra oolchu. Karaa biraatiin, warri galii guddaa qaban namoota umriin deemanifi wantoota bu'uura jirenyaaf barbaadchisan waan guuttataniif, qarshii jaraa ol kaa'u. Kun hanqinni qarshii akka babal'atu gumaachee jira.

Qaamoleen mootummaa garagaraa kufaatii dinagdee addunyaa keessatti qooda guddaa taphatanii jiru. Tooftaawwan mootummooni dhaabbilee dal-dalaafi qarshii sochoosan to'achuuf fayyadaman garmalee dadhaabaa turan. Fakkeenyaaaf, biyyoota hedduu keessatti itti gaafatamtoonni baankiiwwanii tuqqacha (qoophi'a) jarri dhuma waggaarratti bu'aa baankiiwwanirraa argatan garmalee hedduudha. Namni tokko doolaara miliyoona hedduuti lakkaa'amu argata. Qarshiin kun hojii hedduu uumuuf faayiduu dandaa'a. Qarhiin haala tuqachuun kennamu kun biyyoota guddinaan boodatti hafan keessatti hojiwwan misoomaa hedduu gaggeessuuf yoo oole, rakkowwan adda addaa furuu danda'a.

Malaamaltummaanis kufaatii dinagdee addunyaa keessatti qooda guddaa taphateera. Fakkeenyaaaf, dhaabbileen shaarikaan (aksiyooniin) hojjetan hedduun sababa kanaaf gabaa keessaa ba'uuf dirqamanii jiru. Namooni dhaabbilee kana hoogganan galii callaa hojii daldalaarraa argamurratti gabaasaafi ragaa sobaa dhiyeessuun bu'aa dhuunfaa jaraatiin hojjechuun kufaatii dhaab-

bilee kanaaf gumaachaniiru. Hojiin dinagdee biyya tokkoo ammoo, waan karaa dhaabbilee kanaan ta'eef rakkoon jararratti mul'atu dhiibbaa guddaa fida. Bu'aa namoonni kun argatan carraa isaan jirenya isaanii fooyeessuufi dinagdee biyya isaanii keessatti hirmaachuuf qaban garmalee xiqqessa.

Rakkoon biyya tokko keessatti uumamu biyya kaan waliin kallattiin mulachuu danda'a. Fakkeenyaaaf, biyyoonti Afrikaa keessatti argaman hedduun oomisha qonnaa jaraa biyyoota guddataniif erguun galii argatu. Yagguu biyyoonti oomisha kana gara biyyaatti galchan kufaatii diinagdeerraan kan ka'e dadhaban, maddi galii warri oomisha qonnaan bulanii goguu danda'a.

Kufaatii dinagdee addunyaatiif sababoota hedduun jiraatanillee, kanneen armaan olii shoora guddaa taphatanii jiru. Karaa biraatiin, kufaatii dinagdee addunyaan kun miidhaa hedduu geessisee jira-geesissaas jira. Tokkoffaa, namoonni hedduun hojii malee hafuun nyaata isaaniitiif harka warra dureeyyi eeggachuuf dirqaman. Ijoollee isaaniillee barsiifachuu hindandeenye. Manneen jarri keessa jiraatan liqii baankii kafaluu dadhabuurraan kan ka'e, irraa fudhatamanii jiru. Hedduun jaraa qarqara karaa jiraachuuf dirqaman; kaan ammoo dhaabbilee wiirtuuwan gargaarsaa mootummootaan qophaa'aniifi dhaabbilee amanataa keessa jiraachuuf dirqaman. Kun ammoo, galii dhaabbileefi biyyaa akka xiqlaatu yookiin akka addaan citu godhee jira. Kana malees, kufaatii dinagdeerraan kan ka'e, sabaafi sub-lammoota ardi garagaraatti argaman tajaajilawwan fayyaa, geejjibaa, bishaan qulqulluufi hawaasummaa kan biraa argachuu hindandeenye. Namoonni biyyoota guddatan keessaa dhiibbaa kufaatii dinagdee addunyaaarraan kan ka'e, namoonni lubbuu isaanii dhaban jiru. Kaan ammoo, dhibeewan fayyaafi sammuu adda addaatiif saaxilamanii jiru.

Walumaa galatti, sababiiwwaniifi dhiibbaa kufaatii dinagdee addunyaala ilaa jira. Akka ragaan Baankii Addunyaan mul'isutti, namoonni hedduun biyyoota guddinaan boodatti hafan keessa jiraatan guyyaatti doolaara tokkoo gadi argatu. Yemmuu rakkoon dinagdee itti dabalamu, jirenyi jaraa hangam gidiraafi

gadadoon xaxamee akka jiru hubachuu dandeenya. Kufaatii dinagdee addunyaa jaarraa kanaa to'achuuf dhaabbilee hedduun kan akka Baankii Addunyaafi bakka bu'oonti mootummoota garagaraa tooftaawwan furmaataa addaa dhiyeessanillee, rakkoon dinagdee addunyaa ammas bali'naan itti fufaa jira.

B. Jechoonni armaan gadii dubbisa keessaa ba'an. Hiika isaanii akka galumsaatti tilmaami.

- | | |
|--------------------------------|-------------------------------|
| 1. Baraaramaniiru (keeyyata 2) | 2. Haraaja (keeyyata 2) |
| 3. Wal-simannaa (keeyyata 3) | 4. Rifachiisa (keeyyata 3) |
| 5. Carraaqpii (keeyyata 3) | 6. Olkaa'u (keeyyata 3) |
| 7. Gumaacheera (keeyyata 3) | 8. tuqqachuu (keeyyata 4) |
| 9. Oogganan (keeyyata 5) | 10. Galii callaa (keeyyata 5) |



Gilgaala 3:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiilee armaan gadii gareen ta'uun deebisaa.

1. Sababoota dubbisa keessatti kufaatii dinagdee addunyaaaf ka'aniin ala sababoota biraakka jiran ibsamee jira. Jara kana keessaa gibiri lammiiwan kafaluu qaban isa tokko. Biyyoota hedduu keessatti namoonni galii isaanii hedduu ta'e gibira xiqaan akka kaffalan ragaan nimul'isa. Dhimma kana haala qabatamaa Itoophiyaa keessa jiru bu'ureeffachuun irratti mari'adhaa.
2. Kufaatii dinagdee addunyaa jaarraa digdamii tokkoffaa keessatti mul'achaa jiru kanaan Itoophiyaan miidhamteetti moo hinmiidhamne? Maaliif?
3. Akka kufatiin dinagdee addunyaa too'annaa jala ooluuf tarkaanfii akka-miitu fudhatamuu qaba jettu?

Barannoo 2: Caasluga



Gilgaala 4:

Shaakala Durduubee

- A. Gaaffiiwwan lamaan kanaan gadii gareen irratti mari'achuun deebisaa.
 - 1. Durduubee jechuun maal jechuudha?
 - 2. Garee jechaa kanneen birooraa durduubee maaltu adda taasisa?

- B. Durduubeewwan himoota armaan gadii keessa jiran addaan baasuun gabatee itti aanee jiru keessatti guuti.
 - 1. Dabalaan ana booda jira.
 - 2. Mana keessaa maal goota?
 - 3. Wal-ga'iin eessatti gaggeessama?
 - 4. Har'a waa'ee dhibeewwan namarraa namatti darbanii mari'anna.
 - 5. Laliseen harmee ishee bira teessee jirti.
 - 6. Huccuun kee sireerra jira.
 - 7. Lafa jala loo'a.
 - 8. Ishee cinaa taa'ee jira.
 - 9. Sa'a saddeetitti dhufna.
 - 10. Inni akka saree dutuu danda'a.

durduubeewwan	faayidaa isaanii
1.	
2	
3.	
4.	
5	
6.	
7.	
8.	
9.	
10.	

**Gilgaala 5:****Shaakala Wal-simanna**

- A. Himoota armaan gadii keessa rakkoon wal-simanna jira. Fakkeenya siif kennname hordofuun rakkoo mul'atu addaan baasuun himoota sirreessuun barreessi.

Fkn.

1. Dabalaan haadha isaa waliin gara mana barumsaa deeman.
2. Dabalaan haadha isaa waliin gara mana barumsaa deeme.
3. Dabalaafi haati isaa gara mana barumsaa deeman

Xiyyeffannaan himoota kanaa mathima ‘Dabalaa’ jedhu waan ta’eef, mathimni Dabalaa jedhuufi gochimni “deeman,” jedhu wal-hinsimanne. Himni kun fakkeenya (2)fi (3) jalatti dhiyateen sirraa’ee jira. Haata’u malee himoonni kun lamaan xiyyeffannoonaan isaanii garaagara. Inni duraa Dabalaarratti, kan lammaffaa ammoo, Dabalaafi haadharratti ta’ā.

1. Ani si waliin taphanna.
2. Namoota sana keessaa inni tokko dhukkubsataniiru.
3. Ambisaan ishee yookiin jara bira turuu barbaadan.
4. Abbaafi haati koo gara gabaa ana waliin deemne.
5. Kun qaama namaaf waan gaarii hintaaneef, jarri dhiisanii deemuu qaba.
6. Namni guddaan kabajamuu qabu.
7. Yemmuu lamaafi sadii walitti idaa’amu shan ta’ā.
8. Jara moo situ dhufuu qabu?
9. Boqqolloofi xaafiin gosa midhaaniiti.
10. Kitaabni, galmeen jechootaafi intarneetiin madda odeeaffannooti.

- B. Himoota rakkoo walsimanna qaban kudhan barreessuun akka hiriyooni kee sirreessanu taasisi.

C. Himoota armaan gadii keessatti jechoonni jala muraman maal agarsiisu.

1. Badhaatuun buna dhugde.
2. Sanbatoon qoraan cabse.
3. Xiyyaarri nibalali'e.
4. Re'ettiin niduute.
5. Roobni midhaan balleesse.

D. Himoota armaan olii keessatti matimni ifaatti mul'ata. Haata'u malee, himoota tokko tokko keessatti mathimni dhokachuu danda'a. Dachaas ta'u mala. Matimoota himoota armaan gadii keessaa addaan baasi barreessi.

1. Nyaatanii jiru.
2. Utaali.
3. Hojennee jirra.
4. Dabartee jirti
5. Taa'i.
6. Niciisan.
7. Dhufanii jiru
8. Deemi.
9. Taphannee jirra
10. Dhuftee jirti

**Gilgaala 6:****Shaakala Aantimaa**

- A. Deebiwwan gaaffiilee armaan gadii barsiisaa keetti himi.**
1. Antima jechuun maal jechuudha?
 2. Hima keessatti antimni tajaajila akkamii qaba?
- B. Himoota armaan gadii keessaa aantima baasi.**
1. Boonaan kitaaba dubbise.
 2. Lammiiin bishaan dhuge.
 3. Amartiin obboleettii isheef huccuu bitte.
 4. Barsiisaan hunda keenya nagaa nu gaafate.
 5. Eessumni koo hoolota sagal bite.
 6. Dirribaan haadha isaa dubbise.
 7. Latiin Biliseef shaashii ergistte.
 8. Barattoonni sababoota Kufaatii Dinagdee Addunyaarratti gabaasa dhiyeessan.
 9. Ragmaasaan haadha isaaf bishaan waraabe.
 10. Jiraattoonni ganda keenyaa wal-ga'ii gaggeessan.
 11. Sareen keenya obboleettii koo ciniine.
 12. Meetiin bishaan waraabde.
 13. Shantamaan xaafii haame.
 14. Waraabessi harree nyaate.
 15. Caalaan dhufe.

**Gilgaala 7:****Shaakala Gochimaa**

- A. **Gaaffiilee armaan gadii deebisi.**
1. Gochimni maali?
 2. Gochimni tajaajila akkamii qaba?
- B. **Jechoonni himoota armaan gadii keessatti jala muraman maal agarsiisu?**
1. Sareen dute.
 2. Magartuun utaalte.
 3. Inni sangaa bite.
 4. Ayyaanaan fardaan gulufe.
 5. Isheen sirbite.
- C. **Himoota armaan gadii keessaa gochimoota addaan baasi barreessi.**
1. Roobeeraan ganamaan gara mana barumsaa deeme.
 2. Ijoolleen dirreerra taphachaa jiru.
 3. Sabbooqaan qonnaan buaadha.
 4. Dammeen qeensa qoratte.
 5. Hundi keenya achi deemnee turre.
 6. Barattooni kitaaba dubbisan.
 7. Addee Kulaniin jijiirama qilleensaarratti yaada kennan.
 8. Hiriyaan koo atileetii beekamaadha.
 9. Ollaan keenya nagaa nama hingaafatu.
 10. Barattooni qo'achaa jiru.

Yaadannoo

Tajaajilli isaanii giddu-galeessa godhachuun gochima bakka adda addaatti qooduu dandeenya. Fakkeenya armaan gadii ilaali.

1. Boontuun kitaaba dubbiste.
2. Gaaromaan konolaataa bite.
3. Obbo Galataan qonnaan bulaadha.
4. Feenaan barattuu kormeedha.
5. Sareen dute
6. Namichi sun nimaraate.
7. Sangaan marga dheedaa jira
8. Isheen qaama dhiqachaa turte.

Himoota '1' fi '2' keessatti gochaan raawwatame matimarraa gara antimatti darbuu nihubatama. Kana jechuun, fakkeenya '1' keessatti gochi dubbiste jedhu Boontuurraa gara kitaabaatti darbe. Fakkeenya '2' keessatti gochi bite jedhu Gaarumaarraa gara konkolaataatti darbe. Gochimoonni akkasii 'darboo' jedhamu. Gochimni himoota '3' fi '4' keessatti argamanu (-dha), maalumaa matimootaa ibsa. Kunneen amoo gochimoota ta'umsaa jedhamu. Gochimoonni himoota '5' fi '6' keessatti argaman (duteefi maraate) matimarratti hafu. Kana jechuun gochi hojjetamu nama hojjetu sana biratti hafa. Gochimni akkasii 'darboo-hafuu'(kan ceehanifi kan hinceene) jedhamu. Gochimoonni himoota '7' fi '8' keessa jiran gochimoota warra ijoo kan akka dheedaafi dhiqachaa gargaaruun hennaafi kkf agarsiisuuuf faayidaa irra oolu. Hima '7' keessatti jira inni jedhu waan yeroo ammaatiin walitti hidhata qaba. Haaluma wal-fakkaatuun, hima '8' keessatti turte inni jedhu yeroo darbeen walitti hidhata qabaachuu agarsiisa. Gochimoonni akkasi 'gargaartuu jedhamu.

D. Himoota armaan gadii keessaa gochimoota addaan baasii barreessi. Gosoota jaraas ibsi.

1. Magarsaan nama gaariidha.

2. Dubartoonni ganda keenyaa waldaan gurmaa'an.
3. Qananiisaan atileetii beekamaadha.
4. Inni ishee waliin haasa'aa ture.
5. Eessa deemaa jirta?
6. Shan taanee dhufna.
7. Gammadaan hoolaa qale.
8. Hojjettoonni biiroo keenyaa hojiirraa ari'aman.
9. Dabalaan rafee jira.
10. Barbaadamaa jirta.

Fufii horteen hundee jechaarratti dabalamuun horsiisuuf gargaaru. Haala kanaanis tajaajila adda addaa kennuu danda'u. Fakkeenya armaan gadii ilaali:

- | | |
|-----------------------------------|--|
| 1. <u>Seenaan saawan tiksite.</u> | 2. <u>Inni sirbaa jira.</u> |
| 3. <u>Isaan barachaa jiru.</u> | 4. <u>Obbolaan koo fardaan dhufan.</u> |
| 5. <u>Isheen dhufte.</u> | |

Himoota armaan olii keessatti warri jala sararaman fufiileedha. Isa (1) keessatti {-wwan-t-, -n,-e} kan jedhaman fufiidha. Fufiin kunneen ‘Seen-aa, saawwa, tiks-’ kan jedhanitti fufaman. Fakkeenya kana keesssatti ‘danooma’ yookiin ‘baay’inaafi matima ta’uu agarsiisuuf kan oole {-n} yoo ta’u, [-t]n koorniyaa, {-e}n ammoo haala raawwii agarsiisu. Hima (2) keessatti {-aa'}n haala raawwii agarsiisa. Yoo matimni ‘isaanii’ jijiirame, {-a} irraa gara {-u} deema. ‘Obbolaan koo fardaan dhufan’ isa jedhu keessatti {-n} maaliin akka dhufan agarsiisa. ‘Isheen dhufte’isa jedhu keessatti {-t} n korniya agarsiisa. Kana jechuun gocha kan raawwate naayee(dubartii) moo dhiira gaafii jedhu deebisuuf gargaara. Fakkeenya kana keessatti fufileen sun naayee(dubartii) agarsiisti.

**Gilgaala 8:****Shaakala Fufii**

- A.** **Gaaffiiwan armaan gadii gareen mariyachuun barsiisaa keessanitti himaa.**
1. Fufii jechuun maal jechuudha?
 2. Fufii horteen tajaajila akkamii qaba?
- B.** **Himoota armaan gadii keessatti qaamoleen jechaa jala sararaman maal agarsiisu.**
1. Magarsaan saroota narraa ari'e.
 2. Isheen kubbaa saaphanaa taphachuu jaalatti.
 3. Abbaan Ganamee barumsa alidileen dubbisuufi barreessu baratan.
 4. Jarri bishaan dhugan.
 5. Inni bishaan dhuge.
 6. Isheen bishaan dhugde
 7. Nuti bishaan dhugne.
- C.** **Himoota armaan gadii keessatti fufiileen jala sararaman tajaajila caaslugaa akkamii akka qaban addaan baasii barreessi.**
- | | |
|------------------------|---------------------------|
| 1. Inni <u>deeme</u> . | 2. Isheen <u>deemte</u> . |
| 3. Ani <u>deeme</u> | 4. Isin <u>deemtan</u> . |
| 5. Jarri <u>deeman</u> | 6. Isaan <u>deeman</u> . |
- D.** **Himoota armaan gadii keessaa fufiilee jiran addaan baastee barreessuun faayidaa jaraa himi.**
1. Barattooni konkolaataadhaan gara mana barumsaa deeman.
 2. Isheen dureettiidha.
 3. Saricha mana jalattin arge.
 4. Sarittii mana jalattin arge.
 5. Saroota afurtu na ciniine.

6. Namichi eeboodhaan saree waraane.
7. Adurreen manarra jira.
8. Damboobeen na biraa jiraatti.

E. Fufiilee armaan gadii fayyadamuun himoota ergaa guutuu qaban ijaari.

- | | |
|---------|----------|
| 1. -n | 2. -oota |
| 3. -ch- | 4. -dhaa |
| 5. -tti | 6. -lee |
| 7. -rra | 8. al- |
| 9. wal- | 10. hin- |

Boqonnaa 7: Harka Qullaa Kaatu Moo...?

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo sheekkoo dubbistee hubatta.
- hiika jechootaa galumsa isaaniirratti hundaa'uun himta.
- sirna tuqaalee hima keessatti bakkeewwan sirrii ta'etti itti fayyadamta.
- mammaaksa maal maalessitee(tarreessitee) maaliif akka dubbataman himta.
- gochimaafi gosoota isaa adda baastee himta.
- maalummaafi faayidaa yaasaa(dhamjecha uumamtee) himta.
- bamaqaafi akaakuu isaa addaan baastee himta.

Barannoo 1: Dubbissuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiwwan armaan gadii sadii irattii mar'adhaati deebisaa.

1. Nama baay'ee jaallattuuuf jaalala kee akkamiin ibsita?
2. Namni waadaa siif gale tokko osoo waadaa isaa cabsee dhiifama gootaafii? Maaliif?



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Dubbisa gilgaala kanatti aanu osoo hindubbisiin dura gaaffiwwan armaan gadii qalbeeffadhu. Erga dubbisteen booda sirrii yoo ta'e "dhugaa", sirrii miti yoo ta'e "soba" jechuun deebisi. Deebii kennituufis sababa isaa ibsi

1. Haadha warraatiif qubeelaa kan hidhe amaatii (soddaatii) ishiiti.
2. Haati warraa hiyyumaarra dabarteetti.
3. Haati warraa fuula abbaa warraa arguu jibbiteetu ganda warraa deemte.

4. Haadha warraa malee abbaan warraa hanqina hinqabu.
5. Jarreen kun barnoota jireenyarrraa argataniin ofiif qofa osoo hinta'iin kaaniifillee bu'aa buusaniiru.

Harka Qullaa Fiigu Moo...?

Bara duriiti ture. Fifinneedhaa gara Jimmaatti magaalaa Sabbataarraa hanga tokko deemanii laga Awaas cee'uun gara Walisootti deemu. Haadha warraafi abbaa warraa hedduu wal jaallatantu naannoo laga sanaa ture. Abbaan warrichaa daran waan ishii jaallatuuf qubeelaa haati isaa akka yaadannootti kenniteef hidheefii ture. Ishiin is qubeelicha quba ishiirraa baaftee hinbeektu. Osuma waliin jiraatanii abbaan warraa fira nagaa gaafachuuf laga Awaas cee'ee biyya fagoo deeme. Garuu, ganna waan tureef lagni Awaas guutee riqicha diigee isa eege. Karaa ceehu waan dhabeef biyya firoottan isaatti deebi'ee birraan hanga bari'utti achi ture..

Kana gidduutti haati warraa beelarra dabartee waan ciniintee bultu dhabde. Kanarrraa kan ka'e qubeelicha gurgurtee du'a of oolchite. Ishiin gurgurtee osoo ji'a hindarbiin abbaan warraa birraan yoo bari'u qee'ee isaatti deebi'e. Ishiin is dhufuu isaa dhageenyaan fuula dura dhaabachuu waan saalfatteef ganda warraatti baqatte.

Abbaan warraas waa bubbulee barbaacha ishii deeme. Maaliif akka isa baqatte yeroo gaafatu, akkas jetteen, "Qubeelaa ati naaf laatte waanan nyaadhu dhabnaan nan gurgure. Harka qullaa ammoo fuula kee dura dhaabachuu nan leeyya'e. Kanaafan si duraa baqadhe," jetteen. Innis akkas

jedheen, "Yaa jaalallee koo, harka qullaa kaatu moo; harka qubeelaa baatu wayya?" jedhe. Ishiinis, "Jaarsa kiyya kan wayyu silaa anis atis beekna, du'ee reeffi koo si eeguurra jedhee kana raawwadhe," jetteen. Sana boodas, araaramanii wal gorfatanii, harka qullaa fiiguunis, ganna haadha warraa dhiisanii ganda firaatti fiiguunis hafee waliin hojjetanii dhiibani galchanii, horanii elmatanii ofirra darbanii kaaniifillee hafan jedhama.

B. Jechoota jala sararaman galumsa isaaniirratti hundaa'ii hiika isaanii barreessi.

1. Ardii keenyarratti o'i daran hammaachaa dhufeera.
2. Bulaan nikaa kaadhimni isaa Feeneet gooteefiif iddo ol aanaa kenna.
3. Caalaan sababa araadaan firoota isaa hundarrraa cite.
4. Riqichi Gibeerratti bara Xaaliyaanii ijaarame citee konkolaachisaafi gargaaraan isaa battalumatti du'an.
5. Tibbawwan hedduu nama gammachiisan keessaa Birraan isa jalqabaati.
6. Qee'ee mooraa hinqabne kan fedhetu itti gora.
7. Obsaan waan hojii manaa hinhojenneef barsiisaa isaa leeyya'e.



Gilgaala 3:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Garee gareen ta'uunyaada, armaan gadii mormuun ykn deeggaruun falmii adeemsisa. Gareen tokko yaada isa jalqabaa, garooen biroo yaada isa lammaffaa deeggaruu mormicha adeemsisuu dandeessu.

1. Jaalalliifi kakuun hanga du'aattillee deemuu qaba waan ta'eef, haati warraa du'allee yoo ta'e qubeelicha gurguruu hinqabdu ture.
2. Yoo jiraatte waliin jiraatu waan ta'eef, lubbuun jiraachuun ishee wanta wal nama mormisiisu miti.

Barannoo 2: Afoola

Afoolli damee fookloori ta'ee kanneen akka mammaaksaa, sheekkoo, dur durii fa'i of jalatti qabata. Afoola keessaa mammaaksa kutaa kana jalatti ilaalla.



Gilgaala 4:

Mammaaksa

Mamaaksi armaan gadii yoo guutamee barreeffame, yaada guutuu dabarsuu danda'a. Guutii barreessi.

1. Dhaadannoon dammaa _____
2. Ofiinuu duutii, _____
3. Hammasanahaan, _____
4. Manni fakkartuu, _____
5. _____ lafaa ka'u.
6. _____ allaattiin samiirratti wallolti.
7. Hamaan ofii, _____.
8. _____ gaggeessaa malee galu.
9. Kan qocaaf taa'e, _____.
10. _____ morma nama jallisa.

Barannoo 3: Caasluga

3.1 Gochimaafi Gosoota Gochimaa

3.1.1 Gochima

Gochimni gosoota garee jechaa keessaa tokko ta'ee, hima tokko keessatti, gocha, raawwiifi ta'umsa kan mul'isu. Gareen jechaa kun hima guutuu ta'e tokko keessaa hafuu hindanda'u. Hima tokko keessatti gochimniifi mathima handhuura hima tokkooti.

**Gilgaala 5:****Shaakala Gochimaa**

Himoota armaan gadii keessatti gochima jala sarari.

1. Tolashiin mana barumsaa deemte.
2. Qalbeessaan beekaadha.
3. Namni tokko tokko kokkolfaa nama miidha..
4. Barattooni mana barumsa keenyaa kuma tokko nita'u.
5. Bokkaan kaleessaa hamaa ture.
6. Gammadaan na barbaadaa oole.

**Gilgaala 6:****Shaakala Gochimoota Darbeeyyiifi Faaldarbeeyyiif**

Himoota armaan gadii keessatti gochimoota darboofi hafoo addaan baasii barreessi.

1. Baaccuun eelee cabsite.
2. Tolaan na jaalata.
3. Boonaan Bultii rukute.
4. Aduun har'aa nama guba.
5. Jaalanneen niromi'te.

**Gilgaala 7:****Shaakala Gochimoota Muummeefi Gargaartuu**

Himoota armaan gadii keessatti gochimoota muummeefi gargaartuu addaan baasi barreessi.

1. Bilqiisaan gara mana barumsaa deemaa jirti.
2. Tolasaan na barbaacha jooraa oole.
3. Qamaleen boqqolloo nyaatte.
4. Bokkaan kaleessa roobe hedduu hamaa ture.
5. Roobsan fuula isaa dhiqatee, ciree isaa nyaatee mana barumsaa deeme.

3.2 Dhamjechoota



Gilgaala 8:

Maalummaafi Faayidaa Dhamjecha Uumamtee (yaasaa)

- (a) Latiiwwan “B” jala jiran jechoota “A” jala jiran waliin walitti firoomsi.

A

1. tokko
2. beeke
3. bite
4. gooftaa
5. taajjabe
6. furdaa
7. jabaa
8. fira

B

- a. -isuu
- b. -oota
- c. -ina
- d. -ooma
- e. -umsa
- f. -ummaa
- g. -eessuu
- h. -aa
- g. -ii

- (b) Latiiwwan “B” jalaa jechoota “A” jala jiranitti maxxanan latiiwwan maalii jedhamu?
- (c) Hiika dhamjecha uumamtee (yaasaa) gabaabsii barreessi.

3.3 Bamaqaafi Akaakuu Bamaqaa

3.3.1 Bamaqaa

Himni tokko caasaa ittiin ijaaramu qaba. Caaseffama himaa keessatti jechoonni maqaa ykn gaalee maqaa bakka bu'uun tajaajila kennan bamaqaa jedhamu.

3.3.2 Akaakuu Bamaqaa

- | | |
|---------------------|------------------------|
| 1. Bamaqaa matayyaa | 4. Bamaqaa iyyaafannoo |
| 2. Bamaqaa ufnaa | 5. Bamaqaa waliyyoo |
| 3. Bamaqaa eertoo | 6. Bamaqaa waliinggaa |

**Gilgaala 9:****Shaakala Bamaqaa**

Himoota armaan gadii keessaa bamaqaalee baasii barrreessi.

1. Ishiin daddaftee deemuutu itti tola.
2. Inni walaloo hedduu barreessee qaba.
3. Isaan kaleessa deemanii.
4. Ani ilma hangafaati.
5. Aageen of miidhagsuu jaallatti.
6. Ani kanas sanas walqixan jaalladha.
7. Hawwiifi Latiin hedduu wal jaalatu.
8. Ati eessa dhaqxaa?
9. Tolaan, kan herrega barsiisu, obboleessa kooti.
10. Barataan kamiyyuu hojii manaa hojjetee dhufuu qaba.
11. Daraartuun, kan asoosama “Illaa” barreessite, Afrikaa Kibbaa jiraatti.

Barannoo 4: Barreessuu**Gilgaala 10:****Sirna Tuqaalee**

Himoota armaan gadii keessatti sirna tuqaalee bakka sirrii ta'etti galchuun sirreessii barreessi.

1. Oyiruun keenya midhaan kanneen akka xaafii qamadii garbuu boqqolloofi baaqelaa biqilcha.
2. Yoo ciisu akka reeffaa yoo ka'u akka leencaa.
3. Yaa jaalallee koo, harka qullaa fiigu moo harka qubeelaa baatu wayya jedhe.

4. Seenaan barattuu kutaa kudha lamaati
5. Yoon si dhiise na hindhiisin
6. Kumashiin barattuun daree keenyaa bor Finfinneetii dhufti.
7. Osoon rafuu sa'aatiin 2 30 natti ta'e.
8. Shukkaarri kiiloon tokko qarshii 13 75niin gurgurama.
9. Margaan kutaalee 9 - 12tti afaan Oromoo barsiisa.

Boqonnaa 8: Gabateerraan Odeeffannoo dubbisuu

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- odeeffannoo gabateerraan dubbistee qaaccessita.
- faallaa jechootaa haala galumsaatiin barreessita.
- ragaalee lakkofsaafi giraafiin taa'an gara himaafi keeyyataatti jijiirta.
- gochibsaafi gosoota isaa addaan baasta.
- maalummaafi faayidaa otoolaafi otoolta'a himta.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiiwan armaan gadii deebisi.

1. Baay'inni barattoota daree keetii meeqa?
2. Daree keetti,lakkofsaan dhiiraamoo shamarrantu caala?
3. Baay'ina barattoota sadarkaa lammaffaa (9-12) mana barumsaa kee beektaa?

Dhaabbata tokko keessatti ragaa qindeessanii kaa'uun wantoota hedduuf nama gargaara. Fakkeenyaaf, yeroo barbaadamutti odeeffannoo barbaachisu argachuuf nama fayyada. Namni haarawaanillee yoo dhaabbata sanatti ramada-mee dhufe odeeffannoo barbaadu salphaatti argachuu danda'a. Haaluma wal fakkaatuun, baay'ina barattootaa yeroon kaa'uun baay'na daa'immaniifi

dargagoota umriin isaanii barnootaaf gahe hammantu akka barumsa hordofaa jiran, hammantu ammoo osoo hinbaratiin akka hafan, hammantu akka addaan kutan addaan baasuuf nama gargaara. Kana malees, saala waliin wal qabatee garaagarummaa jiru addaan baasanii irratti hojjechuuf nama gargaara.

Gabatee armaan gadii keessatti baay'ina barattoota sadarkaa lammaffaa (9-12), kan bara 2003 wagaa waggaaniifi saalaan addaan bahee taa'eera. Odeeaffannoo gabatichaarratti hundaa'iiti gaaffiwwan armaan gadii deebisi.



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. **Gaaffiwwan armaan gadii osoo odeeaffannoo gabateerraatti hince'iin dura qalbeeffadhu.**
- 1. Magaalota Oromiyaa keessaa ishii kamtu baay'ina barattootaa 9-10tti lammaffaadha?
- 2. Godinoota Oromiyaa keessaa kamtu baay'ina barattootaan tokkoffaadha?
- 3. Baay'ina barattootaa kutaa kudha lammaffaa keessaa saala dubartiitiin godinoota Oromiyaa keessaa kan hundaa gadii kami?
- 4. Barattota kutaa salgaffaa, kan magaalaa keessaa baay'ina barattootaa dubartiitiin kan caalu magaalota isaan kami?

Gabatee Baay'ina Barattootaa kan Mootummaafi Mitmoottummaa kan

Sadarkaa Lammaaffaa Bara 2003

	Kutaa 9	Kutaa 10	(9-10)	Kutaa 11	Kutaa 12	(11-12)	(9-12)
Godina	dhi	dub	dhi	dub	dhi	dub	dhi
Magaala Addama	3484	3776	2581	2650	6065	6376	12441
Arsii	17692	14570	17979	10771	35671	25341	61012
Arsii Dhihaa	11273	7302	9092	6175	20365	13565	33930
Magaala Asallaa	1559	1772	1480	1586	3039	3358	6397
Baale	6277	4963	5209	4056	11486	9019	20505
Magaala Bishooootuu	2032	2157	1814	1536	3846	3693	7539
Boorana	5697	2769	3799	1840	9496	4609	14105
Godina Addaa Naannawaan Finfinnee	4663	3823	3952	2924	8615	6747	15362
Guji	7580	3428	4468	2306	12048	5734	17782
Harargee Bahaad	12725	4927	8734	3366	21459	8293	29752
Harargee Lixaa	7851	3457	5733	2611	13584	6068	19652

Horoor Gudiuu Wallaagga	6726	5662	4663	3318	11389	8980	20369	1579	1257	1444	924	3023	2181	5204	14412	11161	25573
Iluu Abbaa Booraa	8591	7315	6185	5274	14776	12589	27365	452	339	417	216	869	555	1424	15645	13144	28789
Jimma	7212	5926	5784	4717	12996	10643	23639	307	256	325	174	632	430	1062	13628	11073	24701
Magaala limmaa	1599	1686	1495	1492	3094	3178	6272	525	472	474	319	999	791	1790	4093	3969	8062
Qellel Wal- laggaa	6950	5471	4759	3518	11709	8989	20698	1059	877	868	558	1927	1435	3362	13636	10424	24060
Magaala Naqa- mtee	1973	1827	1408	1307	3381	3134	6515	813	670	655	522	1468	1192	2660	4849	4326	9175
Magaala Shaa- shammannee	2995	2496	2237	1806	5232	4302	9534	825	481	809	439	1634	920	2554	6866	5222	12088
Shawaa Bahaa	6733	5639	5094	4255	11827	9894	21721	1174	733	1015	627	2189	1360	3549	14016	11254	25270
Shawaakaahaa	6759	5329	6001	5193	12760	10522	23282	1446	799	1410	605	2856	1404	4260	15616	11926	27542
Shawaakibba Lixaan	6906	4604	5560	3704	12466	8308	20774	1638	831	1067	680	2705	1511	4216	15171	9819	24990
Shawaalixaa	15877	11569	12634	8284	28511	19853	48364	2839	1437	2460	1009	5299	2446	7745	33810	22299	56109
Wallaagga Bahaa	10327	7142	6971	5060	17298	12202	29500	1741	1250	1231	560	2972	1810	4782	20270	14012	34282
Wallaagga Lixaan	14784	11816	10064	8712	24848	20528	45376	2339	2317	1561	1064	3900	3381	7281	28748	23909	52657
Dimshaasha	178265	129464	137696	96461	315961	225925	541886	30031	18291	24567	12651	54598	30942	85540	370559	256867	627426

B. Ragaa gabatee kessatti kennamerratti hundaa'iiti gaaffiwwan armaan gadii "soba" ykn "dhugaa" jechuun deebisi.


1. Magaalli Asallaa baay'ina barattootaa dubartiin hundaa gadi.
2. Baay'inni barattoota dhiiraa Arsii barattoota dhiiraa Wallaga Bahaa dachaatii oliin caala.
3. Baay'inni barattoota dhiiraa Shawaa Kaabaa kan Wallagga Lixaarra harka walakkaa oliin xinnaata.
4. Baay'inni barattootaa sadarkaa lammaffaa Oromiyaa kan dubartii kan dhiiraa nicaala.
5. Baay'inni barattoota dubartii barnoota olaanaaf qophaa'anii kan Gujii Booranaafi Harargee Lixaa gadi aanaadha.

C. Baay'ina barataa ibsuuf lakkoofsota kennaman kanneen armaan gadii gara jechootaatti jijiiriitii odeeaffannoo kenni.

- | | |
|------------------------------------|-------------------------|
| 1. Horroo Guduruu Wallaggaa, 25573 | 2. Shaashamannee, 12088 |
| 3. Oromiyaa, 627426 | 4. Shawaa Kaabaa, 11926 |
| 5. Magaala Bishooftuu, 9947 | |

D. Baay'inni barattootaa garaagarummaa kuma shan shaniin gabatee armaan gadii keessatti taa'eera. Garaagarummaa baay'ina barattootaa dhiirafi dubartii kan godinaalee arfanii giraafiidhaan agarsiisi. Kan saala dubartii haalluu gurraacha dibuun kan dhiiraa ammoo haluu diimaa dibuun adda baasi.

	dub	dhi	dub	dhi	dub	dhi	dub	dhi
45,000								
40,000								
35,000								
30,000								
25,000								



Gilgaala 3:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Mana barumsaa keessanitti baay'ina barattootaa kutaalee sagalii hanga kudha lamaatti jiranii garee barataa ja'a ja'a qabuun qoodamtanii daree tokko tokko hirachuun odeeefannoo barbaachisu sassaabaa. Ragaa argachuuf qaama dhimmichi ilaallatu qunnama. Ragaa sassaabdan sana gabateefi giraafiin qindeessuun dareef dhiheessaa.

Barannoo 2: Caasluga

2.1 Gochibsootaafi Gosoota Gochibsaa

2.1.1 Gochibsa

Caasaa hima tokkoo keessatti gareen jechootaa garee jechoota kaan ibsuuf tajaajilan jiru. Fakkeenyaaaf, gareen jechaa maqaa ibsuuf tajaajilu jira. Gareen jechaa kun maqibsa jedhama. Haaluma walfakkaatuun gareen jechaa gochima ibsuuf fayyadu gochibsa jedhama. Kutaa kana jalatti, garee jechaa gochibsaa ilaalla.

**Gilgaala 4:****Shaakala Gochibsaa**

- A. **Himoota armaan gadii keessaatti gochibsa jala sarari.**
1. Roobsan daddafee deeme.
 2. Nuti bara dhufu yoona barnoota olaanaatii baranna.
 3. Inni magaalaatti gale.
 4. Garbuun gosa midhaan dafee gahuuti.
 5. Bultiin konkolaataan deeme.
 6. Jaagamaan rasaasaan kuruphee ajeese.
 7. Dur Oromoona gaachanaan eeboo ofiraa qolataa ture.
 8. Dhukkubichi akka abiddaa arraabee ishii fixe.
 9. Ishiin Dirree Dhawaa deemte.
 10. Inni ganama ganama ciree isaa nyaata.
- B. **Gochibsoota addaan baafte keessaa jechoonni ykn gaaleewwan garee gochibsoota yeroo, iddo, akkaataa ykn meeshaa agarsiisan isaan kami?**
- a) Ibsa gochimoota yeroo: b) Ibsa gochimoota iddo:
- c) Ibsa gochimoota akkaataa: d) Ibsa gochimoota meeshaa:

Hubachiisa: Ibsoota gochimaa hima tokko keessatti addaan baasuuf gaaffiwwan armaan gadii gaafadhu.

Yoom?

Eessa?

Akkamitti?

Maaliin?

Fakkeenyaaaf: “Nuti kan barnoota olaanaa seeennu yomi?” kan jedhuuf deebiin kenninu gaalee “bara dhufu yoona” jedhu. Gochibsi jechaan ykn gaaleen hima keessatti dhufuu danda'a. Kaanis haaluma fakkeenyaa kanaan gaafattee deebiin argattu gochibsa iddo, akkaataa ykn meeshaa ta'u jechuudha. Gaaffii gaafatame kanaaf kan deebii ta'e gochibsa yerooti.

2.1.2 Gosoota Ibsa Gochimaa



Gilgaala 5:

Gochibsa Yeroo

Himoota armaan gadii keessaatti gochibsa yeroo addaan baasii barreessi.

1. Barnoota Afaan Oromoo Wiixata, Roobiifi Jimaata qabna.
2. Ho'insi addunyaa bara baraan dabalaa deema.
3. Ayyaanni Masqalaa har'aa bor hindhufu.
4. Nuyi amma Afaan Oromoo barachaa jirra.
5. Obbo Toleeraan ganamaa galgala ori'uu.

Gosni gochibsa kanaa gochi tokko yeroo ykn hennaa itti ta'e kan mul'isu. Gosti gochibsa kanaa gaaffii "yoom" jedhuuf deebii kenna. Isaanis bor, ifataan, Jimaata, har'a, kaleessa, dur dur, bara baraan, yeroo kanatti, takka takka, guyyaa guyyaatti kkf ta'uu danda'u.



Gilgaala 6:

Gochibsa Iddoo

Himoota armaan gadii keessaatti gochibsa iddo addaan baasii barreessi.

1. Fayyeen mana jira.
2. Ishiin biyya alaa deemte.
3. Aagaan digirii isaa yuunivarsitii Jimmaatti barachaa jira.
4. Nuti Galma Abbaa Gadaatti fiilmii "Eelaa" daawwanne.
5. Sirni Gadaa baranaa Bulee Horaatti haala dinqisiisaan kabajame.

Gochibsi iddo bakka itti wanti tokko ta'e kan mul'isu. Jechoota ibsa gochimaa addaan baafachuuf gaaffii 'eessa" jedhu gaafachuu dandeenyaa. Deebiin gaaffichaas jechoota ykn gaaleewwan gochibsa iddo ta'u jechuudha.

**Gilgaala 7:****Gochibsa Akkaataa**

Himoota armaan gadii keessatti gochibsa akkaataa addaan baasii barreessi.

1. Daddaftee na dhungatteef, dhirsa naaf hintaatu.
2. Beekaan hojii manaa qajeelchee hojjetee dhufe.
3. Jaarsi keenya suuta suuta deema.
4. Toluun ariitiin ergicha qaqqabsiise.
5. Namni akka waraabessaa nyaatu gaafa akka namaa nyaate du'a.

Gosni gochibsa kanaa haala itti wanti tokko raawwate kan ibsu. Hima tokko keessatti jechi yookaan gaaleen gaaffii “akkamitti?” jedhuuf deebbii kenu ibsa gochima akkaataa jedhama.

**Gilgaala 8:****Gochibsa Meeshaa**

Himoota armaan gadii keessaatti gochibsa meeshaa addaan baasii barreessi.

1. Baacaan fardaan magaalaa Amboo deeme.
2. Duubeen eeboon borofa aijeesee.
3. Aageen marqaa fala”anaan nyaatte,
4. Tolasaan xiyyaaraan Ameerikaatti kute.
5. Jiitun funyoon hoolaa hiite.

Meeshaaleen wantoota garagaraa ittiin tajaajilamnu jiru. Haaluma kanaan raawwii yookaan ta’umsa tokko meeshaa ittiin raawwatameen yeroo ibsinu, ibsa gochima meeshaa jedhama. Jechoonni yookaan gaaleen gochibsa kun gaafii “maaliin?” jedhu deebisu.

2.2 Maalummaafi Faayidaa Otoolaafi Otoolta'a

Otoola jechi jedhu “otoo”fi “ilaala” jechoota jedhaman irraa uumamee raawwa-chuufi raawwachuu dhiisuu ykn ta’uifi ta’uu dhiisuu waan tokkoo agarsiisa.

Faayidaan isaa, dhalli namaa akkuma wantoota qabatamaa waliif dabarsu, haalota sababaafi bu'aarratti hundaa'anii ta'aniifi ta'u danda'anis waliif ibsa. Haalonni kun sababarratti hundaa'anii ta'u danda'u; hawwii ibsachuuf jedhamuu danda'amu; yookaan ammoo waan gonkumaa ta'u hindandeenye ibsuufis gargaaramu. Fakkeenyaaf, wantoota ta'anii darban kan duubatti deebisu hindanda'amne ibsuuf Oromoorn, "Osoofi eegeen booda dhufti," jedhee mammaaka. Osoon, akka mammaaksa kanaatti wanta hawwan tokko ykn wanta darbee deebisuu hindandeenyeef gaabbii ofii ibsachuuf itti gargaaramuu dandeenya.



Gilgaala 9:

Shaakala otoolaafi otoolt'a'a

Himoota armaan gadii keessatti ciroon jala sararame ciroo otoolaafi ciroo dhaabbataa ta'u isaa addaan baasi.

1. Yoo fuulli kee dukkanaa'e, barumsichi sitti dukkanaa'a.
2. Yoo inni dhufuu baate , ati koottu.
3. Yoo inni jabaa ta'el ee, isa hinsodaadhu.
4. Yoo barana sirriitti qo'atte, bara egere barnoota olaanaa galta.
5. Otoo qabeera ta'ee, boolla hinbu'u ture.
6. Otoo mana yaalaa geessanii jiraatanii, hinduutu ture.
7. Yoo dubbistee fixxeetta ta'e, kitaaba kee naaf ergisi.
8. Yoo daddaftee deemte, ni qaqqabda.

Ciroon jechoota "yoo"fi "osoo" jedhuun jalqabe ciroo otoolaa yoo ta'u, ciroon hafe ciroo dhaabbataadha. Ciroon otoolaa yaada rarra'aa ta'e yoo qabatu, yaanni yookiin gochi ciroo dhaabbataan raawwatamuufi raawwatamuu dhiisuun isaa kan ciroo otoolaarratti hundaa'a. Ciroon otoolaa akaakuu sadii qaba. Isaanis: kan ta'u danda'u, kan ta'uuf hawwan(hawwii)fi kan ta'u hindandeenye qabachuu danda'a.

Boqonnaa 9: Og-Walaloo

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- faayidaa og-walaloo himta.
- hiika jechootaa galumsa isaarratti hundeessuun ijaarta.
- amalootaafi ruqoota walaloo maalmalessita(tarreessita).
- jechamootatti fayyadamuun ciigoo ijaarta.
- ciigoo keessaa sabbooqoo, sorgoofi sokoo addaan baasta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Shaakala kanatti aansee walaloo barsiisaan siif dubbisu dhaggeeffatta. Sana dura, gaaffiiwwan armaan gadii sadii sadii irratti mari'adhaa.

1. Qaama namaa keessaa mootiin isa kami?
2. Yeroo baay'ee qaama kana jalaa wanti dhokatu jiraa?
3. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararaman galumsa isaani-irraa hiika isaanii tilmaami.
 - a) Feenet obboleessa ishii dugda keessa abootte.
 - b) Ani nama nama gidirsu hinjaladhu.
 - c) Baacaan, gufuun isa dhoofnaan furguggaatee kufe.

**Gilgaala 2:****Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

Buufatawwan walaloo armaan gadii dabtara keerratti barreesii. Bakkeewwan duwwaa buufatoota keessaa yeroo barsiistuun/barsiisaan kee dubbistu/su dhaggeeffadhuu jecha sirrii ta'e guuti.

Sammuu jedhu- _____

Kan aboottu- akka dibbee

_____ -marmee ciisa

Eeboo caala-of gidirsa

Teephya caalaa-qaama harkisa

Of caccabsee-of rakkisa.

Yaada horee-yaada tumsa.

Yookaa faallaa-of bobbaasa

_____ - gad of yaasa

Yaa'ee yaa'ee- yaa'ee deema

Diida ilaalee- _____

Dhuma hinqabu yeroo hundumaa

_____ -mootii qaamaa

Ofii yaadee-of tilmaama.

Sammuu...

Madda ergaa-madda yaadaa

Hawwii yaabee-ofiif bada.

Hawwee hinquufu

Shillib jedhee hinlakkisu

Har'a argateef hincallis.

Boriif jecha-furguggaataa

Hawwii dhalchee-_____

Galaanarraa-abbuuqataa

Samii yaabee-ol hiixatee

Qilleensarratti- of taattiraa

Meeqa of qoodee-meeqa of hira.

Ofii malee namaaf hinsarmu

Fedhiif malee hinabboomamu

Fiiga malee hinargamu

Sammuu jedhu maqaa qaba

Qaamaan xiqqoo yaadaan arba

Utuu taa'uu balali'a

Hirribarrraa nama ari'a.

Kumsaa Burayyuu, 1993

**Gilgaala 3:****Shaakala Dhanggeeffachuun Boodaa**

Hiika jechoota “A” jala jiranii “B” jalaa filuun walitti firoomsi.

A

1. Teepha
2. bobbaasa
3. barrisa
4. shillibii
5. abbuuqataa
6. taattira
7. hinsarmuu

B

- a. gatantara, bitintira
- b. gogaa horii irraa kan hojjetamu mee-shaaittiin fe'uuf kan nama tajaajilu
- c. dhangala'aa afaanitti fudhachuu
- d. balali'aa
- e. hirriba sirriitti nama hinqabne
- f. tolee hinjedhu
- g. yaasa

Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu**Gilgaala 4:****Shaakala Dubbisuun Duraa**

Gaaffiiwan armaan gadii jalqaba dhuunfaan deebisi. Itti aansuun barataa cinaa kee jiru waliin irraatti mar'adhu.

1. Nama jaallatturaa adda baatee beekta?
2. Nama jaallatturaa adda baatee yoo beekta ta'e, ykn nama itti dhi-yaatteraa adda bahuun yoo si gaddisiisee beekta ta'e, hiriyyaa keetti himi.
3. Namni si gorsee ykn eebbisee ykn ammoo nama eebbistee beektaa? Yoo gorsitee ykn eebbistee beekta ta'e, mee hiriyyaa cinaa kee jiru eebbisi.

**Gilgaala 5:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan armaan gadii qalbiitti qabadhu. Sana booda, walalicha dubbisaa gaafiiwwan deebisi. Deebii kee garee barattoota afur qabu waliin madaali.

1. Walaloon armaan gadii buufataalee meeqa qaba?
2. Yaada ijoo buufata jalqabaa himi.
3. Buufatoonni jalqabaa sadan maaliin wal fakkaatu?
4. Buufatoonni xumuraa lamaan hoo maaliin walfakkaatu?
5. Buufata sadaffaa keessatti, bo'oo (sarara) isa kamtu isa kam waliin balbala rukuta? Sagalee rukuttaa (balbala rukutan) agarsiisan baasii barreessi.
6. Buufanni ja'affaan sarara meeqa qaba?

Kudhaamaa koo

Yuuunivarsiitii Jimmaa

Yeroo waliin turre

Waan gaggaarii malee

Waan biraan hinagarre.

Akka haadhaa taatee

Ofitti naqabatte;

Akka jaalalleettis

Nakunuunsifatte.

Sirra boraafadhee
 Dadhabpii boqodhe;
 Jaalala irreefadhee
 Nagaa faceafadhe;
 Dheebodhee unadhee
 Beela'ee sooradhe;
 Abjuu dhugeeffadhee
 Dhugaa dhamdhamadhe.

Addaan baana 'seene
 Baanee hafna 'seene.

Egaa erga imaltee
 Imala jirenyaa;
 Kan midhaan ganamaa
 Kan hinmafne achii;

Waan ani siif himu
 Dhaamsa baay'ee keessaa,
 Gar-kuteettii ta'i.
 Dhugaaf namaa oo'uu
 Mudhiikeetti hidhadhu
 Qalbii kudhaamadhu.

Eebban si eebbisu,
 Tulluun bakka deemtuu
 Dirree siif haa ta'u;
 Ormi biyya sanaa

Fira siif haa ta'u;
 Nyaanni biyya sanaa
 Dhiiga siif haa ta'u;
 Waaqayyo si uume
 Bakka deemtu hundaatti
 Sii wajji haa ta'u.

**Gilgaala 6:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gaaffiwwan armaan gadii walaloo armaan oliirratti hundaa'uun deebisi.

1. Buufata isa dhumaa keessatti, toora lamaa hanga shanii keessatti jechoonni “tulluu”, “dirree”, “orma”fi “fira” jedhaman dhufaniiru. Hiriirraa jachoota kanarrraa maal hubatta?
2. Namni garaa kutate garaa namaa laafaa?
3. Barreessichi buufata isa tokkoffaa sarara isa jalqabaa irratti maaliif bakka maqaa dhahe? “Yuunvarsiiyii Jimmaa” jechuurra “yerittii yeroo sanaa” jechuu hindanda'u turee?

Barannoo 3: Amalaafi Ruqoolee Walaloo**Gilgaala 7:****Ciigoo**

Cigoo armaan gadii keessatti jechoota sabbooqoo, sookoofi soorgoo baasuu hiika isaanii barreessi.

1. Aadde Aageen yeroo hunda mataa namaa dhoofti.
2. Obbo Jimaan namoota isa cinaa jiraataniif lafa.
3. Inni bosona ciree fixee gale.
4. Koottu jennaan simbira taatee dhufte.
5. Tolaan ani isa waamnaan gurra naa ergise.

**Gilgaala 8:****Shaakala Ruqolee Walaloo**

Gaaffiwwan armaan gadii lama lama ta'uun deebisaa.

1. Walaloowwan armaan oliitti dhaggeeffattaniifi dubbistan keessaatti amaloota akkamii argitani?
2. Yeroo baay'ee walaloo yeroo dubbifnu ykn yeroo dubbifamu yoo dha-geenyu miira keenya qirqirsa. Sababni isaa maal sitti fakkaata?
3. Amala walaloon qaba jettee yaaddu maal maalessi (tarreessi).
4. Ruuqoleen walaloo tarreessi?
5. Bo'oo walaloo armaan gadii keessatti sagalee ol ka'uufi gadi bu'u agar-siisi.Ol ka'uufi gadi bu'uun sagaleelee kanaa maal agarsiisa?
Yaa'ee yaa'ee-yaa'ee deema.

**Gilgaala 9:****Walaloo Barreessuu**

Gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

1. Himni armaan gadii dubbii qoolaa kam akka ibsu himi.
 - a) Tolaan akka gaaddidduu nama biraa hinhusu.
 - b) Abdiisaa Aagaa leenca Faashistoota Xaaliyaanii rom'isiise.
 - c) Yeroo tokko tokko yaada burruusaan nama waqaru jalaa bakkatti baqatan dhabu.
 - d) Dooktorri hosiopataala keenyaa lubbuu ajjeesee fayyisa.
 - e) Barsiisaan barataa dhumara daree seenen tokoon “ Baga dura barataa hundumaa dhufte!” jedheen.
2. Walaloo armaan gadii dubbisiiti gaaffilee itti aanan deebisi.

Kaleessa har'a hawwinee
Har'ammoo boor hawwinee
Yogaa boorurra geenyu
Isa kamiin hawwina?

 - a) Walaloo kana keessatti yoom yoomtu himame?
 - b) Akka walaloo kanaatti hawwiin deebii qaba jettee yaadda?
3. Walaloo gabaabaa kan akka armaan olii barreessiiti barattoota daree ketiif dubbisi.

Boqonnaa 10: Babal'ina Barnoota Olaanaa

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada dubbisa keessaa hubatta
- hiika jechootaa haala galumsa isaaniitiin himta.
- faayiendaafi gosoota walqabsiisotaa addaan baastee himta.
- gumee qopheesstee keeyyata barreessita.
- gaaleefi ciroo himoota ijaaran addaan baastee himta.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuu Duraa

Gaaffiwwan armaan gadii cimdii cimdii ta'aati hojjedhaa.

1. Maqaalee yuunivarsitootaa waggaa digdama dura biyya Itiyoophiyaa keessa turanii himi.
2. Godina ati jiraattu ykn godinoota sitti dhihoo jiran keessa yuunivarsitoota jiran himi.
3. Bara egeree qabxiin yoo sii dhufe yuunivarsiitii galtu hiriyaa keetti himi.



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gaditti dubbisturratti hundaa'iti gabatee armaan gadii guuti.

Lakk.	Baroota	Baay'ina yuunivarsiitotaa
1	Waggoota 20 dura	
2		7 - 8
3	Wagga shanii as	
4	Waggoota shan gidduutti	

Babal'ina Barnoota Olaanaa

Guddina biyya tokkoof barnoonni shoora olaanaa taphata. Biyyi humna nama baratee qabdu, carraan guddachuu ishii bal'aadha. Sababni isaa, nama baratetu saayinsiifi teekinooloojiitti fayyadamuun biyya tokko addunyaarratti akka dorgomtu taasisa waan ta'eef. Saayinisiifi teekinooloojii babal'isuuf ammoo jiraachuun barnoota olaanaa tasa kan haalamu miti. Mootummoonni barnoota olaanaarratti kan xiyyeefataniifii sababa kunneenif. Barreeffama kana keessatti babal'ina barnoota olaanaa biyya Itiyoophiyaa keessaa ilaalla.

Seena Yuunivarisitootaa Itiyoophiyaa duubatti deebinee yoo ilaalle, waggoota digdama dura baay'inni isaanii lama qofa turani. Isaanis Yuunivaristii Finfinneefi Yuunivarsitii Harmaayaa turan. Barattoonni dhaabbilee barnoota olaanaa kana keessaa bahan dhibbaan kanneen lakaa'aman qofa ture. Biyya sadarkaa Afrikaatti baay'ina namootaan sadaffaa turte keessatti carraan barnoota olaanaa galuu hagam hedduu dhiphaa akka ture tilmaamuun nidanda'ama. Kun hammam biyyattiin humna nama baratee horachuutti akka duubatti haftuu turte mul'isa.

Waggaa kudhan booda seenaan kun jijiiramee baay'inni barnoota olaanaa lamaa gara torbaa hanga saddeetiitti guddate. Kun xiyyeefannaan humna nama baratee horachuurratti godhame hagam jajjabeessaa akka ta'e agar-siisa. Babal'ina barnoota olaanaa kana waliin walqabatees kutaaleen barnootaa hedduufi dameeleen ogummaa biyyattii jijiiruuf dhaabbatan akkasuma babal'achaa dhufan. Fakkeenyaaaf, dameeleen barnootaa kanneen akka teeknoloojii, fayyaa, odeeffannoo, saayinsii hawaasaafi afaanii akka babal'atan taasifamaniiru. Kana malees, kolleejonni naannoowwan naannoowwanitti daran babal'ataniiru. Irri jireessi kaayyoo kolleejjota kanaa ammoo hiri'na humna barsiisaa manneetii barnootaa marsaa tokkoffaa sadarkaa lammaffaafi manneen barnootaa sadarkaa lammaffaai salphisuurratti gahee olaanaa taphateera.

Baay'inni dhaabbilee barnoota olaanaa, keessumattuu yuuniversitootaa, waggaa shanii as gara digdamii lamaatti guddateera. Kun ammoo barnooti olaanaa dachaa oliin dabaluu isaa agarsiisa. Kanumaan wal qabatee, baay'inni barattootaa waggaa waggaan barnoota olaanaa seenanii waggaa digdama dura dhibboota kan turerra gara kuma dhibbootaatti akka guddatuuf sababa ta'eera. Kunis fedhii barnootaa uummatichaa guutuuf hagam yaaliin akka godhame mul'isa.

Waggoota shanan kana gidduutti ammoo baay'inni yuunivaristootaa digdamii lamaa gara soddomii tokkotti akka guddatuuf bali'naan hojjetamaa jira. Baay'inni yuuniversitoota kanaa baay'ina naamaa biyyattii waliin wal bira qabamee yoo ilaalamu, ammallee karaan deemamuu qabu dheeraa akka ta'e agarssiisa. Baay'ina barataa barnoota olaanaa galee bahu waliin walqabatees, qulqullinarratti hojjechuun daran akka barbaachisu waan haalamu miti. Baay'inni barataa qulqullinarratti dhiibbaa akka qabu ifaadha. Ta'us du'a sodaa hirriba malee hinbulaniakkuma jedhamu, baay'inarrattis hojjechaa qulqullinaafis iddoilaachaa deemuun garaagarummaa jara lamaan gidduu jiru wal-simachiisaa deemuun barbaachisaa ta'a.

B. Gaaffiwwan armaan gadii dubbisicharratti hundaa'uun soba yka dhugaa jedhii deebisi.

1. Yoo barattooni barnoota olaanaa baay'atan qulqullinni hineegamu.
2. Itoophiyaa keessatti baay'inni barnoota olaanaa daran bal'achaa dhufeera.
3. Yuuniversitooni waan hedduu baay'ataniif fedhiin barnootaa biyyittii guutameera.
4. Baay'inni barattootaa barnoota olaanaa seenaniifi qulqullinni wal simataadha.

5. Waggaan digdamaa as baay'inni dhaabbilee barnoota olaanaa dachaa oliin dabaleera.
- C. Himoota armaan gadii keessatti jechoota jala sararaman akkaataa galumsa isaaniin hiika isaanii kenni.
1. Bishaan diinagdee biyya keenyaa keessatti shoora olaanaa taphata.
 2. Namarratti irakatanii jiraachuu sammun koo tasa hinfudhatu.
 3. Guddina biyya tokkoof humna namaa baratee horachuun hedduu barbaachisaadha.
 4. Karaan Adaamaa geessu konkolaataatu itti hedдумmata.
 5. Hubannaafi dhageettii wal-simachiisaa deemuun namummaa gaarii ijaa-ruuf nama gargaara.



Gilgaala 3:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Yeroo baay'inni yuunivarsitootaa lama ture barattoonni ogummaa leenji'aniin cimoo turan. Amma yeroo yuunivarsitoonni danatan ammoo barattoonni hammi tokko ogummaa isaaniitti waan laafan fakkaatu. Sababni isaa maal sitti fakkaata?
2. Sadarkaan guddina barnoota olaanaa akka amma guddachaa jirutti gara fuula duraattis waan itti fufu sitti fakkaataa?
3. Ati baronoota olaanaa yuunivarsiitii naannoo keetii moo kan naannoo biroo jiru galtee barachuu feeta? Maaliif?

Barannoo 2: Caasluga

2.1 Walqabsiistuuifi Gosoota Isaa

2.1.1 Walqabsiistuu

Yaanni sammuu keessatti duraa duubaan eegee hintaa'u. Yeroo barreessinus yaanni barreeffamu takkaatti wal-simachuu dhabuu danda'a. Walqabachuu dhabuun kun yaada dabarsuu barbaannerratti dhiibbaa gochuu danda'a maanni kanaa inni tokko walqabsiisota fayyadamuudha. Walqabsiistonni hima keessatti yaadni akka walqabatu taasisu.



Gilgaala 4:

Shaakala Walqabsiistotaa

1. Himoota armaan gadii keessatti walqabsiisota hima keessaa erga addan baastee booda tajaajila isaan kennan himi.
 1. Kaayyoon barachuu jirenya ofiifi jirenya uummata ofii jijiiruuf.
 2. Bishaan qulqullina eeggachuuf, dheebuu bahuuf, humna ibsaa mad-disiisuuf nama fayyada.
 3. As gortus achi gortus walitti dhufuun keenya hinoolu.
 4. Gilgaalli kun hubannoo gaarii nikenna, garuu dubbisni dabalataa barbaachisaadha.
 5. Har'amoo bor dhufta?
 6. Kun jaalala miti maraachaadhaaree?
 7. Yookaan na affeeri yookaan sin affeera.
 8. Si'a gannaa qotan malee bona dhiibani hingalchatani.
 9. Akkuma mana seenneen bokkaan roobe.
 10. Sirriitti osoo hinqo'atiin qabxii gaarii eeguun gowwummaadha.

2.1.2 Gosoota Walqabsiistuu

Walqabsiistota ‘Gilgaala 4’ jalatti addaan baaste walqabsiisota of danda’oofi hirkatootti addan qoodi.

2.2 Gaaleefi Ciroo Himoota Keessaa



Gilgaala 5:

Gaalee

Gaaleewan himoota armaan gadii keessaa addaan baasi.

1. Galgaloon dhufe.
2. Dureettin herrega qo’atti.
3. Haati ijoolleef qoricha.
4. Inni gara mana abbaa isaa deeme.
5. Tolaan obbolaa lama qaba.
6. Fira'a'ol nama gaariidha.
7. Kennasaan mucaa qaxaleedha.
8. Gadheen waa’ee safuu hinbeektu.



Gilgaala 6:

Ciroo

Himoonni armaan gadii ciroo meeqa akka qabaniifi gosoota ciroowwanii himi.

1. Ibsaan ife.
2. Yoo sirriitti qo’atte, qabxii gaarii argatta.
3. Samii addaataa roobu, nama kolfaa nama miidhu, ofirratti hinbeekani.
4. Na afferi sinaffeera.

Barannoo 3: Barreessuu



Gilgaala 7:

Keeyyata Barreessuu

- A. Ta'insa jirenya kee keessatti hinirranfanne tokko fudhuutii duraa duuba isaatiin maal maalessuun(tarreessuun) gumee qopheessi.Yeroo barrees situ tartiibota armaan gadii hordofuu dandeessa.

Seenichi waa'ee eenyuuti?

Eessatti ta'e?

Yoom ta'e

Dura maaltu ta'e?

Itti aansee maaltu ta'e?

Fiixeen seenichaa maali?

Dhumarratti maaltu ta'e?

Bu'aan isaa hoo?

Maal irraa baratte?

- B. Gumee qopheesite wal-duraa duubni isaa eegamuu erga mirkaneeffattee booda keeyyata tokko barreessi.



Gilgaala 8:

Tartiiba himoota armaan gadii akka duraa duuba ta'insichaatti sirreessii barreessi. Sana booda, walqabsiistota himoota walitti hidhan gargaaramuun keeyyata tokko barreessi.

- Roobiifi Kamisa midhaan nyaataafi dhugaatii ta'u bibbitaan oole.
- Dilbata ganama teessuma qopheessee keessumoota koo laaqanaafeeguun jalqabe.
- Kaleessa maaliif akka hafen gaafadhe.

- d. Jimaataa ganamaa kaasee hanga galgalaatti dallaa qulqulleessaan oole.
- e. Waanaan ayyaana waggaa tokkoffaa mucaa kootii ta'e.
- f. Eegnaan eegnaan namni as buhu dhibe.
- g. Sanbata nyaataaf dhugaatii barbaachisanan qopheessaa oole.
- h. Wiixataa eegalee hanga Roobiitti waraqaa waamichaan hiraa ture.
- i. Borumtaa isaa laaqana nyaadhee yeroon gara hojiitti deebi'uuf jedhu kessummaan jalqabaa dhufe.wajjin waanan qopheesse nyaachuutti kaane.
- k. Waraqaa waamichaa natti hiixate.
- l. Edaa guyyaa tokko dabaleen barreesseera.
- j. Eegee eegee naaf gamnaan mucaa koo suuraa kaasiseen maatii koo

Boqonnaa 11: Asoosama

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- maalummaa asoosamaa himta.
- hiika jechootaa akka galumsa isaatti laatta.
- caacculee asoosamaa adda baastee himta.
- garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa himta.
- malleen dubbii fayyadamattee hima ijaarta.

Baranwoo 1: Dubbachuufi Dubbisuu

A. Dubbachuufi Barreessuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbachuufi Barreessuu

- A. Gaaffiiwan armaan gadii gareen irratti mar'adhaa.
 1. Asoosama dubbistee beekta?
 2. Yoo dubbistee beekta ta'e mata-duree asoosama dubbistee hiriyota keef himi.
 3. Asoosama dubbistee beekta yoo ta'e maal maal fa'itu barruulee kaan irraa adda isa taasisa?
 4. Hiika asoosamaa gabaabsii barreessi.
- B. Qabxiilee armaan gadiirratti hundaa'aati hiika gaaffii arfaffa jalatti kennitan irra deebi'aa barreessaa.
 - asoosamni hojii seenessamudha
 - sammuu barreessaatiin kan kalaqamu
 - irrajireessa amalaafi gochaalee dhalli namaa raawwatu bu'uureffachuu qophaa'
 - namfakkoota asoosamicha keessa jiran addunyaarratti barbaadanii argachuun hindanda'amu.

B. Dubbisuu



Gilgaala 2:

Shaakala Dubbisuun Duraa

- A. Dubbisa “Dungoo Halkan Sanaa”, kan Dhaabaa Wayyeessaatiin barreeffame dubbisuuf jirta. Sana dura gaaffiiwwan armaan gadii lama lamaan hojjedhaa.
1. Barreeffamootaafi kitaabilee akkamiifaa dubbiste?
 2. Namfakkoota meeqatu seenicha keessatti hirmaate?
 3. Seenichi nama gammachiisa moo nama gaddisiisa?
- B. Hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa.
1. cufa
 2. hurgufe
 3. waliin dha’ame



Gilgaala 3:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Gaaffiiwwan kanneen asoosama armaan gadii dubbisuun deebisi.
1. “Namoonni” dubbisicha keessaa eenu eenu fa’i?
 2. Iddoon ta’insi waraabbicha keessaa itti raawwatame eessaa?
 3. Eenyutu akka gudeeddii faallaatti hinhiiqneef kakate?
 4. Mucayyoon sun intala eessaati?
 5. Keeyyanni tokkoffaan waa’ee maalii seenessa?
 6. Mucayyoofi barsiisaa Boonsaa keessaa eenyutu miira ofii to’achuu dadhaba?

Dungoo Halkan Sanaa

Uumaan-uumamni- namni- qaamni ofii- humni ofii-miirri ofii....kun cufti si qora. Kun cufti farda jirenyaa ati gulufsiisturraa si kuffisuuf si darbata. Jirenyi farda guulaa mitii? Yoo itti baatu si fuudhee fiigee –ofii kaatee si sirbisiisee- kan fagoo hingeenyeef qaama si hurgafee-lubbuu si fuudhee dafqa sirra roobsee-yoo itti beekteef kolfa qasaasee-itti wallaallaan si imimmaansissee –utuu jira jettee itti rarraatuu –utuu ati hinsee'iin biyyoon si maka.

“Osoo amma isheen...,” jedhe, fedhiin isaa inni du'ee hindu'iin. “ Ihii! Osoo isheen maal taatee...? Majan!... Kakuu!... dhukkuba arraba ibiddaa! Isa fooniifi dhiiga harraabu!” sammuu isaa isa waardiyyaa dhaabachuuf kakatetu morme. “Silaa isheen woo mucaa daa'ima. Utuu dhalchitee iyyuu geessista. Azalaa qormaataaf guddataa jirtu...”

Cufaa bantee, yaada isaa gidduutti kuttee-mucayyoon.

“Qofaa kee si dhiiseen ture mitii? jette, sagalee qalloo miyooftuu sanaan. Waan dubbatu dhabe. Oi ilaallaan ijawwan bakkalcha sana irratti ibsiteetti.-mucayyoo xiqfoon. Sagaleen isaa osoo hoollatuu “Lakki...hinturre” jedhe. Barcuma dhiistee sireerra teesse. Dugdi isaa lamatti tamsa'e.

“Irbaata nyaatte?” jette.

“I...hii? Lakki hinyaanne”

“As nyaanni mishaan hinjiru. Hoteela ollaa tanaan sii fida” jette.

Qarshii itti kennuu abbalee, “ Ati as keessaa hojjettuudha moo mucaa warra manaati?” jedhe.

“Lamaan iyyuu miti”

“Ihii?”

“Ofii kee beeki” jette,

“Attamittan beekuu dandaya?” jedhe.

“Kana, kana, kana, ilaali bari” jettee qaama ishee, haxaroo maddii isheefi rifeensa ishee qubaan agarsiifte.

“Ammas naaf hingalle” jedhe.

Takkaa kolfite.

“Durba Arsii hinbeektuu?” jette.

“Ati woo mucaa xiqqoodha maal hojjechuu as dhuftere?”

“Maal siif godha? Inni gatii hinqabu. Maallaqa kenni osoo irbaanni hindhumiiin, deemeen sii fida.”

Diduu hindandeenye. Yaadni isaa garuu daran waliin dhahame. Waa’ee ofii ishee-waa’ee ofii isaa waa’ee ofii isheefi waa’ee ofii isaa yaada. Marti isaa akka foo’aa sartii walxaxe. Erga kakateefi jirenya isaa kakuun duraa wal bira qabee madaale. Kakuu saniin booda shororkaa malee akka gammachuun onnee isaatti hingoriin ni beeka. Yoo kakachuun isaa madda gammachuu hinta’uufii ta’e maaliif kakuu gaddaatti akka seenetu hibboo itti taha. Maaliif waadaa onnee hinsooranne seenuu!

Kalaankala lama qofaa qofaatti qabdee dhufte –mucayyo.

Nyaata ani qopheesse illee ta’uu baatu nyaata ani siif fide tanatti akka gammaddu nan abdadha.” jette, xarapheessaarra kaayaa. Haasaan afaan isheetii bahu kan umrii isheerra eegamu miti. Garaa isaatti “Raajiidha” jedhee quqummaadee callise.

“Osoo hindhamdhamatiin hindubbadhu jetteetii?”

“Lakki isaaf utuu hintaanee...”.

“Isaaf takes arguuf hedda.”

Harka dhiqachiiftee dhiheessiteef.

“Atis koottu kaa?”

“Lakki ani illee hinyaadhu.” jette.

“Ihii! Maaliif?”

“Ani nyaadheera. Quufeen jira.” jette.

Ofii ishee hinyaattu taanaan buddeena lama fiduun ishee isa dinqe.

“Kana hunda qofaa koo maalan godharee?” jedhe.

“Tokko ayyaa tiyyaaf geessuu?” jette.

“Eessa jirti... jiru” waan jedhutu harkaa bade.

“Kutaa hiribaa tana irraa sadaffaa keessa ciistee jirti.”

“Ni dhukkuba moo?”

“Miti.”

“Maaliree?”

“Homaa.”

“Tole-geessiif.” jedhee callise.

“Dhufe.” jettee buddeena tokko fuutee baate.

Waan marti keessummaa itti tahe-barsiisaa Boonsaatti. Irbaata dhihaateefii, dafee dafee nyaatee kahe. Mana bunaa seenee waa dhugu barbaadee saniin booda, waan itti aanee dhufu tilmaamuu hindadhabne. Kakuu sana otoo beekuu dagachuu fedhe. Jarreen sooma itti tumanis baadiyyaatti hafan. Namni isa argu hinjiru. Tarii yoo Waaqqayyo!... itti fufee yaaduu hinbarbaadne. Waa’ee mucayyoo sanii garuu homti taha jedhee hinshakkine. Isaa harka isaa dhiqatee cufaa banuuf harkisuufi mucayyoo banuuf dhiibtu tokko tahe. Inni keessatti deebi’e. Isheen ol seente.

“Nyaatte?” jettee fuula ifaa saniin ija isaa keessa ol ilaalte.

“Ehee, nyaadheera.”

“Rabbi siif haa laatu, osoo ati hindhufne tahee ayyaan tiyya agabuu bulti.” jette.

“Maaliif?”

“Isa dhiisi. Amma eessa dhaquuf kaate?” waan jedhutu itti bitaacha’e.

“Mana bunaa dhaquuf.”

“Maaloo hindhugiin-nama dhugu hinjaladhu.” jette-mucayyoon xiqqoon sun.

Ni na’e. Jaalala isa kam akka isheen odeessitu isaaf hingalle. Harka isheetiin harka isaa tuqxee jennaan dafee irraa deebi’ee sreee irra gadi taahe.

Bakka dhaabattutti haftee ija isaa keessa ilaaltee kolfite. Kolfa naasisaa-sodaachisaa san.

“Joonjee, durba baadiyyaan sitti fakkaadhe miti?” jette.

“Akkam?”

“Huccuu kiyya. Fuula kiyya. Rifeensa kiyya tana ogguu ilaaltu. Aadaadha bar. Achitti ni bareeda.”

Dhiiftee isa cinaa sreee irra teesse.

“I...Eehee.”

Hafuurri isaa dhaqee deebi’uu dadhabe- barsiisaa Boonsaan.

“Maal ree?”

“Maal.”

“Maalin sitti fakkaadha?”

“Maal... maal jedhuree?... mucayyoo xinnoo haasaan ishee miyaa’u.”

“Bareedduu maaf naan hinjenne?” jette.

“Gaafa guddattee geessee jedhamta kaa?”

“Isa dhiisi. haayaa, amma nan deema.” jettee kaate.

Dhugaadha hinseene. Sodaatee ture. Dafee harka isaa itti hiixate.

“Nagaan buli.” jettee, harka fuute.

“Atis nagaan buli.”

Yeroo isheen baatu balbala cufee deebi’ee siree isaa keessa seene-qormaata irraa furamuu isaaf boqonnaatu itti dhagahame. Silaas ofi sodaatee of jeeqe malee umriin mucayyoo kanaa waan shakkisiisu miti. Iccitiin ishee duubaa garuu, hiboodha.

B. Jechoota “A” jala jiraniif hiika isaanii “B” jalaa filuun walitti firoomsi.

A

1. guulaa
2. cufti
3. miiiri
4. azala
5. bakkalcha
6. mishaa
7. haaxaroo
8. hibboo
9. aayaa
10. hedda
11. majan
12. foo’aa sariiti

B

- a. dhageettiin
- b. foo’aa sariitiin footu
- c. gaarii
- d. collee
- e. urjii guddaa barii bahu
- f. muraa addaa
- g. safuu
- h. feeta/ barbaadda
- i. harmee/ haadha
- j. icciitii/ dhokataa
- k. kichuu
- l. marti/ hundi

C. Gaaffiiwan armaan gadii dubbisicharratti hundaa’ii “dhugaa” ykn “soba” je chuun deebisi.

1. Barsiisaa Boonsaan kakuu isaarratti yeroo hunda ejennoo cimaa qaba.
2. Mucayyoon sun umrii ishiitii ol bilchaattuudha.
3. Barsiisaa Boonsaan lakkofsa ishiin balbala rukuttee seentutti kakuu isaa diiguuf qorama.

4. Mucayyoon sun ta'e jetteetu barsiisaa Boonsaa qoraa turte.

5. Mucayyoon eenyummaa ishiitti hedduu boonti.

D. Gaaffiiwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Boonsaan barsiisaa ta'ee osoo jiruu mucaa umriin ishii waggaan kudhasadii kajeeluun isaa sirriidha?

2. Dubbisicha keessaa keeyyata lammaffaa keessatti "fedhiin isaa inni du'ee hindu'iin" isa kam agarsiisa?

3. Uumaan nama qoraa?

4. Osoo si taatee kakuu galte gara kutannaan cimsitee eeggatta moo akka barsiisaa Boonsaa balaalleffatta ykn osoo beektuu irraanfatta?



Gilgaala 4:

Malleen Dubpii

Malleen dubpii himoota armaan gadii himi.

1. Jireenyi farda guulaadha.

2. Bakkalcha sana irratti ibsite-mucayyoo xiqqoon.

3. Azala qormaataaf guddataa jirtu.

4. Sammuu isaa isa waardiyyaa dhaabachuuf kakatetu morme.

5. Kolfa naasisaa-sodaachisaa sana kolfite.

6. Aagaan dhimma michuu isaa san osoo yaadatuu irraanfata.

7. Yeroo san leenci iitti dhufnaan akka allaadduu bishaan keessaa rom'e.

8. Barsiisaan keenya barataa Irreessoona guyyeeffatee dhufnaan, "Akkam ganamaan dhufte." jedheen.

9. Hantuutni arba dura dhaabatee isa golgite.

10. Murtoon harmee koo takka takka murtoo akka akkoo manooyeeti.

Barannoo 2: Garaagarummaa Asoosamaafi Alasoosamaa



Gilgaala 5:

Garaagarummaa Asoosamaafi Alasoosamaa

- Armaan gaditti keeyyatooni lama siif kennamaniiru. Inni jalqabaa asoosama gabaabaa dubbisa boqonnaa kana jalatti dubbisterraan kan fudhatame yoo ta'u, inni lammafaan keeyyata ibsaati. Dubbisii garaagarummaa jara lamaan gidduu jiru ibsi.

A

Uumaan-uumamni- namni- qaamni ofii- humni ofii-miirri ofii....kun cufti si qora. Kun cufti farda jirenyaa ati gulufsiisturraa si kuffisuuf si darbata. Jirenyi farda guulaa mitii? Yoo itti baatu si fuudhee fiigee –ofii kaatee si sirbisiisee- kan fagoo hingeenyeef qaama si hurguufee-lubbuu si fuudhee dafqa sirra roobsee-yoo itti beekteef kolfa qasaasee-itti wallaallaan si imimmaansissee –utuu jira jettee itti rarraatuu –utuu ati hinsee'iin biyyoon si maka.

B

Barattoonni kutaa kudhalamaa barnoota olaanaa galuufi gosa ogummaa barachuu barbaadan argachuuf cimanii hojjechuu qabu. Kunis sababa jedhamuufii qaba. Tokkoffaa, carraan kun takkaa qofa kennama. Yoo isaan jala darbe sana booda akka barataa idileetti lakkaa'amanii ilaalchi barbaachisu isaanii godhamuu hindanda'u. Lammaffaa, haamileen erga carrichi nama darbee booda ittiin hojjetaniifi akka barataa idileettii hojjetan garagara. Erga carraan duraa darbee ofirratti amantaan, "Irra deebi'ee hojjedheen qabxii olaanaa fida," jedhu hedduu isaaniirratti nihir'isa.

ykn tasa nidhabama. Sadaffaa, akka barataa idilee guyyaa guyyaatti mana barumsaa oolanii waan barnoota hindalagneef yaaliin isaanii gargar ciccitaa ta'a. Humna guutuudhaan hinqo'atani jechuudha. Carraa takkaa namaaf kennname humnaafi dandeettii qaban gargaaramanii hojjetanii tarkaanfachuu malee yoo takkaa nama darbe karaatti deebifachun ulfaataadha.

2. Garaagarummaa jara lamaan giduu jiru, kan yaalte, hiriyota lama ykn sadii cinaa kee jiran waliin irratti mari'adhu.
3. Kan waliin irratti walii galtan ammoo barattoota fuuldura ykn duuba keessan jiran waliin irratti mari'adhaati yaada walii galaa tokko dareef ibsaa.



Gilgaala 6:

Caacculee Asoosamaa

Gaaffiwwan armaan gadii gareen hojjedhaa.

1. Brasiisaa Boonsaan, osoo ofii isaa waliin wal'aansoo of qabuu mucayyoon dhufti. Waliin dubbiin isaan godhan "Jarri kun sila maal ta'uun hedu?" gaaffii jedhu namatti kaasa. Amma ammoo buddeena bituu deemti. Sana gidduutti barsiisaa Boonsaan sal'oo ofii isaa waliiniitti deebi'a. Yeroo nyaata bittee fiddee dhuftu, waliin dubbii jalqabu. Waliin dubbii isaanii keessatti mucayyoon xinnoon sun, "Isaaf tahes arguuf hedda." jechaa fedhii duraanuu dhikkifachaa jirutti ibidda qabsiifti. Amma ammoo nyaata isa hafe fuutee kutaa mana ciisichaa haadha ishee deemti. Barsiisaa Boonsaan ammoo ofiin dubbiin waxalama. Kakuu isaa irraanfachuuf yaala. Gidduutti ammoo mucayyoon nidhufti. Kolfa naasisaafi sodaachisaa itti

kofalti. Siree isaarra isa cinaa teessi. Hafuurri isaa dhaqee deebi'uu dadhaba. Ijaarsi ta'insootaa akkasii maal jedhama?

2. Waraabbii asoosama "Godaannisa"(1992:15) keessaa fudhatame kan armaan gadiirratti hundaa'iiti caaccuu kamtu irra caalaatti akka mul'ate himi.

Sammuun koo walii galuu didee lamatti hirama.

"Nan deema."

"Hindeemtu."

"Nan deema."

"Hindeemtu."

"Maaliifan hindeemu?"

"Hinbeeku!Hindeemtu."

Dhaabaa (1992:15)

3. Asoosama gabaabaa dubbiste bakki inni itti raawaatame kutaa mana ciisichaa hoteela tokkootti. Yeroon inni itti raawwates galgala. Caaccuun asoosamaa bakkaafi yeroo asoosamni tokko itti raawatamu mul'su maal jedhama?
4. Asoosama dubbiste keessatti kan sammuu barsiisaa keessa seenee wanta sammuu isaa keessatti ta'u tokko lamaan senesse eenu?
5. Gaaffiin tokkoffaan shaakala yeroo dubbisaa "Namoonni" asoosamicha keessatti hirmaatan eenu akka ta'an gaafata. Amala namaa fudhatanii kanneen asoosama tokko keessatti hirmaatan maal jedhamu?
6. Namoonni tokko tokko humna dhageettii ykn fedhii keessa isaaniitti isaan dhikkifatu ukkamfataniii taa'uuf humna nidhabu. Kan humna

dhabu sammuu isa hamaafi gaarii addaan baasu; isa wantoota ija safuu hawaasaan, ija kabajaan ilaalu. Jarreen kun lamaan nama tokko keessatti akka ijoollee walirratti dhalattee walii hinciisan; wal himatu; wal mormu; wal sal'isu. Tokko yeroo tokko yoo moo'e, yeroo biraa isa tokkotu garagalcha. Kun yaadota ijoowwan dubbisichi dabarsu keessaa isa tokko. Asoosama keessatti yaanni akkasii maal jedhama?

**Gilgaala 7:****Asoosamaa Gabaabaa Barreessuu**

Ta'insa (muudannoo) ykn gocha tokkoratti hundaa'uun asoosam gabaabaa tokko barreessiiti barattoota daree keef dubbisi.

Boqonnaa 12: Diraamaafi Asoosama

Kayyoo: xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada asoosamaafi diraamaa hubatta.
- faallaa jechootaa himta.
- garaagarummaa diraamaafi asoosamaa ibsita.
- diraamaa barreessitee hubannoo gabbifatta.

Baranoo1: Dubbisuu



Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Himoota armaan gadii gareen irratti mar'adhaa.

1. Namoonni haasa'aa ykn hojii nama bashannansiisu qaban si qunnamanii beekuu?
2. Barreeffama nama bashannansiisu dubbistee beektaa?



Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Dubbisicha sirriitti erga dubbstee booda, keeyyatoota 2, 3,fi 4 irratti hundaa'iiti gabatee armaan gadii guuti.

Gosoota og-barruu	Tokkummaa	Garaagarummaa
Asoosamaafi diraamaa		

Diraamaafi Asoosama

Ogummaan damee beekumsaa ta'ee baay'ee bal'aafi waantoota hedduu kan of jalatti hammatu. Fakkeenyaaaf, ogummaa xiinsammuu, ogummaa seenaa, ogummaa barreessuu, ogummaa aartii (fakkii kaasuu) kkf of jalatti qabata. Ogummaan barreesuu dameewwan garagaraa qaba. Isaanis, asoosama, walaloo, diraamaa fa'i. Jarreen keessaa tokkummaafi garaagarummaa diraamaafi asoo-

samaa armaan gaditti ilaalla. Jalqaba tokkummaa isaanii erga ilaallee booda itti aansuun garaagarummaa isaanii ilaalla.

Diraamaafi asoosamni damee ogbarruuti. Jarri lachuu barreeffamaan dhihaatu. Diraamaan waltajjiiratti osoo taatotaan hindhihaatiin dura nibarreeffama. Waan barreeffame sana taatotni akkeessuun waltajjiiratti dhiheessu. Inni kan biroon, diraamaafi asoosamni, caacculee kanneen akka ijaargochaa, seenaa, yoomeessa, dhaamsa, waliddaafi namfakkiitiin ijaaramu. Kana malees, lachuu muuxannoolee jirenya namaa waliin wal qabatan calaqqisiisu. Rakkoolee ha-waassummaa, kabajaalee hawaasaafi falaasama hawaasa tokko keessa jiru baasanii uummatichumatti dhiheessuuf ogummaaleen barruu kun shoora olaanaa taphatu.

Diraamaafi asoosamni waan itti garaagara ta'anis nijira. Isaanis, diraamaan damee ogbaruu haata'u malee caacculeen diraamaa kanneen akka akkees-saa fa'iin beekama. Asoosamni garuu nafakkootuma asoosamichaa walak-keeffatee dubbistootaaf dhihaata. Diraamaan garuu, namfakkoota barruurraa taatotaan bakka buusuun dalaga namfakkoota sanaa akka taatotni waltajjiiratti dhiheessan gochuudha. Inni kan biroon, diraamaan daawwatoota malee hindhihaatu. Asoosamni garuu yeroo maxxansamu, dubbisaa nidubbisa jedhamee yaadameetu malee maxxansamuuf qaamaan dhihaachuun dubbisaa dirqama miti. Faallaa kanaan, diraamaan akka dhihaatuuf daawattooni ji-raachuun dirqama. Irra jireesa, diraamaan waliin dubbiidhaan dhihaata.

Kana malees, taatotni dabareen dubbii walirraa fuudhuun gocha isaa gara fuu-la duraatti adeemsisu. Asoosamni garuu, seenessamaan, waliin dubbiin ykn ofiin dubbiidhaan ykn jara mara walmakuun dhihaachuun danda'a. Kan diraamaa asoosama irraa adda taasisu inni kan biroon, namni barates (dubbisu) namni hinbarannes (hindubbisnes) daawwachuu danda'a. Asoosama garuu nama dubbisuu danda'u ykn yoo dubbisamu nama dhaggeeffatu qofaatu ergaa isaa hubata. Qophaa'ee hanga daawwatoota gahutti namoonni diraamaarratti hirmaatan hedduudha. Kan asoosamaa garuu barreesichuma qofa.

Tatotni diraamaa waltajjiirratti dhiyaachuun, uffataafi faayaa godhataniin, dubbii dubbataniifi gocha raawwataniin ifa bahanii mul'atu. Namfakkoonni asoosamaa jechoota barreessaan filateen ibsamani gochaafi gaheen isaanii sammuu dubbistootaa keessatti akka hafu, miira namaas akka kakaasu taasifamu.

Akkuma qaroominni ilmaan namaa fooya'aa adeemu, qophiin diraamaafi asoosamaa fooya'aa dhufeera. Asoosamaa barreeffame gara fiilmiitti jijiiruun diraamaa waltajjiirratti dhiyaachuu malu seenessanii raadiyoon dabarsuudhaan akka caqasamu gochuun eerga jalqabamee tureera. Walumaa galatti, asoosamaafi diraamaan gosa og-barruu jiruu dhugaa ibsuuf yaalani. Isaaniin dubbisuuniifi caqasuun waan baay'ee barachuun waan danda'amuuf, ittiin bashannanaa ir-raa barachuuf hamma tokko yeroo murteessanii kennuufiin barbaachisaa ta'a.

B. Jechoota ykn gaaleewwn "A" jala jiraniin hiikaan kanneen wal fakkaatan "B" jalaa filuun walitti firoomsi.

- | "A" | "B" |
|-----------------------|---|
| 1. namfakkeessuu | a. caaseffama gochootaa |
| 2. ijaargocha | b. namoota lamaafi isaa oliin dubbii godhamu |
| 3. daawwachuu | c. beekumsaan guddachuu |
| 4. taatota | d. ilaalcha keessa galee |
| 5. yaadamee | e. ilaaluun hordofuu |
| 6. xiinsammuu, | f. namfakkoota bakka bu'anii kanneen hirmaatan |
| 7. diraamaa | |
| 8. waliin dubbiidhaan | g. qaaccessuu, hiikuufi madaaluu |
| 9. ofiin dubbii | h. xiinxala sammuu |
| 10. qaroomina | i. dubbii namni tokko ofiin godhu |
| | j. agarsiisa taatotaa waltajjiirratti dhi haatu |

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuun Boodaa****A. Gaaffiwwan armaan gadii gareen hojjedhaa.**

Roobsan diraamaarra asoosama dubbisuutuu caalaa hubannoo namaa cimsa jedha. Jiinenuus ammoo ijaanillee waan ilaalamuuf diraamaatu irra caalaa hubannoo namaa cimsa jedha. Feeneet ammoo bu'aafi hanqina ofii waan qabaniif lachuu itti gargaaramuun nama fayyada jetti. Ati hoo yaada isa kam deeggarta? Maaliif?

B. Diraamaa ta'insa tokkorattii xiyyeffatu filadhuutii, barruu diraamaa (iskiriptii) barreessi.

Yoo barruu diraamaa kee kan warra kaaniirra caalee filatame, namfakkoota iskiriptii sanaa namoota bakka bu'uu danda'an filuun shaakalaati dareef dhiheessaa. Yoo ammas, dareef kan dhihaatan keessaa caalee darbe, mini-miidiyaa mana barumsichaattii akkasumas, barattoota mana barumsichaa waliigalaafi dhiheessaa. Yoo danda'ame Biiroo Aadaafi Tuurizimiitti dhiheessuu yaalaa.

Boqonnaa 13: Tumaa

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- ijoo dubbisichaa hubatta.
- hiika jechoota haaraa addaan baafattee himta.
- walqabsiistuun bakka duwwaa guutuun yaada tokko akka wal-simatu tasisista
- keeyyata keessaa hima ijoo baasta.
- keeyyata barreessta.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

1. Nama irga isaa gurraacheffate argitee beekta?
2. Namni irga isaa maaliif tumata?
3. Irga tumachuun dhiibbaa akkamii qaba jettee yaadda?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa
tumaa qe'ee dafqa



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii si'a lama irra deebitee dubbistee qalbeefachuuun yeruma dubbistu deebisi.

1. Tumaan baadiyyaatti moo magaalatti irra caalaa tumama?
2. Namoonni tumaa tumatan maal maal isaanii tumatu?
3. Miidhaaleen tumaa wajjiin wal qabatanii dhufan maal maal fa'i?
4. Tumaatti irra caalaa kan hirmaatan warra dhiiraa moo warra dubaraati?
5. Faayidaan tumaa maali?

Tumaa

Haati Sooressaa, Aadde Tolasheen, ogummaa tumaa tumuun jirenya ishii gaggeessiti. Dubartoonni ishii bira dhufan akkuma umriin isaanii garagaaraa qaamni isaan tumsiifatanis garaagara. Kaan dhukkuba quufa mormaa morma isaaniitti baheerraa fayyuuf tumsiifatu. Jarri kun, qaama dhukkubichaan dhiita'erra lilmoo Aadde Tolashiin tumaa oolu. Kaan ammoo, bareedinaaf maddii isaanii qarqara gurra mirgaatii hanga qarqara gurra bitaatti marsanii tumatu. Kanneen harkarra, sarbaarrafi dirinyii ilkaanii tumatan hedduudha.

Aadde Baaccuun ji'a har'aa, guyyaa Dilbataa, ganama akkuma bunni tumamee itti nam'uuf jedhetti, dhufte.

“Ijoo!” jette.

Namni ishii dhagahe hinturre.

Ammas deebistee, “Warra Manaa!” jette.

Ammalee warri manaa hindhageenye ture.

Humna qabdu hunda sassaabbattee, sagalee ishii ol kaaftee, “Warri kun!” jette.

“Namni alaa isin waama ijoo!” jedhe abbaan Sooressaa, Obbo Dhinsaan, abbaan warraa Aadde Tolashii.

“Ahh!..Ahh...! Mee cal jedhaamee ijoolle! Maal akka simbirroo walitti nam’itee wacci adaraa Waaqaa! Eenyu? Seenaa.” jette Aadde Tolashiin.

Namni ganamaan qe'ee isaanii dhufu dhimma tumaaf akka dhufu eenu caalaa nibeekti. Ishiif buddeena. Guyyaa walakkaa nama tokko tumaa ooltee adii tokko fudhatti. Warra tumatuuf ammoo ykn dhukkubarraa baraaramuuuf ykn ammoo bareeduuf. Kaan ammoo, dhukkuba tumichumti isaanitti fiderra fooyee arganna jedhanii gara Aadde Tolashii deebi'anii dhufu. Aadde Tolashiin isaaniif “doktora” isaaniiti. Ishii malee “doktora” biraahinbeekani. Ishiin ammoo “doktorummaan” ishii tumuudhuma. Tumichi ammoo fayyina isaanii fidee hinbeeku.

“Eenyu? Oi seenaa.” jette Aadde Tolashiin.

“Maal anoo qee’ee waan gadhiiftanii godaantanan see’e? Nan waama hindhageessani; nan waama hindhageessan,” jette ol seentee abbaa Sooressaa harka fuutee dabartee haadha Sooressaa harka fuudhaa.

“Maal ijoollee tokkotu gola keessaa natti wacawootii eessaan waa dhagaha jettaniiti haadha Dhugaasa. Mee taa’aa mee ! ” jette Aadde Tolasheen Aadde Baaccutiin.

“Maalan taa’aa haadha Sooressa. Eda akkattan bule Waaqafi ana qofaatu beeka. Asan garagala; achan garagala; nan aada; nan cinqama. Walumasaayuu hinbeeku. Gaafa naaf bari’e waanan du’aa ka’en see’e,” jette Aaddee Baaccun.

“Maal! Maal taatani?”

“Yaa haadha Sooressa, bakki isin yeroo darbe naaf tumtan darbee barbee dhidhiita’e mitii kunoo?”

“Wayyoo! Anaan!..., anaan!..., Mee buna tokko irraa baaseen akka hinbal’annettin itti marsee isinii tuma. “ jette.

Kana gidduutti, sagalee alaa isaan waamu dhagahanii, eenyu akka ta’aniifi akka seenan itti himan. Dubaree ji’a booda heerumtu turte. Oi seentee teesse. Dubareen yeroo kana mana namaa, keessumattu mana Aadde Tolashee fa’i maaliif akka deemtu hundi beekaatii namni ishii gaafate hinturre. Keessumattuu Aadde Tolashiifi maatiin ishii dubareen kun dirinyii ilkaan ishii tumachuu akka dhufte nibeeku. Ishiin ammoo, namni tokko akka ishii durseeru silaa bartee teessee dabaree ishii eeggachuuf murteessite.

Aadde Tolashiin gola seentee buna ishiirraa baaftee bunicha dhuganii, barcumma ishii gadi baafattee teesse. Aadde Baaccuun ammoo fuulduura ishii wandaboo ishii luka ishii jalatti sassaabbattee, diriirfattee aadde Tolashii jala teesse. Dugda ishii ammoo luka aadde Tolashii lamaan gidduun barcumichatti hirkifattee mataa ishii gara aadde Tolashiitti hirkistee morma ishii itti qabde. San booda, aadde

Tolashiin cilaattii laambaa boba'ee walitti kuufame moofaatti hiitee keessee jirtuufi lilmoo ishii qabattee qarqara isa madaa"ee naannessitee caqacaquutti kaate. Aadde Baaccun dhukkubni inni kun yeroof dhukkuba isa duraarra waan caaleef inni duraa waan ishii dhiise itti fakkaatee dhukkuba isa lilmoodhaan waranamtuu obsite. Sa'aatii sadiitti kan calqabme sa'aatii torbatti dhume.

"Jabaadhu egaa madichi niqora qaama isa kaanittis hinbabala'atu" jetteen Aadde Tolashiin erga ka'aniin booda, akka ogeettiin fayyaa tokko ogummaa ishiirratti hundooftee wanta ta'u tokko himtuutti .

"Mee egaa Waaqqayyo haa jedhu." jettee, adii tokko itti hiixatte Aadde Baaccuun.

"Muh! Haadha koo, isin fayyaa malee kun maal godha jetteti?" jettee diddee hindinnesi adicha irraa fuute haati Sooressaa.

Dubareenis dabaree ishii eegdee Aadde Tolashii jala teesse. Aadde Tolashiin ammoo cilaattii, karaa mirgaa keewwattee jirtu irraa qubawan ishiin hammarree dirinyii ilkaanii dubareetti mammaragdee lilmoo ishii qabattee tumti kaate. Otuma tumtuu otuma tumtuu, dubareenis gorora dhiigaan wal make ol jettee otuma tuftee deebituu otuma tuftee deebituu, silaa Aadde Baaccuun itti barteetti homaa ishiitti hinfakkaatu, dubareen jalatti laabbofte. Ijji ishii nidiimate. Fuulli ishii mimmixa fakkaate. Dafqa roobsuutti kaate.

"Jabadhu! fixaan jira." jetti Aadde Tolashiin.

Intalli jalaa homaa illee hindeebiftu. Osoo humna isaa qabaattees afaan maaliin deebifti?

Itti cimnaan intalli akka aaduu taate.

"Obsi malee mucaa koo! Kun qormaata ishii xiqqodha. Ji'a booda heerumta mitii? Maarree qormaata hedduutoo si eeggataa. Ishii kan obsuu dadhabdaa?" jetteen Aadde Tolashiin.

Dubartoonni hedduun waan ishii jala oolaniif icciitii tokko tokko isaanii nibeekti.

Dubaree kana, heeruma booda wanta ishii mudachuuf jiru nibeekti. Kanaaf waan akka gorsa fakkaatuu “Hoo’u”, ittiin jetti.

Sa’aatii torbaafi walakkaatti kan jalqabde sa’aatii kudha tokkotti fixxe.

“Siif haa qabatu egaa mucaa koo!” jettee, irraa kaate.

“Bishaaniin akka hinlulluuqanne. Hanga guyyaa sadiiitti bishaan akka itti hindhugne. Nuugii tumame malee waan biraa akka hinnyaanne. Hanga guyyaa sadiiitti, qilleensi yoo gale halluu gurraachaa irraa kaasaati, kolfa akka hinkolfine” jettee yandoo qajeelfamaa itti roobsite.

“Ishii kan kolfaallee hinsodaadhu. Silas wanti badaadhuma na kofalchiisu eessa jiraa miti. Bishaan guyyaa sadiiif dhuguu dhiisuu danda’uu koo garuu ani hinbeeku.” jette garaa ishiitti, dubareen silaa afaan gargar hinsaaqiin jedhamteetti. Achiin booda adii tokko itti hiixatte.

“Maaloo, mucaa wallaalaa kanarraan horii fudhaa?” jettee akka diduu taatee, silaa diddee hindiddu harkaa fudhattee gaggeessitee Aaddee Tolashiin.

Kana malees, torban lama booda dubareen kan biroon dhuftee maddii gurra mirgaa jalaa kaaftee hanga gurra bitaa jalaatti boca sarara lama irratti hundaa’ee bocamu tumathee galte.

Takka ammoo, torban booda harka ishii lamaan (bakka sa’atiin kaawwatamutti) marsitee tumatte.

Haata’u malee, Aaddee Baaccuun dhukkubni ishiitti cimee ji’ a sadii booda gidiraa heddu erga argiteen booda duute. Karaa lilmoon Aaddee Tolashiin waraante, daranyoofi qurciin akka seenaaniif sababa ta’ee du’aatii Aaddee Baaccuu ariifachiise. Kan nama gaddisiisu namni icciitii kana beeku tokkollee hinturre.

Jarreen lamaan maddiifi harka tumatan obbolaa magaalaa Finfinneetii qabu waan tureef, gaafa achi deeman namni karaarra isaan dabarsuu dide. Tokko

"Ilaa ilaala intala baadiyaa sana! Maddii akkas bareedu shumbureessite. Safuu! Yaa jirenya baadiyyaa!" jedha. Kan biraan ammoo, "Ilaala intala baadiyyaa sana, baadiyyaa sa'aatiin waan hinjirreef, qaamni harka ishii sa'aatii akka fakkaatuuf cocorresite." jettiin. Kanarrraa kan ka'e, dubareewwan sun manaa bahuu sodaatan. Baay'ee jeeqaman. Yakka guddaa akka hojjetan godhanii fudhatan. Yoo rafan jara isaan ceepha'antu abjuutti itti dhufa. Waggaan itti aanutti mana barumsaa galanii barattoonni karaa darbaa isaan dhowwatan. Sababa kanaan, namaa gadi ta'uunisaanii, yoomiyuu nama guutuu akka hintaanee, hir'ina qaamaa akka qaban yaadu malee barnoota tasa hinhorhofan. Karaa bira, barsiisonni gadi bu'aatii qabxii isaanii argan akka dhibaahaniitti fudhatu malee jeeqama sammuun akka rakkatan hinbeekaniif. Osso gorsi obbolaa isaanii isaan hindeeggarre ta'e, nimaraatu ture. Erga barnoota fixanii hojjii qabataniiliee tumaa isaanii kanatti hedduu leeyya'u. Akka carraa ta'ee fayyaa isaaniirratti waan hamaa hinfidiin malee, jirenya hawaasummaafi jeeqama sammuu isaaniirratti dhiibbaa hammana hinjedhamne isaanitti fideera.

B. Jechoota Armaan gaditti "A" jala jiraniif hiika isaanii "B" jalaa filuun walitti firoomsi.

A

1. wandaboo
2. tumuu
3. adii tokko
4. moofaa
5. gola
6. laabbofte
7. horii
8. yandoo
9. cocorressite

B

- a. saantima shantama
- b. lawwaasofti, laanqusoofti
- c. diinqa, gorroo duuba
- d. qaama ykn huccuu halluu gargaraa qabu
- e. qarshii
- f. wawwaraanuu
- g. rooba hamaa
- h. erbee, huccuu daran butute
- i. uffata aadaa kan dubartii

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuu Boodaa**

Gaaffiwwan armaan gadii afur afur ta'aati irratti mar'adhaa.

1. Yeroo addee Tolashiin tumtuufi aadde Baaccuun tumattu akka dubbisicharratti ibsameen suuraa isaanii kaasi
2. Aadde Baaccuun morma ishii kanaan dura tumame dhidhiitofnan gaafa dhufte aadde Tolashiin "Qarqara qarqara isaa itti marseen sii tuma." jettee tumtee gadhiifte. Gocha kana nideeggarta moo nimormita.
3. Ati osoo dubartoota tumaa tumatanii Finfinnee obbolaa bira deeman taatee maaltu sitti dhagahama?
4. Tumaa tumachuun aadaa itti fufuu hinqabne moo kan itti fufuu qabu?

Barannoo 2: Barreessuu**Gilgaala 4:****Caasaa Keeyyataa**

Keeyyata armaan gadii dubbisiiti gaaffiwwan armaan gadii deebisi.

1. Hima ijoo keeyyaticha baasii barreessi.
2. Himoota callaa keeyyaticha keessa jiran addan baasi.
3. Hima goolabaa keeyyata kana keessaatti yaada gudunfuuf gale baasii barreessi.

Barattooni kutaa kudhalamaa barnoota olaanaa galuufi gosa ogummaa barachuu barbaadan argachuuf cimanii hojjechuu qabu. Kunis sababa jedhamuuf qaba. Tokkoffaa carraan kun takkaa qofa kennama. Yoo isaan jala darbe, sana booda akka barataa idileetti lakkaa'amanii ilaalchi barbaachisu isaanii godhamuu hindanda'u. Lammaffaa, erga Carrichi nama darbee booda ,hamilee ittiin hojjetaniifi akka barataa idileettii hojjetanii garagara. Erga carraan duraa darbee ofirratti amantaa irra deebi'een hojjedheen qabxii olaanaa fida kan jedhu hedduu isaanii irratti nihir'isa ykn tasa nidhabama. Sadaffaa, akka barataa idilee guyyaa guyyaatti mana barumsaa oolanii waan

barnoota hindalagneef yaaliin isaanii gargar ciccitaa ta'a. Humna guutuun hinqo'atan jechuudha. Carraa takkaa namaaf kenneame humnaafi dandeettii sammuu qaban xuuxxatanii hojjetanii tarkaanfachuu malee yoo takkaa nama darbe karaatti deebifachhun ulfaataadha.



Gilgaala 5:

Walqabsiistota

Walqabsiistota hima tokko hima biraan waliiin walqabsiisan keeyyata araan ga-dii keessaa baasii barreessi.

Jarreen lamaan maddiifi harka tumatan obbolaa magaalaa Finfinneetii qabu waan tureef gaafa achi deeman namni karaarra isaan dabarsuu dide. Tokko "Ilaa ilaala intala baadiyyaa sana! Maddii akkas bareedu shumbureessite. Safuu! Yaa jirenya baadiyyaa!" ittin jedha. Kan biraam ammoo, "Ilaala intala baadiyyaa sana, baadiyyaa sa'aatiin waan hinjirreef, qaamni harka ishii sa'aatii akka fakkaatuuf cocorreesite," jettiin. Kanarrraa kan ka'e, dubareewwan sun manaa bahuu sodaatan. Baay'ee jeeqaman. Yakka guddaa akka hojjetan godhanii fudhatan. Yoo rafan jara isaan ceepha'antu abjuutti itti dhufa. Waggaan itti aanutti mana barumsaa galanii barattoonni karaa darbuu isaan dhowwatan. Sababa kanaan, namaa gadi ta'uunisaanii, yoomiyuu nama guutuu akka hintaanee, hir'ina qaamaa akka qabaan yaadu malee barnoota tasa hinhorofan. Karaa biraan, barsiisonni gadi bu'aatii qabxii isaanii argan akka dhibaahaniitti fudhatu malee jeeqama sammuun akka rakkatan hinbeekaniif. Osso gorsi obbolaa isaanii isaan hindeeggarre ta'e nimaraatu ture. Erga barnoota fixanii hojji qabataniillee tumaa isaanii kanatti hedduu leeyya'u. Akka carraa ta'ee fayinna isaaniirratti waan hamaa hinfi-diin malee, jirenya hawaasummaafi jeeqama sammuu isaaniirratti dhiibbaa hammana hinjedhamne isaanitti fideera,

Boqonnaa 14: Seera Makoo Billii

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dhaamsa dubbisichaa himta.
- hiika jechootaa galumsa isaaniin kennita.
- dandeettii haasawaafi sirna haasawaa gabbifatta.
- falmiifi sirna isaa hubatta.
- walduraa duuba yaadaa eeguun barreeffama seenessaa qopheessita
- dhaggeeffattee waan hafe guutta.

Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Amma barreeffama mata duree ‘Abbaa Warraa Hinaafaa’ jedhu jalatti dhiyaate yommuu barsiisaan keessan isiniif dubbisu dhaggeeffachuuf jirtu. Sana dura garuu gaaffiwwan armaan gadii lama lama ta’atii irratti mari’adhaa.

1. Jirenya kee keessatti wanti si rifaachiisu sitti dhagahamee beeka?
2. Jalqaba maal akka taate, waan si mudataniifi xumura irratti wanta sitti dhagahame hiriyyaa keef ibsi.
3. Jechoota himoota armaan gadii keessatti jala sararaman hiika isaanii galumsa isaaniirraa tilmaami.
 - a) Bara beelli hundatti dhufe nama nama baraaru argachuun rakkisaadha.
 - b) Namni deemaa oolee dadhabe yoo hirkate boqota.
 - c) Yoo kokkeen nama cufame bishaanillee gadi namaa hindarbu.

**Gilgaala 2:****Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

- A. Amma barreeffamicha dhaggeeffachuuf jirtu. Barreeffamichis si'a sadii isiniif dubbifama.
- Si'a duraa callisaan dhaggeeffadhaa.
 - Si'a lammataa yaadannoo qabadhaa
 - Si'a sadaffaa, yaadannoo qabattanirratti hundaa'iiti gaaffiwwan armaan gadii sirriitti deebisuu kee mirkanoeffachaa dhaggeeffadhu.
1. Ta'insichi yoom raawwate?
 2. Wanti abbaa warrichaa irratti raawwatamee maal?
 3. Baratichi kutaa meeqaffaa barata ture?
- B. Himooni armaan gadii duraa duuba isaanii eeganii hinbarreeffamne. Duraa duuba isaanii akka isa dubbisa dhaggeeffatteetti sirreessii barreessi.
- Utaalee kokkee na qabate.
 - Guyyaa Jimaataa ture.
 - Akkuman ta'u ta'een gadhiifadhee bade.
 - Karaatti natti dukkanaa'e
 - Dhiha keessaa sa'aatii tokkoof walakkaa ture.
 - Halkan sa'aatii afuriifi walakkaatti abbaan manaa dhufe.
 - Mana Barumsaatiin gala ture.
 - Mana tokko akka nabulchaniifan gaafadhe.
 - Abbaan warraa karaa deemeera.
 - Haati warraa naaf hayyamte.

**Gilgaala 3:****Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Obbo Sooreessaan abbaan warraa Aadde Aagitutti. Ishiittis hedduu hinaafa. Waanuma hinjirre sammuu isaa keessatti uumee "Har'a eessa oolte?", "Ebelu maaf si dubbise?", "Ebelu maaf si ilaale?" jechaa ishii mankaraarsa. Ishiin garuu amanamtuu akka taate nibeekti. Ati osoo mucaa isaaniiti taatee maal maal jettee jara gorsita? Afur afur ta'aatii qabxiwwan gorsaa maal maaleffachuu dhumarrati barattoota hundaaf dhiheessaa.

Barannooo 2. Dubbachuufi Dubbisuu



Gilgaala 4:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiiwan armaan gadii sadii sadiiin irratti mari'adhaa.


1. Uummanni tokko seera malee akkuma fedhetti yoo bule maal ta'a?
2. Seera naanno keetti jaarsoliin tumame himi.
3. Gaarummaafi dadhabina seerota sanaa himi.
4. hiika jechoota kanaan gadii tilmaamaa
 - a. lallabame
 - b. seera tume
 - c. akeeka
5. Uummani kun maal akka dhaggeeffachaa jiru tilmaami.



Gilgaala 5:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Keeyyata 8ffa sirriitti dubbisii caasseffama yaadaa aramaan gadii deebisi.



- B. Seerota keeyyata 11 jalatti tumaman yakkawwan raawwatamaniif adabbiwwantu kennaman. Keeyyaticha sirriitti dubbisii gabaticha guuti.

Lakk.	Yakkawwan raawwataman	Adabbii :waggaan/horiin
1		
2		
3		
4		
5		
6		
7		
8		
9		
10		
11		
12		

Seera Makoo Bilii

Seena uummata Oromoo keessatti abbootiin caffee naannoo naannootti hawaasaaf hojii guguddaa hojjetanii darban hedduudha. Isaan keessaa Makoo Billii tokko. Makoo Bil'ii abbaa caffee bara dur durii Oromoo Maccaa ogganuun beekamaafi nama jaalatamaa ture. Naannooin inni gaggeessaa tures walakkaa Salaalee, Bachoofi Laga Gibee gidduutti lafa argamu kan har'a irra caalaan isaa Shawaa Kibba Lixa jedhamee beekamu.

Makoo Billii dhalatee kan guddate lafa Tulluu Irreessaa(Tulluu Faachaa) jedhamutti. Gosti inni irraa dhalates gosa Oromoo Leeqaa jedhamu. Makoon dhalootaan Leeqaa haata'u malee, gosoota Maccaa biroo kan akka Horroo, Limmuu, Liiban Sadan, Noolee, Iluufi, kan biroos ni'ooggana jedhama ture. Gosoota Makoon bulchu kanniin keessaa warri suuta suuta gara Wallaggaa, Jimmaafi Iluu Abbaa Booraatti qaxxaamurani turan yoo jiraatanilleen bara sana Oromoont Maccaa baay'inaan kan argamu gara Shawaa Dhihaati ture.

Makoon uummata, Maccaa yoggaa bulchaa turetti uummata kanaaf kan tolu akeeka guddaa lama baafate. Akekni isaa inni duraa lafti tulluu isaa bishaan dhangalaasu, kan lalisni, bosonniifi margi isaa bayeessa ta'e, kan midhaan

sanyii garagaraa biqilchu, bitaafi mirgatti baldhinaan waan jiruuf lafa kana irratti uummata isaa quphachiisaa ture. Akeekni Makoo inni lammafaan ammoo Oromoona nagaan kan jiraatuufi kan jabaatu yoo gorsa gaarii argateefi seera jabaa tumate amantii jedhu irraa ka'un, seera cimaa uummata isaatiif baasuu ture. Kaayyoowwan kana hojiirra oolchuuf akka isa gargaaranis salgiwwan filachiise.

Uummanni gara Lixa biiftuu warraaqee lafa tifkataafis ta'e qonnaaf labbeessa ta'e irratti akka tamsa'ee jiraatu dammaqinsi karaa salgii salgiitiin erga godhameen maayessa kan fedhe nideeme; kan hinfene ammoo bakkuma jiraatutti hafe. Yeroo godaansi godhamee uummani gara Lixaatti deemee jiraachuuf barbaade lafa Xuxee Bisil jedhamurra waggaa muraasaaf akka buufataatti qubatee tureera jedhama. Sana booda seerri akka tumamufi seerri tumamu waa'ee maal maal ilaalu irratti akka ta'e uumatatti himamee namni seerri kun quuqe jedhu yoo jiraate osoo dibbeen hinrukutamiin, osoo qacceen hinquwaafamiin akka komii qabu himatee qabxii komii itti dhihaaterratti mari'atamu godhame.

Akka aadaa Orommootti yoo seerri bahu osoo seerri tumamu sun hinlallabamiin(hinlabsamiin) dura akka namni seera sana qalbiin caqasuuf jecha Abbaan Bokkuu jilbiffatee bokkuu isaatiin dibbee rukuta. Akkasumas hammuma seerri qabxii qabxiidhaan lallabamu dargaggeessi uummata walakkaa ijaajjee qaccee quwwaasa. Qacceen iyinaan seerri murame, qadaadame jedhama.

Makoon ergaa seera baase irratti salgiwwan filatamaniin dammaqiinsa barbaachisu kennisiisee yammuu raawwatu Gibeerratti uummata kuma hedduutti lakkawamu, kora fuuldurattis akkasiin lallabe.

'Yaa lammii koo! Yaa Horroo, yaa Noole, yaa Liiban, yaa Iluu, yaa Leeqa, yaa Limmuu...yaa dhala maccaa hundaa , nan lallaba dhaggeeffadhaa!Namni seeraan bulu adeemsi isaa roga qaba;nijabaatas kanaafuu seeraan bulu! Seerri ittiin bultanis kunoo tumameera. Seerri tumame hinjigu, hindhangala'u, hincabu, hindabu, yoo murame seera; yoo tumamee cuqqaalame

batuudha" jedhe.

Akka barreeffamoonni tokko tokko ibsanitti seerri Makoon tume jedhamee afoolaa dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufe qabxiilee jahaatamaa ol of keessa qaba. Qabxiileen kunneen uummataa bara sanaatiif qofa kan tajaajilan osuu hintaane jaarraalee qaxxaamuranii uummataa si'anaatiifillee kan ta'an barnoota danuu kan of keessaa qaban. Seerri beekaan kun tume dameewwan adda addaa qaba. Isaan keessaa seera ittisa daangaa biyyaa, eegumsa tasgabbii, hariiroo saboota biroo wajjinii, seera koolu galtootaa, kan naamusa loltummaa, seera adabbii yakkaa, kan daldalaa, kan fayyaa, kan ogummaa harkaa, seera moggaafachuu, guddifachaafi wtf himuu nidanda'ama.

Seera Makoon baase hunda tokko tokkoon tarreessuun barreeffama kana akka malee dheeressa. Haa ta'u malee, qabxiilee muraasa asirratti eeruun hammam akka namni kun bilchaataa ture muldhisuuf nu gargaara. Fakkeenyaaaf, seera Makoon tume keessatti wayee diina ofirraa ittisuu ilaachisee kan akkana jedhutu argama.

"Diinni yoo isiniin lole, ibiddiifi bineensi yoo isinitti ka'e, walgargaaraa. Warri biyya eegan gaararrayi mana ijaarratanii qotaa muranii biyya haa eegani; sababonni biroo warri nu cinaa jiraatan yoo isin waraanan malee hinwaraaninaa, yoo isaan isin saaman malee hinsaamiinaa; jaarsa isaaniitiin wasiila, obboo jedhaa. Jaartolii isaaniitiin harmee, gayyaa jedhaa. Namni kooluu ajjeese ammoo haad'u. Namni iccitii diinatti hime qoratamee haadu'u," jedheeti Makoon seera tume.

Yakka adda addaa ammoo ilaachisee seera Makoon mure keessatti kan armaan gadii hubanna. "Namni osuu beekuu nama ajjeese, seeratti dhihaatee akka ajjeesetti haadu'u. Nama osuu hinbeekiin nama ajjeese, salgiifi abban bokkuu gumaa baasisanii haa araarsani. Namni ija tokko jaamse saawwa 40 haa baasu. Namni ilkaan cabse saawa 10 haa baasu. Namni niitii namaa irratti qabame saawa shan haa kaffalu. Yoo kana dide seeraan haa reebamu. Namni durba namaatti roorrise hidhaa kofoloo haa hidhamu.; saawwa digdama

haa baasu. Shaneenis dubbatee gabbara kennisiisee haa fuusisu. Namni hiriyaanisaarratti dubbi qabu gara hayyuuu deemee himata haa dhiheessu. Namni sareefi adurree namaa ajjeese, sareefi adurree guddisee haa kennu. Namni sangaa namaa ajjeese gatii haa kaffalu. Gabaan iddo dhaabatetti haa eegamu. Hattuun yoo gabaa saamte haa duutu. Namni osoo saamuu argame duunaan gumaa hinqabu. Namni seerri irratti jige bokkuu ol qabachuu (ol iyyachuu) nidanda'a," kan jedhuufi kan biroos kan mirga namootaa eegsisu argamu.

Waa'ee fuudhaafi heerumaarratti ammoo seera Makoon mure keessaa, "Ilmi gahe haa fuudhu. Intalli geesse haa heerumtu. Ijoolleen dhalattu akka haraamuu hintaane namni fira ofii hinfuudhiin. Namni soma kudhanii(abbaa kudhanii) fira isaa fuudhe yakkaan haa reebamu, " kan jedhu jira.

Waa'ee eegumsa fayyaarrattis Makoon seera tumee ture. "Dhukkubni adeemaan darbee akka namoota hifixneef nama dhukkubsate godoo kophaa keessatti wal'aanaa. Mareen darbe saawwaa akka hifixne warri gogaa duugan fagaatanii bosona keessatti haa duugan," jedhee seera mure Makoon.

Seera Makoo keessatti walgahiinillee akkamitti akka gaggeeffamuu qabu himamee ture. "Yeroon odaa jalatti walitti qabamanii mari'atan gara galgalaa osoo hintaane gara ganamaa haa ta'u. Yoo wanti irratti mar'atan jabaa ta'ee dheerate irra bulamee bilchaatee haa mari'atamu. Gaafa walgahii yommuu bokuun lallabu, nama niitiin isaa ulmaa ciistu malee, nama saawwa bobbaasuufi nama tulluurra dhaabatee biyya eegu malee kan biraa akka yaa'ii keessaa hinhafne, "jedhee seera baase Makoon.

Akkuma duraan karoorfatetti uummata warraaqsee seera cimaas erga tumee booda Makoon saba isaa Gibeefi Dhidheessa gamaan ceessisee abbaa duulaafi abba bokkuu isaaniitiin kutee kutee tamasaase jedhama. Dhumarratti garuu, Makoon dulloomuu isaa irayyuu namoota isaas naannoo naannootti hiree waan tureef, osoo inni namoota lakkofsaan baay'ee xinnaa ta'an wajjin jiruu Qellem keessatti walitti bu'insa saba biraa wajjin uumameen ajjeefame jedhama.

C. Gaaffiiwan armaan gadii gareen irraatti mar'adhaa.

1. Abbaan coffee bara duri durii Oromoo Maccaa oogganuun beekamaa ture eenu?
2. Kaayyoowwan abbaa coffee kanaa isaan guguddaan maal turani?
3. Naannoofi gosoонni inni gaggeessaa ture maal fa'i?
4. Makoo Billii eessatti dhalate?
5. Yakkawwaniifi adabbiowan gabatee gilgaala 2 lakkofsa 2 jalatti gutte keessaa kan seera biyyattii ammaaf barbaachisu kam kam fa'i?
6. Yeroo seerri tumamu mallattummaan qaccee qowaasuu maali?

D. Armaan gaditti jechoota "A" jala jiraniif hiika isaanii "B" jalaa filuun walitti firoomsi.

A

1. lallabamu
2. koolu galtoota
3. gayyaa
4. roorrise
5. haraamuu
6. ulmaa
7. salgiiwan

B

- a. haadha warra abbaa ofii
- b. dubartii reef deesse
- c. bakka bu'oota uummataa
- d. himuu
- e. nama safuu cabse
- f. baqattoota
- g. dhaadachuu



Gilgaala 6:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

Qabxiilee seera Makoo keessa jiran qeequuf deeggaruun gareen walfalmaa.

Seera isa kam deeggarta? Maaliif? Isa kam mormita? Maaliif?

**Gilgaala 7:****Haasawaafi Sirna Haasawaa**

Dubbisa armaan gadii dubbisiiti akkaataa itti jaarsoliin dabaree walirraa fuudhan,akkataa itti jalqabanii xumuran, kaayyoo haasa'ichaa sirriitti xiinxali.

Haasawaafi Sirna Haasawaa**Walbarii**

Karaa Kibbaa Horroo Guduruu, yeroo ammaa, aanaawwan Jimmaa Gannatiifi Jimmaa Raaree jedhamanitti kan jiraatuufi Kaaba Shawaa Dhihaa: tibbeefi Calli'a kan jiraatu hidda dhaloota Oromoo Maccaa kan ta'e sanyii Keekkuu jedhamutu jira. Gosni kun akka akeekaafi seera Makoo Billiitti lafa jireenyaaaf mijataa ta'e barbaacha bakkawwan armaan olitti dhahamanitti faca'ee jiraataa ture. Garuu durumaa waan lama yaaddoo isaanii ture. Tokko, akka faca'aniin yoo achumaan hafan walwallaaluun dhaloota isa dhufutti cee'uu danda'a kan jedhu. Inni lammataa, walwallaalanii yoo ijooleen isaanii sanyii walii fudhan haraamuu ta'uujjoolee isaaniitu isaan yaaddessa. Yaaddoowwan kanneen dhabamsiisuuf "Walbarii" dhaabbatani. Walbariin kun waggaatti si'a tokko marsaa marsaadhaan takka Komaatti, takka Calli'atti, takka Tibbeetti, takka ammoo Raareetti taasifamaa ture.

Yaada kanarratti hundaa'ee haasaawaan jaarsolii armaan gadiitiin siif dhihaata. Haasawaan seera itti geggeefamuufi akkaata itti dabaree walirraa fuudhan hubadhu.

Bakki isaa Komaadha. Jaarsoliin sanyiwwan bakka arfanuu jiran bakka bu'an marti wal gahaniiru. Cumboon dhadhaafi baaduu furdaarraa qophaa'era. Dhadhaan isaa, akka biiftuu irraa balaqqisa. Cumboo dura , farsoo buquriin, kan garbuurraa naqame, hullee garbuu dhugee dhadhaa fakkaatutti tokko tokkoof kennemeera. "Yoo biqila (waan dhugamu) qabatan dubbiin ijatti nama gala," jedha jaarsi biyyaa. Cumbicha erga nyaataniin booda marii isaanii jalqabani. Obbo Moosisaa: Keekkuun nagaadha? Guduru nagaadha? Horro nagaadha? Calli'a nagaadha? Tibbeen nagaadha? Gudayyaan nagaadha?

- Obbo Roorroo: Waaqa hindhibiin malee, hundi nagaadha.(Jaarsa Keekkuu warra Raaree bakka bu'ee dhufedha.)
- Obbo Damboobaa: Maal egaa, "Kan naataa'uuf maafan taa'a" jedhe jedhani jaarsi. Mee dhimma waliitti dhufeneefiirratti haa mar'annu. (Manguddoo garee Tibbee bakka bu'anii dhufani).
- Obbo Lammeesaa: Maarree, egaa, wanti hundi nagaa ta'uun gaariidha. Nagaa taanaan walitti dhufne. Waaqa nagaa nu godhe kana galateeffannee marii keenyatti haa seennu. Obbo Moosisaa, isin hangafa mitiiree, mee Waaqa nuu galateeffadhaa?
- Obbo Moosisaa: Ulfaadhaa! Na ofkolchaa!
- Jaarsolii sadan: Of kolii!
- Obbo Moosisaa: Mee Waaqa nagaan nu bulchite nagaan nu oolchi jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Nagaan nu oolchi!
- Obbo Moosisaa: Manaa, alaa nu eegde, hooqubaa fudhu jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Hooqubaa fudhu.
- Obbo Moosisaa: Hamaa nurraa qabi jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Nurraa qabi!
- Obbo Moosisaa: Gaarii nutti qabi jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Nutti qabi.
- Obbo Moosisaa: Jabaataa deegaa nubaraari jedha!
- Jaarsolii sadan: Nu baraari.
- Obbo Moosisaa: Jabaataa dhukkubaa nu baraari jedha!
- Jaarsolii sadan: Nu baraari!
- Obbo Moosisaa: Jabaataa dubbi nu baraari jedhaa!
- Jaarsolii sadan : Nu baraari.
- Obbo moosisaa: Marii kana marii nagaa godhi jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Nagaa godhi.
- Obbo Roorroo: Tole egaa, dhimmi har'a walitti qabamneefii, walbariin bara dheengaddaa akka Tibbeetti raawwatame nibEEKna. Kan bara dhufuu eessatti akka ta'u murteessuufi. Mee kana irratti haa mari'annu.
- Obbo Lammeessaa: Maarree egaa, dabaree isaa eegee akka deemaa dhufe beekamaadha. Akkuma duraa duuba isaatti dabareen kan

- Komaa mitii Obbo Damboobaa?
- Obbo Damboobaa: Dhugaa jettan obbo Lammeessaa, dabareen kan Komaati.
- Obbo Roorroo: Dhugaadha, Komaan kanaan duras nu mufachiisee hinbeeku. Egaa waan itti leeyyaanu qabnaaree?
- Obbo Lammeessaa: Isa darberratti, qee'eewwan isaan jala jiran kurfeessuutti akka jamaa buqqa'ee dhufe gammachiisan hundi keenyayyuu nibeekna waan leeyyaanu qabnaa ree Obbo Dambooba?
- Obbo Damboobaa: Waa tokkollee. Mee yaada obbo Moosisaa baruu hinwayyuuree?
- Obbo Moosisaa: Nuti obboloota keenya keessummeessuuf hedduu qophiidha. Hedduus itti gammanna.
- Obbo Roorroo: Egaa, Waaqni isaan haa gargaaru, ji'aafi guyyaa isaa hoo?
- Obbo Lammeessaa: Akkuma beekamu, ganna jiruu dhiisee, dhoqqee kutee dhufuuf namni nirakkata. Akkuma barsiifata keenyaa erga midhaan sassaabamee, osoo qonnaa waggaa isa achi aanuu hinjalqabii dura osoo ta'ee maal jettu?
- Obbo Damboobaa: Dhugaadhuma jettani obbo Lammeessaa, warra dhufuufis warra keessummeessuufis isuma wayya waan ta'eef bona jiini Amajii galee Sambata isa lammaffaatti otoo ta'e. Mee obbo Moosisaan kana irratti maal jedhu laata?
- Obbo Moosisaa: Jiini isaasa, guyyaan isaas nuuf hedduu mijataadha.
- Obbo Roorroo: Tole egaa mariin keenya walii galteen xumurameera. eebbaan haaxumurru kaa? Mee obbo Damboobaa nuu eebbisaa.
- Obbo Damboobaa: Na of kolchaa!
- Jaarsolii sadan: Of koli!
- Obbo Damboobaa: Yaa Waaq nagaan nu oolchitee nagaan nu bulchi jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Nagaan nu bulchi.
- Obbo Dmboobaa: Alaa nagaan galle, hoqbaa fudhu jedhaa!

- Jaarsolii sadan: Hooqbaa fuudhu.
- Obbo Damboobaa: Mari'annee waliigalle hoqbaa fudhu jedhaa!
- Jaarsolii sadan: Hooqbaa fudhu.
- Obbo Damboobaa: Na hofkalchaa!
- Jaarsolii sadan: Hofkoli.



Gilgaala 8:

Shaakala Sirna Haasawaa

Garee nama afur qabutti hiramaatii gaaffiwwan armaan gadii deebisaa.

Garicha keessatti tokko tokkoon keessan gahee jaarsolii armaan olii keessaa tokko fudhaati akka jaarsa sanaa ta'aati dalaga. Akka hojii manaattis fudhatanii galtanii erga irratti sirriitti shaaklatanii booda uffata aadaa jaarsoliin uffatan uffadhaati dareef dhiheessaa. Seerawwan haasa'aa (marii) kanneen akka dabaree kennuu, dabaree fudhachuu, wal-kabajuu, wkf sirriitti xiinxalaa.

Falmiifi sirna Isaa

Sirna falmii armaan gadii sirriitti dubbisii falmiilee yeroo adeemsiftu itti fayyadami.

- Barattooni yoo dhuunfaan kan morman ta'e, dhuunfaan yoo gareen kan falman ta'e gareetti qoodamu.
- Dhuunfaan ykn gareen yaada deeggaran qabatu.
- Yaadolee, haqootafi fakkeenyota amansiisaa yaada isaanii deeggaran sassaabbatu.
- Gareen wal falman lamaan wal-tajjiirratti bakka bakka isaanii qabatu.
- Seera wal-tajjichaa hordofuun yaada falmii isaanii dhiheeffatu.
 - Akkaataa dabaree fudhatan.
 - Akkaataa itti waltajjii to'atan
 - Akkaataa itti dubbatan (falman) irratti ni shaakalu.
- Abbootiin seeraa qabxiilee falmii madaalan nitaa'u.
 - Qabxii qabu.
 - Seera falmii to'atu, ni eegsisus.
 - Qabxiilee madaalliiirratti hunda'anii kan injifate himu.

- g. Xumurarratti, moo'ichaanis ta'ee garaagarummaan yoo addaan bahan kabajaan wal gaggeessuu qabu .



Gilgaala 9:

Shaakala Falmii

Tartiibolee falmii armaan oliitti fayyadmuuf mata-duree falmii armaan gadii garee gareen filadhaati falmii adeemsisaa.

1. a) Nama nama aijeeso du'aan adabuun barbaachisaadha.
- b) Nama nama aijeeso du'aan adabuun furmaata isa dhumaan hinfiidu.
2. a) Abban warraa ykn haati warraa, dhiiga tokkoo isaanii keessa HIV/
AIDS iin jira yoo ta'e waliin jirachuu hindanda'ani.
- b) Abban warraa ykn haati warraa, dhiiga tokkoo isaanii keessa HIV/
AIDS iin jira yoo ta'e waliin jirachuu nidanda'u.
3. a) Har'a beela'anii du'uurra bosona ciranii qotanii midhaan nyaataa
galfachuu wayya
- b) Har'a du'uurra jechuun bosona ciranii badii deebi'uu
hindanda'amne uumamarra geessisuurra fala biraan dhahuutu bar-
baachisa.

Barannoo 3: Barreessuu

Ibsoota (calleen) barreeffama seenessaa maalmalessuuf gaaffiileen armaan gadii si gargaaru.

Seenessamichi waa'ee eenyuuti?

Eessatti ta'e?

Yoom ta'e?

Dura maaltu ta'e?

Itti aanseehoo?

Guutmiirri(fiixeen) seenichaa maali?

Bu'aan isaa maal ta'e?

Maaltu irraa baratame?

**Gilgaala 10:****Ibsoota Barreeffama Seenessaa Qopheessuu**

Himootaa calleen armaan gadii tartiiba isaanii sirreessi.

- lolaan gamaa gamanaa didichee lagatti yaa'a
- dameen mukaa fotoqe
- hiriyyaan koo irra cee'u malee jedhe
- bokkaan yandoon robe
- reeffa isaa gudeelcha waliin baase
- walakkaa lagaatti lafa dhahe
- lagni Jaarrraa gudeelcha gangalchee yaa'a
- yaabee walakkaa gahe
- sa'atii tokkoo ol eegne
- anis kadhee, namnis kadhatee gonkumaa dide
- muka gamanatti biqilee dameen isaa gamatti ce'eetu ture

**Gilgaala 11:****Ibsoota Tarreessuu**

Mata-dureewwan armaan gadii keessaa tokko filiitii yaadota jalattii dhufuu danda'an tarreessi.

- Guyyaan waadaa hinguunnettii seene.
- Waan guyyaa dhaloota koo naqunname.
- Guyyaan itti qaana'ee lafa seenu dhabe tokko.
- Gaafan jalqaba magaalaa (Naqamtee, Yaa'abal'oo, Kamisee, Roobee, Adaamaa, Amboo, Ciroo, Fichee, Finfinnee) dhaqe waan natti dhagahame.

Boqonnaa 15: Haroo Wancii

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dhaamsa dubbisichaa hubatta.
- hiika jechootaa haala galumsa isaaniitiin kennita.
- maalummaa keeyyataafi amaloota keeyyataa gabbifatta.
- maalummaafi akkaataa keeyyanni addeessaa itti barreeffamu addaan baafattee barreessita.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiiwan armaan gadii cimdiin ta'uun deebisaa.

1. Bishaan bakka tokko ciisu argitee beektaa? .
2. Haroowwan Oromiyaa keessa jiran kam fa'i beekta?.
3. Faayidaa haroon biyya tokkoof kennu tarreessi.
4. Hiika jechoota kanaan gadii tilmaami.

haroo marsee calaqqe



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffilee armaan gadii qalbiitti qabadhuutii yeruma dubbistu deebisi.

1. Haroowwan Oromiyaa keessaa kan keeyyata tokkoffaa keessatti maal maalefaman himi.
2. Oromiyaa keessaa kallattii Haroon Wancii itti argamtu himi.
3. Haroo Wanciitti marsanii kanneen jiran uumamaan kanneen nama bohaarsan maal fa'i?
4. Bishaan beeyladootaaf qoricha jedhamee dubbisicha keessatti ibsame maal jedhama?

Haroo Wancii

Qabeenyi uumamaa badhaadhinaafi miidhagina biyya tokkoo ta'urra darbee burqaa tuurizimii ta'a. Oromiyaan bosona, laggeen, haroowwan heddu qabdi. Kanaanis naannoo qabeenyota uumamaan dureettiiti yoo jedhamtee waamamte itti hinguddatu. Qabeenyota uumamaa kana keessaa haroowwan kanneen akka Bishoofuu, Ziwaay, Laangaanoo, Abijaataafi Shaalaa maqaa dhahuun nidanda'ama. Haroowwan kana keessaa Haroon Wancii ishii tokko.

Haroon Wancii kan argamtu aanaa Wancii, Godina Shawaa Kibba Dhihaa keessatti yoo ta'u, kallattiin ishii magaalaa Walisorraa gara kaabaatti, magaalaa Amboo irraa ammoo gara kibbaatti. Tulluuwwaniifi gaarreen dhohinsa lafaa yeroo tokko ta'een kan uumamani. Haroon Wanciis bara dheeraa dura dhoohiinsa marmacaata lafa keessatin uumamte. Haroon kun gaarreen kan marfamte yeroo ta'u, karaalee bahaafi kibbaa gaara Gooroo jedhamu, karaa dhihaatiin gaara Kallaa jedhamu, karaa kibbaatiin ammoo gaara Gu'ee jedhamu, kan waan dhagaa soqanii akka utubaatti dhaaban fakkaatutu marseera. Kanaafuu, haroon Wancii garba gabatee keessatti kuufamte fakkaatti.

Gaarri Gooroo jedhamu osoo walirraa hincitiin roga rogaan waan haroo kana baay'inaan marsee jiruuf namni uumama Wancii ajaa'ibsifachuu barbaade Gooroo irratti ba'ee daangaadhaa hamma daangaatti ilaaluu danda'a. Gooroo yaabbatanii Wancii yoo of jalatti ilaalan halluu cuqliisaaf diriirsanii waan hurufa keessa afan namatti fakkaata. Manneen otoo aarri keessaa ol bulluquufi warqeenn(qooccoon) miila Gooroo jala xiyyoo Calalaqaatti oonja'ee jiru ammoo waan halluun magariisni halluu cuqliisaaf harka ogeessaatiin dibame fakkeessa. Gaarreen sadan Haroo Wancii marsanii jiran mukeetii qamaxxee, gaattiraa, heexoo, soolee, mi'eessa jedhamaniif kkfniiin kan aguugamani.

Gaarreen haroo wanciitti marsan waan ishiif gumaachaniifii qabu. Burqituuwwan kiilolee fakkaatan bitaafi mirgaan gara isheetti xuruursu. Kun ammoo nama Gooroorra dhaabbatee qileetti Wancii gadi ilaalu waan hedduutu miira isaa hooksee "Anaan daawwadhu!...Anaan daawwadhu!..." jedhee ofiitti sos-

soba. Fakkeenyaaaf, walakkaa haroo kanaatti araddaa karaa hundaan bishaa-niin marfamee mukeetiin guddaan irra dhaabatantu jira. Hunda caalaa kan nama ajaa'ibsiisu ammoo gaattiraawwan dur dur ennaa lafti sababii marma-caata lafa keessaatiin dhohee garbi irra garagalu goodaa bishaaniirra turan har'alle gifuwwan isaanii baay'inaan bishaan keessa dhadhaabatanii ar-gamuu isaaniiti.

Namni tokko gara araddaa walakkaa haroo Wanciitti ceehuu yoo barbaade yabala qabaachuun isaa dirqama. Kanaafuu, abban warraa marti yabala ofii ofii isaa qaba. Ennaa Gooroorra bahanii gad ilaalan, yabalaawwan Haroo Wancii keessa munyuuqan waan daakiyyeen bishaan irra asiif achi daakaa burraaqxu fakkata. Namni akka jiraattota biyya sanaatti lafa hallayyaa qabu irra deemuu hinbeekne gara Haroo Wanciitti gadi bu'uu kan danda'u karaa daandii gaara Kallaa jedhamurraa gad fulla'u qofa. Haroo Wanciitti uumamanii nama bohaarsan hedduudha. Tokko ilaalanii, dhagahanii osoo hinquufiin inni biroon nama qolata. Fakkenyaaf, ennaa gara gandoota xiyyoo bishaanii jiran keessa seenan kannisni daraaraa qamaxee xuuxee xuuxee jigii isaatti huurs-saa debi'u faaruudhaan waan keessumaa simatu fakkaata. Namoota naan-noo Haroo Wancii jiraatan biratti kanniisa horsiisuun baay'ee beekamaadha.

Osoo dhuma Haroo Wanciifi gandoota xiyyoo haroo kanaa jiran ilaalanii hin-quufiin amma iiji gara tulluu Gulee kan gama kibbaatiin of boonsee bishaan gadi ilaalutti nama ceeha. Tulluu kana jalaan bishaan walgha jedhamu kan Wancii keessaa maddee daandii isaa isa dheeraa kan Laga Gibeetti isa gees-su ittiin calqabutu jira. Tulluudhuma Gulee kana duubaan gara kibbaatti am-moo holqa laga horaa jedhamutu argama. Holqa horaa keessa yoo dhaabatan samii gaara dhagaa adii holqa kan marsee gidduudhaan mul'atu malee naan-noo biraa ija facaasanii arguun hindanda'amu. Holqa horaa keessatti bishaan ho'aan bakkedhuma bakkedhoo ol tiifa. Bishaan albuudaa Caancoo jedhamus (kan akka bishaan Amboo) bakka hedduudhaa ol finiina. Horri beelladoonni dhuganis kan Hora Danqaraa, Hora Dawwalaa jedhamanii beekamantu jiru.

Horri horsiisonni Aanaalee Wancii, Ammayya, Amboo, Xuquriifi Dandii keessa jiraatan bakkee hiixuudhaalle fidaniiti yeroo yeroon looniifi beelladoota biroos hora obaafatu. Kana malees, albuudni soogidda fakkaatu, kan Boojjii jedhamee beekamu dirree Holqa Horaatti waan argamuuf namoonni qalqalatti naqatanii hoolotaaf fudhatanii galu.

Karaa biraatiin ammoo fincaa'aan xinnaan kan Dawwalaa jedhamu kan dhagaa keessaa gadi furunxaa'u Holqa Horaat keessatti argama. Daawwalaan kun akka malee danfa waan ta'eef ho'i isaa gamatti nama simata. Namoonni baay'een qaama isaanii bishaan ho'aa kana rukuchiisaniiti dhibee gara garaa irraa fooyya'u.

Haroon akkanatti uumama nama dinqisiisu qabdu kun garuu kan dagatamte jechuun nidnda'ama. Osso itti fayyadamanii karaa hoteelaafi tuurizimii, karaa hormaata qurxummii, karaa caancoo qaruuraatti guutanii gurguruufi karaa adda addaa sakatta'uutiin bu'aa argachuun akka danda'amu beekamaadha. Kanaafuu, qabeenya uumamaa kana kunuunsanii haala gaariin itti fayyadamuun barbaachisaadha.

B. Himoota armaan gadii keessatti hiika jechoota jala sararamanii akka galumsa isaaniitti kenni.

1. Aageen abidda marmacaataa ta'e keessa ejjettee miilli ishii buqqachaa'e.
2. Dallaa keenyatti dhummugaan oonja'ee jira.
3. Caaliin bishaan xuruuru jala dhaabatee dhaqna isaa dhiqate.
4. Namni qileetti asii gadi darbatame lafeen isaallee hinbahu.
5. Jabbiin keenya mucha hootee hootee furunxaati.
6. Araddaa gama keenyaarra qee'ee hedduutu mul'ata.
7. Bishaan ujummoo tarsa'e keessaan asii ol finfine.

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

1. Keeyyatoota sadaffaafi arfaffaarratti hundaa'uun akka nama gaara Gooroorra dhaabatee bitaafi mirgaan gaarreen ilaaluu, asii gadi ammoo Haroo Wancii ilaaluutti mee fakkii isaa kaasi.
2. Naannoo qee'ee jiraattuu ykn magaalaa keessa jiraattuu namni tokko akka waan ijaan argeetti akka yaada keessatti qabatu haala dandeessisuun jechoota 250 \ hincaalleen barreessi.

Baranoo 2: Barreessuu

Tutni jechootaa haala seera qabeessa ta'een walitti qindaa'anii hima uumu. Keeyyanni ammoo tuta himootaa walitti qindaa'aniin uumama. Barattoonni jalqaba barreessuu shaakalan yeroo keeyyata akka barreessaniif gaafataman keeyyatoota lama ykn sadii ol barreessu. Kun ammoo dogoggora. Dogoggorri kun kan maddu hiika keeyyataafi unka isaa sirriitti hubachuu dhabuuni. Atis dogoggora kana akka hindalagheef hiika keeyyataa sirriitti qalbeeffadhu.

**Gilgaala 4:****Keeyyata**

Gaaffiwwan armaan gadii garee barataa afur qabuun deebisi.

1. Barreeffamni dubbisa boqonnaa kana jalatti dubbiste keeyyata meeqa akka qabu himi.
2. Yaanni keeyyanni tokkoffaafi lammaffaa maal maalirratti hundaa'ee akka keeyyata keeyyatatti goodame xiinxali.
3. Keeyyata jechuun maal jechuu akka ta'e hima tokko ykn lamaan barreessiiti barsiisaa keetti agarsiisi.

Keeyyata jechuun tuta himootaa yaada handhuura ta'e babal'isaniifi ijaaranir-raa kan uumamu. Barreessitoonni barreeffamni isaanii nama dubbisuuf ifa akka ta'uuf yaadota isaaniif daangaa daangaa kennu. Daangaan yaada handhuura ta'e tokkoo ammoo keeyyata. Keeyyanni tokko himni inni jalqabaa fuula haaraatti jalqabee himni inni xumuraa bakka yaanni dhaabatetti kan xumuramu. Yeroo mara keeyyanni tokko jechoota dhibba ykn himoota torbaa hanga sagaliiti qabata.



Gilgaala 5:


Amala Keeyyataa

Keeyyata armaan gadii lama lamaan dubbisaati tokkummaa, walta'insafi xiyy-effannaan inni qabu himaa.

Namni kanaan dura ishii beeku amanuu dhiisuu irra darbee hedduu dinqisiifama. Rifeensi mataa ishii inni dur akka maasii xaafii lolaan irraa hareeru ture bishii garbuu walirra naqameeru fakkaateera. Ijawwan ishii boolla roobni qote fakkaatan, amma akka bakkalacha barii ifu. Gaduma buunaan, hidhiwwan dur luluqa'aniiru ture, amma garuu goraa diimate fakkaataniiru arge. Mudhiin duratti akka lilmoo qal'atee cituu cituu jedhu, amma harka lamaan haammataamee wal hingeessifamu. Ajaa'ibamaa dafee ija koo gadi buusnaan, sarbaan duratti calii ture, amma gudeelcha fakkaateera. Koomeen dur akka lafa bokkaa dheeboteeruu babbqaqee ture har'a bilillee fakkaateera. Namni duraan ishii beeku amma yoo ishii argu, foon kun akkuma godhan akka taatu salphaatti mirkanoeffata.

Keeyyanni armaan olii tokkummaa qaba. Sababni isaa yaada hima ijoo qaama duratti miidhamee amma hedduu miidhage walbira qabee ilaala waan ta'eef. Waan dur fakkaattuufi waan amma fakkaattu walbira qabaa akka bisaanii yaa'a. Himooni warri kaan waa'eedhuma bifaa ishii isa durattiifi isa ammaa sagalee tokkoon haasa'u. Wanti gidduutti danqaraa ta'ee nama danqu hinjiru. Tokkummaa keeyyataa jechuun egaa isa kana. Tokkummaan ammoo amala keeyyataa keessaa isa tokko.

Keeyyatichi walta'insas ni qaba. Qindeeffamni isaa mataadhaa gara miilaatti. Rifeensa mataa addeessee batalumatti gara koomee bu'e osoo hinta'iin akka qamni namaa tokko gararraa irraa gara gadiitti ijaarame suuraan isaa sammuu namaa keessatti akka ka'u danda'utti addeesse. Jalqaba,



Kun keeyyatichi walta'insa qabaachuu mul'isa.

Amalli keeyyata tokkoo inni kan biroon xiyyeeffannoodha. Barreesichi waa'ee dubartittii wanta isatti mul'atu hundaa akkaataa suuraan ishii inni durattifi inni amma sammuu keenya keessatti ka'u danda'utti dhiheessuuf waan dhibaa'ee hinfakkaatu. Gaaleewan ykn jechoota kan duriifi isa amma agarsiisuuf barreessichi itti gargaarame xiinxali.

qaama	dur	amma
rifeensa	maasii lolaan hareeru	bishii garbuu
ijawwan	boolla roobni qote	bakkalacha barii
hidhiiwwan	luqa'aa	goraa diimate

mudhii	qal'atee cituu gahe	harka	lamaaniin	waliin
hingahamne				
sarbaa	muka calii	gudeelcha		

koomee	babbaqabaa	bilillee
--------	------------	----------

Gaaleewwaniif jechoonni kun hagam namni keeyyata kana barreesse qaamolee dubartittii sirriitti ilaale mul'sa. Kunimmoo xiyyeffannadha. Xiyyeffannaan amma amala keeyyata gaarii tokkooti.

Jechoonni armaan gadii keeyyata addeessaa armaan olii keessaatti kan-neen barreessaan akka suuraa sammuu nama keeyyaticha dubbisu keessatti kasaaniif itti fayyadameera.

rifensa	maasii	bishii garbuu
ijawan	boolla	bakkalacha barii
hidhiiwan	luqa'aa	goraa diimaa
mudhii	qal'oo	gudeelcha
sarbaa	muka calii	bilillee
koomee	babbaqabaa	

Jechoonni armaan olii garee jechaa maqaafi maqibsati. Gareen jechootaa kun ammoo suuraa sammuu nama dubbisu keessatti kaasuu danda'u.

Kanaafuu, keeyyata addeessaa jechuun jechootaan suuraa sammuu nama keessatti kaasuu danda'uudha. Yookaan ammoo, waan yeroo murtooft kees-satti organii namatti dhagahamu ykn waan yaadaatiin argan tokko jechoota-an suuraa sammuu namaatti kaasuu jechuudha. Kana jechuun, waayee namootaa, bakkootaa, ta'insootaafi wantootaa jechootaan sammu nama dub-bisu keessatti kaasuu jechuudha.

Keeyyata addeessaa barreessuuf sadarkaalee armaan gadii hordofi.

A. Barreessuun dura

1. Duraan dursee faayidaafi namoota barreessituufii addaan baafadhu.
2. Mata-dureewwan adda addaa kanneen waa'ee ta'insaa, waa'ee namootaa, waa'ee bakkootaa qabatan maal maalessi.
3. Mata-duree irra caalaa feetuufi kan waa'ee isaa sirriitti barreessuu dan-deessau filadhu.
4. Mata-duree kee akkaataa keeyyata tokkotti xumuramutti murteessi.
5. Waayee mata-duree kee ibsoota miira namaa kakaasuu danda'an burqisiisi.
6. Tartiiba ibsoota kee sirreessi.

B. Barreessuu

1. Hima ijoo yaada dimshaashaa qabate barreessi.
2. Ibsoota duraan qabatte himoota gargaartuu barreessuuf itti gargaarmi.
3. Hima goolabaa yaada keeyyatichaa gudunfuufi xumura gaarii kenuu itti dabali.

C. Keessa deebi'uu

Erga fixxee booda akka nama barreeffama namaa dubbisuutti irra deebi'ii dogoggoroota sirraa'uu qaban sirreessi.

D. Gulaaluu

Mirkaneeffata armaan gadii irratti hundaa'iiti keeyyata kee gulaali.

1. Himooni kee dogogora seerlugaa irraa bilisaa?
2. Jechoota sirriitti qubeessiteetta?
3. Qub-guddeessa bakka sirrii ta'etti itti gargaaramteettaa?

4. Himoota keef sirna tuqaalee sirrii ta'e gargaaramteettaa?
5. Barreefamini kee ifaadhaa?



Gilgaala 6:

Keeyyata Barreessuu

Qabxiilee armaan gadiif keeyyata addeessaa tokko tokko barreessi.

1. Barataa daree kee tokko ykn namoota naanoo kee jiran keessa tokko filadhuuti keeyyata addeessaa barreessi.
2. Naannoo jiraattu keessaa bakka baay'ee jaallatu tokko filiiti keeyyata addeessaa tokko barreesi.

Boqonnaa 16: Gumaa

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- akkaataa (seera) gumaan itti gaggeeffamu addaan baafatta.
- hiika jechootaa hubatta.
- bamaqaa iyyaafannoo barreessuu keessatti itti fayyadamta.
- barreeffama ibsaa (akkaatee) qopheessita.

Baranoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaafiiwan armaan gadii deebisi.

1. Naannoo keetti nama nama ajeeese beektaa?
2. Yoo jiraate ajeesuu isaaf murtoo maaliitu irratti fudhatme?
3. Namni nama ajeeese murtoo maalii argachuu qaba?
4. Jaarsoliin armaan gadii jaarsummaa akkamii adeemsisaa jiru?



**Gilgaala 2:****Shaakala Yeroo Dubbisuu**

- A. Dubbisa mata-dureen isaa “Gumaa” jedhu osoo hindubbisiin dura gaaffiiwan araan gadii dubbisiiti qalbiitti qabadhu.
1. Namni nama ajeeese jalqaba eenyutti baqata?
 2. Qee’een nama nama ajeeesee hanga araarri bu’utti maal ta’a?
 3. Namni nama ajeeese hanga gaafa araarri bu’utti maal fa’i godha maal fa’immoo hingodhu?
 4. Namni nama ajeeese sun gumaa baasuuf loon meeqa fida?

Gumaa

Dhalli namaa walitti dhufeenya tasa dhaabuu hindanda’u. Tarii namni tokko ykn lama qofaa jiraachuu danda’a. Namni hundi garuu qofa qofaa jiraachuu hindanda’u-walbarbaada jechuudha. Sababawwan dhalli namaa akka hawaasummaa uumu godhan keessaa inni tokko isa kana. Adeemsa hawaasummaan jiraatu kanatti ammoo akkuma wal fayyaduun jiru walitti darbuun, walitti bu’uun akkasumas walmiidhuun hindhibu. Miidhaan, walitti bu’insi akka xiqaatuuf ammoo hawaasni seera gara garaa niqabaata. Fakkeenyaaf, aadaa Oromoo keessatti, namni yakka hojjete balleessaa isatiin adabama. Namni seeraan alatti lubbuu namaa dabarse yoo beekaa ajeeese du’aan adabama; yoo otoo hinbeekiin ajeeese garuu gumaa baasa. Aadaa Oromoo keessatti akkaataan namni nama ajeeese ittiin adabamuufi gumaa baasu adeemsa mataa ofii qaba.

Sirna Gadaa keessatti namni beekaa lubbuu nama biroo dabarse du’aan kan adabamu ta’ullee, erga Sirni Gadaa dadhabee as adabbiin kun hojiirra waan oolaa jiru hinfakkaatu. Haata’u malee, gumaan ammallee hojiirra oolaa jira.

Namni dogoggoraan nama ajeeese tokko akka aadaa Oromootti akkuma nama ajeeesuu isaa beekeen maatii isaa akka baqatan godhee ofii isatiitii “Harki na xuraa’eera” jechuun deemee abbaa Bokkuutti harka isaa kennata. Abban Bokkuus namicha harka kennate sana yoo Waatni jiraate mana Waataatti, yoo Waatni jiraachuudhaa baate, mana Jilaatti galchee dhokseeti firri nama du’ee reeffa akka awwaallatu itti hima. Warri namni jalaa du’ees haalaan dubbicha waan beekaniif reeffa niawwaallatu.

Namichi nama aijeesee kun hanga qee'een isaa onutti, hanga bultiin isaa badutti dhokatee tureeti ajaja abbaa Bokkuutiin jaarsa filatee gumaa baasuuf sagada jalqaba. Saganni kan godhamus, dura Abbaan Bokkuu baheeti maallimni dhukoo(ukoo) hidhatee, jilli waanjoo baatee, durbi duudaan buqkee duudaa baatteeti, fardatti cancelli kaahameeti jaarsoliin sagalee sagadaa dhageessisa gama warra du'eetti garagalanii ciisu. Guyyaa muraasaaf namnuu isaanitti hindubbatu. Gaafa guyyaa torbaffaa warra sagadan "Maali nu tuffatanii maaliif nu duraa diddu?" jedhaniiti dallansun dubbatu. Abban Bokkuus, "Maalimni ukoo keewwatee, fardi cancalaan dhaabataa, jila waanjoo baatu gatiittiin cabee, durbi duudaan ni ijaajjiti, maaloo maallimicha irraas ukoo naa hiikaatii gadi naa teessisa, fardas margaan naa gahaa, jila irraas waanjoo naa buusaa," jedhee gaafata. Warri firri jalaa du'es waan Abbaan Bokkuu gaafate guutaniiti "Maaliif nutti saafu?" jedhanii Abbaa Bokkuu gaafatu. Innis "Jaarsaan naa gahaa," jedheeti deebisa. Kana booda gama lamaaniinuu jaarsolii waltajjii taa'anii araara dubbatan lakkaawwataniiti beellama qabatu.

Gaafa beellamaa jaarsi karaa lamaanuu yommuu walghu hundumaa durseeti gatiin warri namni jalaa du'e gaggeessaa namichaatiif baase akka kaffalamu murteessa. Namichi aijeeses mana isaa kan cufamee ture banatee qee'eesaatti deebi'ee lammii isaa akka gumaa kadhatu murtii dabarsaniiti gumaan yoom akka kaffalamu beellama qabatanii walbira galu.

Namichi namni harkatti darbe sibiilaan harka isaa hidhateeti oli gadi deemee "Gumaatu natti gale naa hirphaa," jedhee lammii isaa kadhata. Yommuu kadhataa oolu halkan bakkuma itti dhihetti bula. Amma gumaa baasutti mana bulus ta'e mana guyyaa seenu diinqatti ol hindarbu, meeshaa fayyaatti hinnyaatu, kursii fayyaarra hintaa'u, sireerra hinrafu. Kana malees, mataa hindhiqatu, qeensa hinqoratu , wayaa hinmiiccatu.

Gaafa hirpha guurratee waliin gahe jaarsolii duraan beellama qabatan beeksisee akka isa falan godha. Faluu jechuun akkaataa namni tokko balleessaa hojjete irraa qulqillaa'u. Kan booda namichi nama aijeesee loon shan(raada tokko, jibicha sadifi dullacha tokko) qopheessa. Loon shan kana keessaa raada tokko bakkeetti ari'u. Raadattii deegaatu fudhata. Jibicha tokko ammoo niqalu. Kan qalu warri namni jalaa du'e. Ennaa jarri qalan namichi inni aijeesee, akka isaan arganii itti hinrifanneef jecha gonfoo mataatti keewwatee gaafa jibicha qalamuu qabaaf.

Akkuma morma jibichaa gora'aniin, namichi nama ajeese gara lagaa deema.

Erga gaafa harki isaa xuraa'eetii waan qaama isaafi wayaa isaa hinmiiccanneef, waan qeensa hinqoranneef, guugni(ogeessi) rifeensa mataarraa haada, qaamas dhiqeefii qeensallee irraa qora. Namichi wayyaa haaraa jijiirratee namootatti makama.

Warri namni jalaal du'e hirpha inni ajeesee lammii kadhatee fide, farda tokkoofi jibicha lamaan hafan keessaa isa tokko fudhatee gala. Warri ajeese ammoo jibicha isa hafe fudhatee gala. Farda aantee gumaa nyaatetu yaabbata. Qarshii garuu lammii namicha du'eetu hirmaata.

Kanaan booda, warri ajeese fira namicha du'eetti jaarsa erganii waamu. Warri namni jalaal du'es nidhufu. Loon shanan keessaa dullachi hafe sun akka qalamu dhihaata. Ossoo dullachi hinqalamiin buqqee(wullee) duudaa fidaniiti uru. Warri gama lamaanuu buqqee unaniiti "Hadhaahaan baate," jedhu. Bishaan qulqulluus fidanii unaniiti" Walitti mi'oofne," jedhu. Sana booda dullacha sa'aa sana dhaabaniiti akka wal hinilaalle garanaafi garasiin uffata dhiisanii daheessu. Garaa dullacha sanaa jalaanis harka walqabataniiti waleebbisani walgadhiisu. Dullachi sa'aa sunis niqalama. Sanaan mayeessa mar'imaan dullachaa baasaniitu lafa kaa'u. Foon isaa nikochisu. Warri gama lachanuu foon isa kochifame barruu harkaatti guuttatanii taa'u. Warri ajeese dirriba bitee fideetu gareen karaa lamaanuu walcinnaa taa'anii gonfatuu. Foon barruu harkaa guuttatan sanas dirriba waliin gonfataniitu harka waliirraa nyaatu. Dirribni isaan waliin uffatan kan warra firri jalaal du'ee ta'a. Bariituu isaa mar'imaan dullachaa kan lafa kaa'anii turan fidaniiti isa keessaan harka walqabatu. "Mar'imana taane; walitti deebine." jedhanii waleebbisu. Sana booda mana walii dhaqaniiti jibichoota gaafa duraa addan hiratani galan walii qalanii wajjin nyaatu. Faloon baate, jarri fira ta'an, mana walii lagachuufi harka walii lagachuun hinjiru jechuudha.

B. Jechoota armaan gadiif hiika kenni.

- | | |
|----------------------------|--------------|
| 1. harki isaa xuraa'aadha. | 2. hirpha |
| 3. durba | 4. cancalaan |
| 5. mar'immaan | 6. dhise |

**Gilgaala 4:****Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gaaffiiwwan armaan gadii gareen hojjedha.

1. Seerri Gadaa inni dur “Namni beekaa nama ajjeesee haadu’u,” jedhu osoo itti fufeem moo otoo hafee filattu.
2. Naannoo keessanitti akkaataa gumaan itti geggeeffamu qoradhaati dareef dhiheessaa.

Barannoo 2: Caasluga**Gilgaala 5:****Bamaqaa iyyaafannoo**

Jechoonni armaan gadii bamaqaalee iyyaafanoodha. Jechoota kana himoota itti aananii dhufaniif filiiti bakka duwwaa guuti.

Enyu, kam, maal, yoom, meeqa, hammam, eessa, yoom, maaliif

1. Har'a moo _____ dhufta?
2. Dubbisuun _____ nama gargaara?
3. Wantoonni barataaf barbaachisan _____?
4. Ani hoo kanan jedha ati isa_____?
5. Kan fuula dura dhaabataa jiru _____?
6. Gabaa Shaambootti sangaan tokko _____?
7. Waajirri biyyoota Gamtoomanii _____?

Barannoo 3: Barreessuu

Addunyaa kana keessatti wantoota barreffaman keessaa irri jireessi barreefama ibsaati. Fakkeenyaaaf, barreffamoonni barnootaa hedduun isaanii barreeffama ibsaati.

Gosni barreffama kanaa addunyaa barnootaa keessatti nama biraan hinhusu. Kaayyoon barreffama kanaa inni guddaan lamaan beekumsa kennuufi qajeelcha kennuudha.



Gilgaala 6:

Barreffama Ibsaa Qopheessuu

Keeyyanni armaan gadii fakkenya barreffama ibsaati. Dubbisiti keeyyaticha akka fakkenyaatti fudhachuu keeyyata ibsaa barreessi

Biyya biraattis haata'u biyya keessatti uummanni sababa adda addaatiin godaana. Biyya tokkoo biyya biraatti uummanni akka godaanuuf sababni inni duraa dinagdeedha. Godaansi dinagdeen godhamu umrii wajjin walqabata. Sababa kanaan kanneen godaanan humna oomishuu danda'an dargaggeeyyiidha. Akkasumas tajaajila garagaraa kanneen akka barnoota, fayyaa, bishaan barbaacha biyya tokkoo biyya biraatti kan hedduminaan godaananis warruma kana. Godaansi akkasii ammoo kan itti godaanamu caalaa kan irraa godaanamu hedduu miidha. Sababni isaas, humna calla oomishuu danda'utu dhabama waan ta'eef. Kana malees, namoota barumsaafi dandeettii qaban godaansaan biyyirraa godaanamtu akka dhabdu taasisa. Waan kana ta'eef, biyyirraa godaanamu karaatti humna callaa oomishu kun hojjeteetee dinagdeefi hawaasummaa biyyattii guddisuu danda'urratti mala dhahuu qaba.

Keeyyanni armaan olii keeyyata ibsaadha. Kaayyoon isaa sababoota godaansa uummataa ilaalchisee beekumsa kennuudha. Kanaaf ammoo sababoota ykn haqoota garagaraa tarreesseera. Keeyyata armaan olii fakkenya godhachuu dhimma beektu tokko, nama barsiisa jettee kan yaaddu filachuun keeyyata ibsaa tokko barreessi.

Boqonnaa 17: Mootummaan Maalii

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- yaada ijoo dubbisaa hubatta.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin kennita.
- barreffama mormii(amansiisaa) qopheessita.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiwwan ramaan gadii lama lamaan hojjedhaa.

1. Waa'ee mootummaa maal beekta?
2. Mootummaan nama moo, sirna moo biyya?
3. Mootummaa tokko maal maal fa'itu ijaara?
4. Hiika jechoota armaan gadii tilmaamaa.

diimokiraasi

sirna

qeeqa




Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

- A. Caasaa yaadaa armaan gadii barreffamicha dubbisiiti guuti.

Qaamolee mootummaa



Mootummaan Maali?

Namni tokko yeroo tokko pirezidaantii biyya tokkorraa erga badhaasa fudhateen booda, "Mootummaan ijaan arge! Mootummaan ijaan arge!" jedhee sagalee ol fuudhee waltajjichumarratti iyye. Mootummaan ijaan argamaa? Namoonni tokko tokko mootummaa jechuun pirezidaantii, mootii, ykn dura taa'aa biyyaadha jedhanii yaadu. Kana malees, mootummaan qaama gararraa taa'ee of jalatti uummataa to'achuuf Waaqayyo irraa imaanaan itti kennamee kan muudame waan inni jedhe dhugaa; waan inni godhe sirrii warren see'an baay'eedha. Jarreen kun garuu hubannoo dogoggoraati.

Mootummaa jechuun sirna ittiin bulmaataati. Sirni mootummaa kun bakka lamatti qoodama. Isaanis, tokko, nagaa uummataa, mirga namootaa, hariiroo namoota gidduu jiru hojjirra oolchuuf dhiibbaa aadaa akka meeshaatti kan fayyadamu. Inni lammataa, caasaa hammayyaa seeraafi heera tumame raawwachiisuuf adaabbii murtaa'ee barreeffamaan lafa taa'etti kan gargaaramu. Barreeffamni kun sirna isa lammaffaarratti xiyyeffata.

Mootummaan akaakuu sadii qaba jedhameeti amanama. Tokko mootummaa mootii tokko qofaatiin aangoo waan hunda sirreessuu walitti qabee of harkatti galchu ("monarchy") jedhama. Inni lammaffaan, mootummaa bittaa namoota muraasaati("aristochracy"). Inni sadaffaan, mootummaa bulchiinsa bakka bu'oota uummataa("democratic") jedhamu. Akaakuuwan mootummaa sadan kun gabaabummatti mootummaa diimokiraatawaafii diimokiraatawaa kan hintaane jedhamanii bakka lamatti qoodamuu nidanda'u. Ija kanaan kanneen armaan olitti jalqabarratti dhufan lamaan mootummaawwan diimokiraatawaa hintaane jechuudha.

Mootummaan kamiyyuu yeroo dhaabbatu bu'uuraalee uummanni jirenya isaarratti hundeesse, tokkummaafi birmadummaa isaa diina alaarraa tiksuum, nageenya fooyya'inaafi guddina jirenya uummataa faaraan gaggeessuuf, qunnamtii uummanni of keessatti waliin qabu, mirgaafi dirqama wajjin seeraan murteessee bulchuuf itti gaafatama fudhateeti jedhameeti amanama. kana fiixaan baasuufi, akka qeeqxonni siyaasaa eeranitti, qaamolee gurguddaa

sadiitu jira. Isaanis, seertumaa, seerhiikaafi seera raawwachiisaadha.

Akka hayyooni kun jedhanitti qaamni mootummaa inni seertumaan paarlaamaa guutuu biyyaa yookaan mana mareeti. Paarlaamaan yookiin manni maree kun gumii bakka bu'ota uummataati. Gumiin kun caasaa mootummaa keessatti qaama olaanaadha. Gumiin kun seera tuma. Seerri qaamni kun baasu qabbantii, nagaa, dagaagina misoomaafi fooyya'insa jirenya uummata bakka isa buufatuuf kan tolu. Akkasumas warra bulchiinsaafi seera eegsisu irratti bobba'an kan to'atu ta'a. Qaamni kun akka irraa eegamutti imaanaa uummataa kan bakkaan ga'u garuu mootummaa diimokiraatawaa ta'e keessatti.

Qaamni mootummaa inni seerhiikaa jedhamu ammoo aangoo qabeeyyii seera tumamerratti hundaa'anii murtii kennufi seera qorachuurratti bobba'an hunda kan of keessatti haammatu. Fakkeenyaafi abbaan seeraafi abban alangaa warra seera hiikani. Warri kun murtii dabarsuu malee murtii hojiirra oolchuu hindanda'ani. Kun itti gaafatamma qaama seera raawwachiisuu kan akka poolisiifi warra bulchiinsarratti bobba'aniiti. Qaamni mootummaa kan seera raawwachiisa jedhamee beekamu hojii mootummaa fiixaan baasuuf itti gaafatama guddaa qaba jedhamee amanama. Dalgaawan qaama kanaas nagaa uummataa eeguu, seeraafi heera duukaa bu'ee raawwachiisuufi murtiwwan seerhiiktotaan darban hunda hojiirra oolchuudha.

Mootummaan ijaarsa yookaan sirna ittiin bulmaataa kan namootaan uumamu haata'u malee mootummaa uummataafi mootummaa kan uummataa hintaane. Mootummaan uummataa mootummaa dimokiraatawaaadha. Mootummaa dimokiraatawaan dorgommii walaba ta'een uummanni bakka bu'ota isaa filatee akka isa bulchaniif aangoo imaanaadhaan itti kenne uummanni gaafa barbaade ammoo deebisee harkaa fudhata. Mootummaa dimokiraatawaa harkaan dhaabe uummanni buqqisuu, fooyyessuufi jijiiruu nidanda'a. Seerri mootummaan kun tumus kan fedhii uummataarraa madduufi kan uummanni qooda keessatti fudhatu.

Aangoon uummata diimokiraatawaa ta'e kan maddu uummatarraa waan ta'eef, mootummaan uummataa gadi malee uummataa ol miti. Mootummaan akkanaa

seera tumeef kan bulu waan ta'eef olaantummaan seeraa sirna kana keessatti kan mirkanaa'e. Aangoo qabeeyyonni seeraa gaditti bulu. Mootummaan diimokraatawaa aangoo kan qabatus kan gadi dhiisus karaa nagaani. Kanaaf mootummaan dimokiraatawaa mootummaa uummataa jedhama.

Mootummaan kan uummataa hintaane ammoo mootummaa sirna bittaarratii hundaa'e. Mootummaan sirna bittaa kan aangoorratti bahus, kan aangooraa bu'us humnaani. Kana waan ta'eef mootummaan sirna bittaa tooftaa ittiin aangoorra bulu mijeffachuuf malee fedhii uummataaf dhimma hinqabu. Mootummaan akkasii uummataa kan bulchu dhiitee sodaachiseeti. Mootummaan sirna bitta qabeenya biyyattii gara caalu kan oolchu humna waraanaafi humna basaasaa ittiin of eegu ijaaruuni. Mootummaa kana biratti yaanni uummataa fudhatama hinqabu. Mootummaan kun seera tumuuf waan aangoo-qabeeyyiin caasaa mootummaa keessa jiran waan hinbitamneef olaantummaa seeraa hinkabaju. Kanarraa kan ka'e, uummataa birattis fudhatamaafi kabaja hinqabu. Mootummaan akkanaa fincila uummanni irratti kaasuun yeroodhaan booda burkutaa'uun isaa waan hinoolle haata'u malee guddina biyyaa baay'ee boodatti hambisuu danda'a.

B. Jechoota himoota armaan gadii keessa jiran haala galumsa isaaniitiin hiika isaanii kenni.

1. Maatiin keenya yeroo waan hundaan barnoota keenyarratti nu deeggaran imaanaa nurra kaa'aa jiru.
2. Mukni gogee adeemsa keessa ni burkutaa'a.
3. Sooressi of hinbeekne hiyyeessa qabeenya isaa see'a.
4. Gumiin Caffee Oromiyaa dhimoota ariifachiisaarratti marii adeemsise.
5. Gumiin Caffee Oromiyaa abbootii seeraa 150 kaleessa muude.

**Gilgaala 3:****Shaakala Dubbisa Boodaa**

Mata-dureewwan armaan gadii keessaa kan feetan filadhaati irratti walfalmaa.

1. Mootummaa diimokiraatawaa humni poolisii isa hinbarbaachisu.
2. Sirna mootummaa diimokiraatawaa keessatti burqaan aangoo mootummaarraa malee uummatarraa hinmaddu.

Barannoo 2: Barreessuu

Duraan dursinee waa'ee amansiisa hubannoo tokko qabaachuun barbaachisaadaha. Amansiisuu jechuun namoota biroo yaada ofii fudhachiisuu, yaadaan moo'achuu, yaada namootaa gara yaada ofiitti fiduu jechuudha. Yaanni keenya yaada nama biroo waliin tokko yoo ta'e keeyyata amansiisaa barreessuu hinbarbaachisu. Garuu, yeroo hedduu namoota waliiin yaadaan walii galuu dhabuun nijira. Dubbistoota akkanaa amansiisuuf egaa kan nuti barreeffama amansiisaa barreesinu. Namoota amansiisuun salphaa waan hintaaneef ragaaleefi sababa cimaa ta'een barreeffama keenya ijaaruun barbaachisaadha.

**Gilgaala 4:****Barreeffama Amansiisaa**

Keeyyata armaan gadii dubbisiiiti ragaalee ittiin ijaarame baasii barreessi.

Abidda Sana Dhaamsi!

Eenyuyyuu kan bosonatti gargaaramu abidda bosonarra badii geessisu ittisuutu itti jiraata. Kunis kan jedhamu sababa adda addaaf. Tokkoffaa, abidichi erga qabatee babala'ateen booda balleessuuf yeroofi qarshii baay'ee nama gaafata. Lammaffaa, abiddi sun mukkeen akka gaariitti nama fayyadan balleessuu waan danda'uuf. Irra caalaammoo, abiddichi, bineensonni bosonaa akka dhumaniifi galmi isaanii gubatee akka badan waan godhuufi. Akka qorannoowwan adda

addaa ka'anitti, yoo hundumtuu balaa kana ittisuuf warraaqe, addunyaa kanarratti, waggaa tokko keessatti, abiddi bakka adda addaatii ka'ee bosona balleessu daran nixiqqaata.

Ragaalee:

- a.
- b.
- c.
- d.
- e.



Gilgaala 5: Keeyyata Amansiisaa Barreessuu

Keeyyata armaan olii akka ka'umsaatti fudhachuun mata-dureewwan armaan gadiitti kennaman keessaa tokko filachuun keeyyata amansiisaa(falmii) bareessi. Erga barreessiteen booda dareef dubbisiiti barattoota yaada kee morman amnsiisuuf yaali. Yogguu barreessitu casaalee keeyyati itti barreeffamu akka hindaganne.

- a) Aadaan faranjiirraa ergifachuuf tattaafannu ofirraa nu fageessa.
- b) Baay'inni uummata Itoophiyaas ta'e addunyaa hedduu nama yaaddessa.
- c) Hammam qormaanni baay'atuufi dheeratullee namni abdii hinkunne ni moo'a.
- d) Namni barate nama hinbarannerra waan hedduun caala.

Boqonnaa 18: Waaltina

Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti:

- dhaamsa dubbisaa hubatta.
- hiika jechoota haaraa himta.
- durduubeefi akaaku isaa adda foota.
- akkaataa kitaaba waabii itti gargaaraman addan baafatta.

Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu



Gilgaala 1:

Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiwwan armaan gadii lama lamaan hojedhaa.

1. Namoonni ‘eecha’, ‘eessa’fi ‘eeyisa’ jedhan si qunnamanii beekuu?
2. Kitaabilee barnootaa keessatti irra caalaa kamtu hojirra oolaa jira?
3. Waa’ee waaltinaa dhageessanii beektuu?
4. Hiika jechoota kanaan gadiirratti mar’adha.

looga waaltina qooda



Gilgaala 2:

Shaakala Yeroo Dubbisuu

Gaaffiwwan armaan gadii osoo dubbisichatti hinseeniin dura sirriitti qalbeeffadhuuti yeroo dubbistu deebisi.

1. Hayyuu afaanii kan ta’e, Hudson, waa’ee afaan waaltessuu maal jedhe?
2. Ulaagaaleen afaan waaltessuu maal maal fa’i?
3. Jechi “waraabessa” jedhu bakka gara garaatti looga jahaa oliin akka itti gargaaramamu dubbisichi nikaa’a. Ati isa kamtu ta’uu qaba jetta?

Waaltina

Uummanni afaan tokko dubbatu baay'inarraa kan ka'e bakka garagaraatti bobba'uu nidanda'a. Bakka bobba'ee jiru sanatti afaanuma tokko keessaatti adeemsa yeroo keessa looga gara garaa uumuu nidanda'a. Akka Tamsgeen Nagaasaa(1990:107), barruu waaltina Afaan Oromoo, Wiirtuu irratti ibsetti, loogni sadarkaa sagalee, sadarkaa dhamjechaa(latii)fi sadarkaa jechaatti mul'achuu nidanda'a.

Fakkeenyaaaf, sadarkaa sagaleetti, akka qorannoo barruu armaan olitti eerameetti, jecha dhufe/'ufe jedhu fudhannee ilaaluun nidanda'ama. Jecha kana keessatti, ragaan inni jalqabaa loogawwan baay'ee keessatti /dh/ yoo ta'u looga tokko tokko keessatti ammoo // ta'ee argina. Sadarkaa jechaatti ammoo, jechi farda jedhu yeroo danaa'u bakka gara garaatti dhamjechoota hirkatoo gara garaa kanneen akka {-oo, -een}, maxxanfachuu danda'a. Kana jechuun, bakka tokko tokkotti faradoo, bakka birootti ammoo fardeen jedhamuu danda'a jechuudha. Sadarkaa jechaattis adda addummaan loogaa kun mul'achuu danda'a. Fakkeenyaaaf, jechoonni armaan gadii waan tokko ibsu.

A

B

handarii	waraabessa
gugee	wareebessa
bullaallaa	halaala
makodiii	hobolaa
waanee	majaa
saphaliisa	waraboo

Jechoonni "A"fi "B" jala jiran kun waanuma tokko bakka bu'u. Jahaan isaaniiyuu fayyadamuu hedduu rakkisaadha.

Ragaalee ibsamaniiif kkf irraa kan ka'e, loogni naannoo tokkotti dubbatamu bakka biraatti haaraa nita'a. Yeroo afaanichi afaan barnootaa, afaan hojii,

afaan sabquunnamtii ta'utti loogawwan sadarkaa gara garaati dhufan hundatti fayyadamuun waliigalteerratti dhiibbaa fida. Fakkeenyaaaf, "Tisiisni fayyaa namaaf badaadha" himni jedhu kitaaba barnootaa tokko keessatti barreeffamee argame, Wallaggatti nama naasisa. Sababni isaa jechi "badaa' jedhu achitti eeyyentaa, gaarii hiika jedhu qabaachuu waan danda'uuf. Tisiisni ammoo garummaa hinqabdu. Gara Baha Oromiyaatti garuu "gadhee' jechuudha. Kun egaa wal hubatanii qajeeltootti barachuufis ta'ee hojii gaggeessuuf kolkuu yookiin walitti bu'insa uuma. Rakkoo kana hiikuuf ulaagaan jiru afaan sana waaltessuudha.

Waaltessuun hojii salphaa miti. Hundumtuu gara kan ofii ofii isaatti harkifachuu danda'a. Suni ammoo garaa garummaa bal'isa malee tokkummaa hinfiidu. Kanaafuu, hayyichi Hudson(1980:23) kitaaba isaa "Socio-Linguistics" jedhamu keessaatti, guddina afaanii keessatti hawaasni ta'e jedhee (beekaa) tarkaanfii rakkoo akkasiirratti yoo fudhate akka sirraa'u ibsa. Kana jechuun hawaasni tokko tarkaanfii ifatti mul'atu yoo fudhate afaan waaltawa jechuudha. Haala kanaan sabni tokko looga hojiif danqaa ta'e dhabamsiisa. Kana jechuun garee hawaasaa sana keessaa loogni sun nidhabama jechuu osoo hinta'iin looga isaatiin garee isaa wajjin walii galaa isa waaltinaa'een ammoo saba isaa walii walii gala jechuudhaafi.

Afaan akka waalta'uuf ammoo hayyooni qooda guddaa qabu. Afaan tokko waaltessuuf hayyooni caasaa afaanichaa qoratanii ifaa ifatti beekuu qabu. Ulaagaaleen hojii isaanii kana ittiin gamagaman lafa kaawwachuun ammoo dirqama isaaniiti. Afaan waalta'us ulaagicha keessa darbee sirraa'uu qaba. Ulaagaan inni tokko looga waltinaa filuudha. Loogni filatamu ammoo kan hunda hammatu yookiin namoota hedduu biratti kan beekamu, caalaatti guddina kan ariifachiisuufi caalaatti looga adda addaa kan walitti makate ta'uu qaba. Ulaagaan inni lammataa sirneessuudha. Looga filatame sana lafa qabsiisuuf, galmee jechootaa, barruulee qormaataa qopheessuun ijaaruun barbaachissadha. Loogni haala kanaan filatame barreessuurratti itti

tajaajilama. Ulaagaan itti aanu harbaqeessuudha. Kun looga filatame sana hunda kanneen akka mana barumsaa, mana murtii, barreeffamoota og-barruu, qorumsa, sabqunnamtiwwan, hojii kkf. keessatti akka tajaajilu gochuudha.

Inni arafaffaan, fudhatama qabaachisuudha. Afaan waalta'e, saba afaan sana dubbatuun fudhatamuu qaba. Afaan biyyi ittiin walii galu taanaan akka meeshaa cimaatti nama walitti fida; tokkummaa fida; waliigala goobsa. Humna tokko taasisa. Inni shanaffaan, karooraan hirmaannaa hayyootaa keessumattuu hayyoota afaanii murteessaadha. Seera afaanichaa ifa baasanii barumsaafi hojii adda addaaf tolchuu qabu. Kanuma ilaachisee mata-duree "Diglossia" jedhu jalatti kitaabni "The Linguistics Encyclopedia" (1995:99) jedhamu "... sabni, haalli afaan waalta'e isa feesisu yeroo dhalatu... yeroo kana afaan karoorsuun calqabama. Kunis unka tokko dhiisanii kan biroo filachuu fida," jedha. Kanarraa kaanee haala keessa darbine yoo ilaalle, Afaan Oromoo harka caaluun rakkina kana keessa darbeera. Maqaaleen ji'aa, torbaniifi tibbaa waalteffamanii karaa tokko tajaajilaa jiru Wiirtuu(Caamsaa, 1995:63-69) ilaali.

Kaayyoo waalteessu fiixaan baasuuf kitaabni adda addaa bal'inaan harka namaa galaa jiru. Kunis bu'aa guddaadha. Barreeffamnis karaa tokkoon deemuun guddina afaanichaa ariifachiisa. Kunis haala gaariidhaan wal qabachaa jira. Waluma duraan qorannoo cimina qabuun akkuma looga jechaa loogni barreessuu isaas, tokko ta'uun qaba. Kanas fiixaan baasuuf barruuleen Wiirtuu (Caamsa, 1996:6) jedhamtu qormaata Afaan Oromoorratti godhamaa jiran beeksisuufi Afaan Oromoo waaltessuurratti akka xiyyeffatte ibsiti. Barruuleen akkanaa qormaata irratti yoo hundaa'e, yoo beektota muuxannoofi dandeettii qabaniin qophaa'e bu'aa qaba. Xiyyeffannaan Wiirtuu waaltina afaan Oromooti. Kaayyoodhaan karooraan barreeffama waalteessuun, dammaqinaan duukaa bu'uun waan dagatamu miti. Afaan qorachaa ittiin hojechaa guddisuun barbaachisaadha. Yoos kan hafe guutuu danda'a.

B. Jechoota “A” jala jiraniif “B” jalaa hiikaan kan walfakkatu filuun walitti firoomsi.

- | A | B |
|-----------------|------------------------------|
| 1. bobba'uu | a. caasaa afaanichaa ijaaruu |
| 2. harbaqeessuu | b. galmaan |
| 3. looga | c. tajaajilarra oolchuu |
| 4. ulaagaa | d. tamsa'uu, deemuu |
| 5. fiixaan | e. gabbisuu, guddisuu |
| 6. damaqina | f. safari |
| 7. sirneessuu | g. garaa garummaa |
| 8. goobsuu | h. si'aayina |



Gilgaala 3:

Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwan armaan gadii lama lamaan hojjedhaa.

- “Afaan yoo waalataahuu baate rakkoo hinqabu,” nama jedhu tokko maal maal fa'i jettee amansiifta?
- “Afaan Oromoo looga gara garaa hedduminaan waan qabuuf waaltessuun hindanda’amu” maal jettee dogoggora isaa kana amansiifta.

Barannoo 2: Caasluga



Gilgaala 4:

Durduubee

Himoota armaan gadii keessatti jechoota durduubee mul'isan lama lama ta'aa addan baasiiti barreessa. Sana booda garee barataa afur qabuun deebbi lama lamaan hojettan waliin madaalaa.

- a) Akka haadhaa kan namaaf ta'u hinjiru.
- b) Tattaaffiin lammii wajjinii nama jajjabeessa.
- c) Akka qalbii humni booda hindhufu.
- d) Gorsi firarraa nama ijaara.
- e) Sibiilaan sibiila qare.
- f) Namni durii gaachanaan eebboo ofirraa qolata.
- g) Ilmi abbaarraa safuu bara.

Durduubeen garee jechootaa keessaa isa tokko. Garee jechootaa sababni itti ta'eefii miseensota gara garaa ofitti fudhachuu waan danda'eef. Tajaajilli durduabee inni ijoon tajaajila caaslugaa agarsiisuu malee qabiyyee ofii isaa qabaatee hima keessatti tajaajiluu miti. Durduubeen ammoo of danda'oofi hirkatoo ta'uu danda'u. Mata-duree armaan gadii jalatti isaan kamittu of danda'oofi hirkatoo akka ta'an addan baasun ilaalta.

Durduubeen bakka hima keessatti qabatuun qoodamuun nidanda'a. Jechi durduabee jedhu kan dhufeyyuu bakka inni qubatee hima keessaatti tajaajila kennurraati (dura ykn duuba maqaa kaanii kan dhufu jechechuudha). Gilgaala armaan gadii keessatti durdubeewwan duraafi duuba maqaa dhufan addaan baasta. Durduubeen dura maqaa miiltoo isaanii dhufan durga yeroo jedhaman kan booda dhufan ammoo duubga jedhamu.

**Gilgaala 5:****Shaakala Gosoota Durduubee**

Himoota armaan gadii keessatti durduubee dura yookiin duuba addaan baasii barreessi.

- Qamaleen mukarra teessi.
- Guyyoon Booranatti dhalate.
- Naanahiin na bira teessi.
- Qurxummiin bishaan keessaa baate.
- Qurxummiin garaa bishaanii keessatti wal ilaalti.
- Ani of taanaan waa'ee nama biroo dhimma hinqabu.
- Baaccuun mana boroo qullubbii dhaabbatte.
- Akka Waaqasaati deema.
- Daafii isaa kana hunda taane.

**Gilgaala 6:****Durduubee Hirkatoofi Of Danda'oo**

Gilgaala 5keessatti kan hojette durduubeewwan hirkatoofi of danda'oo nijiru.

Himoota gilgaalicha keessaatti durduubee of danda'oofi hirkatoo foo'i.

Barannoo 3:Barreessuu**Gilgaala 7:****Kitaabilee Waabii**

- Yaada kitaaba nama birooraa fudhattee beekta?
- Kan namaarraa fudhachuu kee akkamitti agarsiifte?
- Yaada kitaabarraa fudhatte akkamiin agarsiifta?

Mata-duree armaan olii keessatti maqaan hayyuu, kitaabniifi barruun yaadi irraa fudhatame dhiyaateera. Addunyaa barnootaa keessatti yaada hayyuu tokko, yaada kitaabaafi barruu tokkoo, hayyuu sanafi kitaaba inni barreesseefi fuula irraa yaadichi fudhatame otoo hinibsiin callisanii fudhachuuun akka hannaatti lakkaa'ama. Karaa kun itti dhabamsiifamu ni jira. Innis miijaleefi wabii barreessuudhaani.

Dubbisicha keessaatti kanneen maqaan hayyuu, maqaan kitaabaa, maqaan barruu, waggaafi fuulli isaan itti dhiyaatan kan ibsame yaandonni achirraa fudhatamuu agarsiisuuf. Kun egaa miijalee jedhama.

Fakkeenyaaaf: Tamasgeen (1990:107)

Tamasgeen : maqaa barreessaa

1990: wagga

107: fuula barruu odeeffannoon irraa fudhatamee

Kana malees, lakkofsa barreeffama keessatti erga kennaniin booda dhuma kitaabichaarratti kitaabnii, barriifi fuulli irraa kitaabichi barreeffame kaa'uun miijalee barreessuun nidanda'ama. Inni kun ogummaa kanaan dura tureefi ammallee bakka bakkatti itti gargaaramani.

Inni sadaffaan waabii barreessuudha. Yeroo waabii barreessan odeeffannoo siriitti kaa'uun hedduu barbaachisaadha. Sababni isaa namni barreeffama keenya keessatti yaada hayyuu tokkoo argee itti tolee yookaan yaada bal'aa irrraa argachuuf barreeffama hayyichaa, wagga itti maxansame, mana maxxansaa, kkf argachuuf qaba. Wabii keessatti mata-dureen kitaaba tokkoo gurraacha'uun qaba yookiin ammoo jala sararamuu qaba. Wabiin yeroo taa'u, maqaan nama kitaabicha barreessee tartiiba qubeetiin taa'a.

Hudson, R.A. (1980). **Sociolinguistics**. Cambridge: Cambridge University Press.

Kana malees, yeroo waraqaa qorannoo qopheessinu bar-gaaffii, af-gaaffii mirkanama(check list), habuuruu fa'i yoo qopheessinu dhuma waraqichaarratti kaa'uun barbaachisaadha. Kun ammoo miiltoo(appendix) jedhama.

JIBSOO

Bamaqa (pronoun)	bakka maqaa bu'uudhaan tajaajila maqaa kan kennu.
Buusaa (stanza)	Tuuta sararoota walaloo yaada tokkorattii xiyyeefatan.
Dandeettii	shaakala walirraa hincinneen osoo hintaane irraa caalaa kennaa uumamaatiin kan argamudha.
Dhamjecha (morpheme)	qaama xiqqaa afaanii hiika qabeessa ta'edha.
Dhamsaga (phoneme)	jechoota 'dhamaafi sagalee' jedhamanirraa adeemsa suphuutiin uumamuun tajaajila sagaloota Afaan Oromoo agarsiisuuf gale .
Durduubee /firoomsee/ (adposition)	dura ykn duuba gaalee maqaa galuudhaan wal-hidhiinsa inni garee jechootaa kanneen biroo waliin qabu agarsiisa.
Eemiti(paradox)	Yaadota walmorman fakkaatan garuu yommuu sirriitti xiinxalamu kan walhinmormine.
Gaalee (phrase)	wal-hammannaajechootaa kan hojii tokkoof dhaabatanidha.
Gochibsa (adverb)	Afaan Oromoo keessatti gochima dura galuudhaan gochima, maqibsafi gochibsa biroo kan ibsudha.
Gochima (verb)	jecha haala ykn gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko agarsiisudha.
Kutimoomsa	akaakuu maqibsaa ta'ee qaama kuitimaa keessatti kan argamudha.
Haala raawwii (aspect)	tajaajila caaslugaa kan haala waan tokko itti raawwate agarsiisudha.
Habalaka(Irony)	Yaada tokko faallaa waan jechuu barbaadaniin ibsuu.
Jecha diigala / tishoo / (compound word)	jechoonni lamaafi isaa ol walitti dhufuudhaan akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika duraan qabanirraa hiika addaa tokko yammuu argatanidha.
maalomsa	akaakuu maqibsaa ta'ee daangaa matimaa keessatti kan argamudha.

Maqibsa (adjective)	Afaan Oromo keessatti maqaa booda dufuudhaan waa'ee maqaa sanaa odeeffannnoo dabalataa kan kennudha.
Moggoo (synonym)	jechoota hiika wal-fakkaatan qaban.
Ogumma	shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farda gulufsiisuu) kan gonfatamudha.
Xinsaga (phonetics)	saaynsii akkaataa darbiinsa sagalee dubbii, dhageettii sagalee dubbii fi uumamsa sagalee dubbii qo'atudha.